# XIINXALA QABIYYEE AF-WALALOO GEERARSA OROMOO MACCAA: GODINA WALLAGGA LIXAA AANAA BOOJJI DIRMAJII

DAMMITUU AAGAA LAMUU

YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJJII NAMOOMAA
QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# XIINXALA QABIYYEE AF-WALALOO GEERARSA OROMOO MACCAA: GODINA WALLAGGA LIXAA AANAA BOOJJI DIRMAJII

DAMMITUU AAGAA LAMUU

GORSAAN: TAADDASEE JAALLATAA (PhD )

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA
KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE

**Yuuniiversitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraa Boodaa**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu barsiiuun guuttachuuf, Dammituu Aagaa Lamuu, mata duree: *"Xiinxala Qabiyyee Af- Walaloo Geerarsa Oromoo Maccaa: Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojji Dirmajii"* sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

**Koree Qormaataa:**

Qoraa alaa ------------------------------------ Mallattoo ---------- Guyyaa----------

Qoraa keessaa ---------------------------------- Mallattoo ---------Guyyaa ------------

Gorsaa ------------------------------------------ Mallattoo ----------- Guyyaa ------------

--------------------------------------------------------------------------------------------------

Itti gaafatamtoota muummee ykn qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa(MA)

## *Axereeraa*

*Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu kayyoo mataasa qaba.Kaayyoon qorannoo kanaas xiinxala qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa irratti xiyyeeffata. Barruuleen qorannoo kana faana walittii dhufeenyaa qabaniis sakatta'amaniiru.ka'umsi qorannichaa af-walaloon geerarsaa ilaalcha amantiifi qaroomina ammayyummaan haphachaa dhufuufi af-walaloon geerarsaa barreeffamaan dhabamuu isaati. Kanaaf rakkoon gama kanaan jiran attamitti hafuu kan jedhutu ishee kakaase. Qorannoon tokkos mala ittiin adeemsifamu qaba. Malli qorannoo kun ittiin adeemsifames mala akkamtaati. Gosni qorannoo kanaas qulqulleeffataa yoo ta'u iddattoon itti dhimma bahames idattoo akkayyooti. Maddi odeeffannoo qorannichaas warreen odeeffannoo laatan maanguddoota af-walaoo geerarsaa irrattim uuxannoofi beekumsa qaban aanaa Boojji Dirmajii keessa jiraataniidha.Meeshaalee funaansa ragaa qorattuun itti fayyadamtees a-fgaaffii, marii gareetiifi daawwnnaadha. Ragaalee xiinxalaman kanneen bu'uureffachuun argannoowwan armaan gadii qorannoo kanaan bira ga'ameera .Isaanis,Geerarsi afoola afaaniin (sagaleen) ibsamuufi gochaanis raawwatu ta'ee,aadaa Oromoo keessatti dur geerarsa kan geeraru dhiira qofa akka ture qorannoo kanaan mirkanaa'eera; Geerarsi caasaa ittiin dhiyaatu seensa,qabiyyee ibsuufi golaaba akka qabu hubatameera. Geerarsi waltajjiilee miir-gammachuu ibsan irratti kan dhiyaatu ta'uu ; afoolli kun beekumsa hawaasaaf ijaarsa hawaassummaaf,xiinsammuu hawaasaaf, aadaa hawaasichaallee ijaaruuf akka faayidaa qabu bira ga'ameera.; Geerarsi Oromoo hurrubummaa isaatiin kan qoomniitti dhiyaatuufi kan jamaa keessatti dhiyaatutti akka qoodamu Qorannoo kanaan hubatameera; Hiikawwanni wantoonni ittiin dhiyaatus haala sadoommii(dubbii qoolaa ),fakkoommiin aadaa keessatti qabaatuun kan himamu ta'uu mirkanaa'eera Dhayinoon walaloo geerarsa Oromoo Maccaa hundi birsaga torba-torba of keessaa qabaachuu bira ga'ameera;Argannoowwan bu'uura godhachuun yaboon armaan gadii qorattuu kanaan kennamaniiru.Qorattoonni garaagaraa qabiyyee af-walaloo geerarsaa karaa garaagaraatiin irratti hojjechuun barreeffamaan osoo dhiheessanii bu,aan barbaadame ni argama; Yoo ammatti ilaalcha afoolarra jiru sirreessuun dadhabamellee adeemsaan akka dhimma ofiitti fudhachuun fooyyessaa deemuun barbaachisaadha.*

# Galata

Duraan dursee waan hundaatti isa na gargaare Waaqayyoo isa fiixaan ba'iinsa naa laateef galanni koo guddaadha. Itti aansuun adeemsa hojii qorannoo koo yeroodhaa yerootti na hordofuun ,na qajeelchuun na sirreessuun;yeroofi beekumsa isaanii osoo hin qusatin ogummaa isaaniitiin nagargaaaruun hojii qorannoo kanaa kan naaf milkeessan gorsaa koo Taaddasee Jaallataa (PhD ) guddaan galateeffadha.Akkasumas hojii barnootaafi hojii qorannoo kana hojjechuu irratti jalqabaa hanga xumuraatti kan na deggeraa ture abbaa manaa koo barsiisaa Taaggasuu Gabbisaa nan galateeffadha.Itti aansuun namoota raga qorannoo kanaa walitti qabuu irratti gargaarsa naaf taasisaniif galanni koo guddaadha.Xumura irratti jalqabaa hanga xumuraatti na jajjabeessuufi kanneen biroon kan na tumsan ijoollee kootiin hedduu galatoomaan jedha.

# Jibsoo

| Afaan Oromoo | Afaan Ingilizii |
|---|---|
| Afoola | Oral literature |
| Afwalaloo | Oral poetry |
| Alkallattii | Indirect |
| Artii hawaasaa | Performing folk art |
| Duudhaa hawaasaa | Social folk custom |
| Fakkoommii | Symbol |
| Kalaqa | Creative |
| Mala iddattoo akkaayyoo | Purposive sampling |
| Mala iddattoo miti- carraa | Non probability sampling |
| Miidhagsuuf | Aesthetic functions |
| Qulqullaa’ina/Akkamtaa/ | Qualitative |
| Raagoo | Oral narrative |
| Sadoommii | Figurative speech |
| Saxaxa | Design |
| Qaamolee walaloo | Elements of poetry |
| Angii | Stanza |
| Dhayinoo | Line |
| Dhikkisa sagalee | Tone of the speaker |
| Qindaa’ina sagalee | Sound devices |
| Walunannaa sagalee | Rhyme |
| Yeedaloo | Rhythm |

# Baafata

**Qabiyyee** **fuula**


Axereeraa .................... i

Galata .................... ii

Jibsoo .................... iii

Baafata .................... iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSA .................... 1

1.1 Seen-duubee qorannichaa .................... 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa .................... 2

1.3 Kaayyoo Qorannichaa .................... 3

1.3.1 Kaayyoo Gooroo .................... 3

1.3.2 Kaayyoo Gooree .................... 3

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa .................... 3

1.5 Daangaa Qorannichaa .................... 3

1.6 Ibsa Naannoo Qorannichaa .................... 4

1.7 Hanqina Qorannichaa .................... 7

1.8 Qindoomina qorannichaa .................... 7

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU .................... 8

2.1 Afoola .................... 8

2.1.1. Faayidaa Afoolaa .................... 9

2.1.2 Gosoota Afoolaa .................... 9

2.1.2.1 Raagoo .................... 10

2.1.2.2 Af- walaloo .................... 10

2.1.2.3 Qareeyyii .................... 11

2.1.3 Af-walaloo Geerarsaa .................... 11

2.1 3.1 Haala Caasaa af-walaloo Geerarsaa .................... 13

2.1.3.2 Yoomessa Geerarsaa .................... 13

2.1.3.3 Qabiyyee Af- Walaloo Geerarsaa .................... 13

2.1.3.4 Maalummaa Malleen dubbii ........ 14
2.2 Yaaxxina Qoranichaa ........ 15
2.2.1 Yaaxxina Foormulaa Afaanii (Oral-Formulalic Theory) ........ 15
2.2.2 Yaaxxina Faayidaa ........ 15
2.3 Sakkatta'a Barruu wal fakkii ........ 16
BOQONNAA SADII : MALLEEN QORANNOO ........ 18
3.1 Irraawwatama Qorannichaa ........ 18
3.2 Madda Odeeffannoo ........ 19
3.3 Iddettoo ........ 19
3.4 Meeshaalee Funaansa ragaalee ........ 20
3.4.1 Af-gaaffii ........ 20
3.4.2 Marii Garee ........ 20
3.4.3 Daawwannaa ........ 21
3.5 Mala xiinxala ragaalee ........ 22
BOQONNAA AFUR: RAGAA XIINXALUUFI HIIKUU ........ 23
4.1 Maalummaa af-walaloo geerarsaa ........ 23
4.2 Caasaalee af-walaloo geerarsaa ........ 28
4.2.1 Seensa af-walaloo geerarsaa ........ 28
4.2.2 Geerarsa wal hrkaa fuudhuun geeraruu ........ 30
4.2.3 Geerarsa golaabuu ........ 32
4.2.4 Gosoota afoolaa,geerarsa jamaa biratti dhiyaatu waliin dhiyaatu ........ 32
4.2.5 Raawwii geerarsa jamaa biratti dhiyaatu keessaatti gochaalee eeyyamamoo ta'an ........ 33
4.2.6 Wantoota af-walaloo geerarsa jamaa keessatti dhorkaa ta'a ........ 34
4.2.7 Jalaa cookuu geerarsaa ........ 34
4.3 Yoomessa af-walaloo geerarsaa ........ 36
4.4 Qabiyyee af- walaloo geerarsaa ........ 37
4.4.1 Gosoota af-walaloo geerarsaa ........ 38
4.4.1.1 Geerarsa qoomni ........ 38

4.4.1.2. Geerarsa jamaa biratti (keessatti) dhiyaatu ........................................................ 39
4.4.2 Sadoommiiwwan (dubbiiwwan qoolaa ) walaloo geerarsaa keessaatti ........................ 44
4.5. Unka (bifa) af- walaloo geerarsaa ....................................................................... 53
4.5.1 Walunannaa unka sagaleelee walaloo geerarsaa ....................................................... 53
4.5.2 Qindaa'ina sagalee yeroo dubbifamaan unka "hin" dura galu. ................................... 59
4.5.3 Haalaqindaa'ina sagalee dubbachiiftotaa dhayinoolee af- walaloo geerarsaa keessaa 60
4.5.4 Haala qindaa'ina unka "in"walaloo geerarsaa keessaa.............................................. 61
4.5.5 Haala qindaa'ina sagalee dubbachiiftuu fi dubbifamaa jechoota daangaatokkoo (walaloo geerarsaa) keessaa.............................................................................................. 62
4.5.6 Haala qindaa'ina sagalee dubbachiiftuu xumura jechaafi dhamsaga"H" ..................... 62
4.5.7 Haala qindaa'ina dhamjecha (-tu)walaloo geerarsaa keessaa...................................... 62
4.5.8. Qindaaina dhayinoolee, dhuka fi angii af-walaloo geerarsa....................................... 64
4.5.8.1 Qindaaina dhuka walaloo geerarsaa keessaa ...................................................... 64
4.5.8.2. Aangii af-walaloo geerarsaa ........................................................................... 66
4.5.8.3 Haala wal unannaa sagaleelee dhayinooleeaf- walaloo geerarsaakeessaa............. 67
4.5.8.3.1. Walunannaa sagaleelee buufata dhayinooleerraa......................................... 67
4.5.8.3.2 Walunannaa sagaleelee gidduu dhayinoolee keessaafi yaa'awalunannaa sagaleelee bufatarraa. ........................................................................................ 69
4.5.9. Jecha tishoo af- walaloo geerarsaa keessaa ........................................................ 69
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA , ARGANNOOFI YABOO............................................... 72
5.1 Cuunfaa .................................................................................................................. 72
5.2 Argannoowwan ....................................................................................................... 74
5.3 Yaboo ..................................................................................................................... 75
Dabaleewwan.................................................................................................................. 78
Baafata Suuraawwanii......................................................................................................95

# BOQONNAA TOKKO:  SEENSA

## 1.1 Seen-duubee  qorannichaa

Afoolli dhimma afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufeedha .Afoola kan jedhamee beekamu kunis dame hedduutti qoqqoodama. Isaan keessaa durdurii,hibboo,geerarsa, faaruu loonii , urursa daa'immanii , sirba jaalalaa  , sirba gaa'elaa  maqaa dhahuun nidanda'ama.Afoolli hawaasa itti fayyadamu sanaaf bu'aa guddaa qaba.Damee afoolaa keessaa tokko kan ta'e af-walaloon geerarsaa eenyummaa saba tokkoo ibsuu irratti gahee guddaa akka taphatu himama.kanas,  Finnegan (1970 :260) yoo ibsitu ,"Namoonni dur bineensota adamsanii ajjeesuun walaloo waa'ee isaanii ibsu bifa sagalee muuziqaa qabuun ibsachaa turanii ; namoonni nageenya biyyaa eeganis haala keessa turan ittiin ibsachaa turan jechuun ibsiti. Yaadni kun namoonni haala jireenya isaaniin kan wal qabatu geerarsaan kan ibsatu  ta'uu isaa namatti agarsiisa .Geerarsi afoola Oromoo unka gaggabaaboo qaban keessaa  tokko ta'ee bifa walaloon kan dhiyaatuudha.Geerarsi sagalee geeraraan dhageessisuun dhiyaatee gochaanis deggeramee geerarama ; walaloo ittiin dhiyaatu , yeedaloo ittiin dhiyaatuufi qabiyyee irratti dhiyaatu qaba . Geerarsi  caasaa  ittiin dhiyaatee geeraramu qabu hordofamee , unka sirriin barreeffamee, qaroominni qabiyyee isaa keessaa xiinxalame yoo ibsame dhaloota haaraaf dhiiyaatee,dhaloonni haaraan waan raaceta barreeffama walaloo ammayyaaf  ta'uu malu  ittiin hubatee itti gargaaramu danda'a.Haalli kun yaada ergaa mammaaksa Oromoo"Bishaan mulluu naa qiciin,mulluu keessa barbaaduufi " jedhuun yookaan ammo yaada ergaa "Fuulduratti waa dabarfachuuf, duubatti aggamuu gaafata." jedhuun tokko.Haala amala walaloo geerarsa keessaa xiinxalani beekuun waan barreeffama walaloo ammayyaaf  raaceta ta'u ittiin bu'uura buufachuf ta'a.kana malees qaroominni qabiyyeesaa keessaan waan jiruufi jireenya dhuunfaa ofii fi kan waliinii, akkasumas waan hawaasummaa , waan dinagdeefi dhimma siyaasa ittiin hubachuufi wal hubachiisuuf,ittin wal barsiisuuf, ittiin yaada ofii ibsachuufi kkf irratti faayidaa guddaa qaba. Kana jechuun af-walaloon geerarsaa ijaarsa aadaa hawaasummaa,ijaarsa xiin- sammuu hawaasaafi ijaarsa dinagdeef ooluun faayidaa kennaa tureera; har'as kan tajaajila kennaa jiruudha.Haala faayidaa walii galaaf-walaloo geerarsi qabaatu kana beekanii akka dhaloota haaraaf itti fufiinsaa faayidaa qabaatu gochuuf caasaa inni ittiin dhiyaatee geeraramu,unka sirrii ittiin barreeffama isaafi haala ittiin ergaa isaa hubatan beekuun barbaachisaadha.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Maalummaafi eenyummaa saba tokkoo kanneen ibsan keessaa afoolli isa tokko.Afoolli umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe; aadaafi duudhaa hawaasaa akka hin dagatamne taasisaa kan turefi jiru hambaa hawaasaati.Afoola kana itti fufsiisuufis wantoota afoolarratti dhiibbaa geessisan xiinxaluun barbaachisaadha. Ka'umsi qorannoo kanaas afoola Oromoo keessaa tokko kan ta'e af-walaloon geerarsaa aanaa Boojji Dirmajii keessatti ilaalcha amantiifi qaroomina ammayyummaan walqabateen heddummachuurra haphachaa dhufuun bakka walaloo geerarsaa faaruu amantaa bakka buusuun gargaaramuun walaloon geerarsaa dhaloota haaraa biratti xiyyeeffannoo dhabuun ; Akkasumas,af-walaloon geerarsaa barreeffamaan dhabamuun mata duree kana irratti akkan qoradhuuf nakakaase. Af-walaloon geerarsaa sababoota garaagaraatiin hir'achaa yoo dhufellee ,qoratamee barreeffamaan yoo taa'e dhaloota itti aanuuf hedduu gargaaraa . Xiinxala qabiyyee af -walaloo geerarsaa irratti geggeefame ragaa barreeffamaa hin arganne. Qorannoowwan qophaa'anis baay'inaan kan irratti xiyyeeffatan af-walaloo geerarsa Oromoo walitti qabanii qaaccessuu irrattiidha. Hanqinni kun immoo hubannoo af- walaloo geerarsaarratti qaban hir'isuu danda'a. Hir'inni hubannoo kunis dagatamuu uumuu danda'a.Yaada jedhu sammuu isheetti uumee jira.Ka'umsa armaan olii kana bu'uura godhachuudhaan , Xiinxalli qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa hojii kana keessatti qoratame.Haaluma kanaan Qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii argamsiise .

1) Af-walaloon Geerarsa maalii ?

2) Caasaan af-walaloo geerarsa akkamii?

3) Af-walaloo geerarsaa yoomessa akkamii keessatti raawwatama ?

4) Qabiyyeen geerarsaa maal fa'ii?

5) Bifiyyeen ( unki) af-walaloo geerarsaa maal fakkaata ?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa  qabiyyee af- walaloo geerarsa Oromoo Maccaa xiinxaluudha.

#### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

- Maalummaa af-walaloo geerarsa sakkatta'uun ibsuu.
- Caasaa  af-walaloo geerarsaa   addeessuu.
- Yoomessa af-walaloo geerarsaa ibsuu.
- Qabiyyee af- walaloo geerarsaa ibsuu.
- .Bifiyyee (unka) af-walaloo geerarsaa addeessuu.

### 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Namoonni (Artistoonni ) af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa irratti hojjechuu barbaadan caasaa geerarsi ittiin dhiyaatu (Duudhaa Geerarsaa)fi yeedaloosaa isa sirrii adda baasanii beekuun , isarratti xiyyeeffatanii hojjechuu waan danda'aniif qorannoo kanarraa fayyadamoo ta'uu ni danda'u.; Namoonni adda addaa walaloo Geerarsa Oromoo Maccaa irratti hojjetan unka ( bifa) sirrii ittiin barreeffama af-walaloo Geerarsa Oromoo adda baasanii beekuun ,isa bu'uureffatanii af-walaloo geerarsa Oromoo unka sirrii ta'een barreessuu waan danda'aniif adda dureen qorannoo kanarraa fayyadamoo ta'uu ni danda'uu; Dhaloonni haaraan yookaan namoonni ambaa qorannoo kana dubbisanii duudhaa geerarsaa gadi fageenyaan akka beekanii itti fayyadaman taasisa.; Kanneen mata duree kanarratti gadi fageenyaan qorannoo geggeessaniif argannoo isaa akka ka'umsaatti ni gargaara jedhamee abdatama.


### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Afoolli Oromoo bal'aadha. Damee hedduu ofjalatti hammata.Kanneen akka durdurii,hibboo, af-walaloo geerarsa ,weedduu jaalalaa ,sirba gaa'eelaa maqaa dhahuun ni danda'ama .Dameewwan kanneen bakka tokkotti fidanii qo'achuun ammo yeroo murtaa'e keessatti waan danda'amu miti.Baasii xiqqaanis nama hin ga'u .kanaafuu,qorannoon kun kallattiidhaan kan irratti xiyyeeffatu xiinxala qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa kan ilaallatu ta'ee kanneen armaan olitti tuqaman hin dabalatu  .Sabaabni isaa walfaana xiinxaluun ulfaataadha jedhee waanan yaaduufiidha.Akkasumas qoranno kana guutummaa Oromiyaa keessatti geggeessuuf

yeroo, humnaafi baasii guddaa gaafata .Kanarraa kan ka’e hojiin qorannoo kun xiinxala qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojji Dirmajii qofa irratti kan daanga’eedha.


## 1.6 Ibsa Naannoo Qorannichaa

- **Kaartaa Aanaa Boojji Dirmajii**




**( Waajjira Qonnaa Aanaa Boojji Dirmajii 2010)**

- **Caasaa Hidda Latiinsa  Oromoo Maccaa Aanaa Boojjii Dirmajii .**




( Waajjira Bulchiinsa Aanaa Boojji Dirmajii 2011 )

Aanaan Boojji Dirmajii aanaalee Godina Wallagga Lixaa keessatti argaman keessaa tokko yoo taatu,Godinicha keessaa kallatii Lixaan,Finfinnee irraa fageenya Km478 irratti argamti .Magaalaa Guddoon ishee Biilaa jedhama.aanaan kun bal'ina lafa Hektaara 656 .62 $km^2$ ykn 65.662 hakan qabdu yoo ta'u, kaabaa fi Kibbaan Godina Kamashiitiin Lixaan aanaa Najjoon

bahaan aanaa Laaloo Assaabii fi Boojji Coqorsaan daangeffamti.Olka’iinsa lafaa m 500 hanga m2500 gidduutti argamti.Haalli qilleensa aanaa kanaa% olaanaan baddadaree yemmuu ta’u % muraasniimmoo gammoojjiidha.O’iinsiishee giddugaleessaan waggaatti $^{0}{}_{c}$ 20dha.Waggaatti giddu-galeessaan rooba M1650 niargatti (qabdi).Baay’inni uummata aanaa kanaa 63,820 yoo ta’u,kanneen keessaa dhi 32,163(50.4 %) yoo ta’u  dha 31,657 (49.6 %) dha.Kanneen keessaa baay’inni uummata Baadiyyaa 52,237 (81.85 %) yoo ta’u; Uummatni magaalaa 11,583 (18.15 %) dha.

Ummatni aanaa kana keessa jiraatu irra jireessaan hortee uummata Oromoo Maccaa yemmuu ta’an horteen Naayilootikii naannoo gammoojjii keessa hangi tokko nijiraatu.Hawwaasi aanichaa dur amantii waaqeffannaa aadaa (qaalluu) hordofaa ture.Haata’u malee yeroo ammaa kana amantiin uummata aanaa kanaa irrajireessaan yookaan (peersentii olaanaan) pirotestaantii yoo ta’u kanneen Ortodoksii waaqeffatan muraasnis jiru.Isaan kana keessaas amantiin Pirotestaantii yeroo ammaa kana damee (maqaa) adda addaan saffisaan keessatti babal’achaa jira. Kanneen kana hordofan ammo geerarsaafi sirba kamiyyuu lagachaa,Akka cubbuuttis ilaalaa jiru.Hawaasni aanichaa dur dhimmoota hawwaassummaa adda addaa jechuun yeroo daboo (jigii) walii bahu,yeroo cidhaa walgargaaru,yeroo gaddaa wal jajjabeessu,kkf sirnoota adda addaarratti walcina (walbira) dhaabbachuun yeroo wal gargaaru waltajjiilee waliin uuman kanneen irratti gosoota afoola adda addaa waliif dhiheessuun haala jiruufi jireenya isaanii keessaa ittiin walii ibsu .Kun dur hedduu bal’inaan beekamaa akka ture maanguddoonni odeef-kennitoonni qorannoo kanaa ni ibsu.Gosoota afoolaa dhiyaatan keessaa ammoo geerarsi bakka guddaa qaba.Haata’u malee geerarsi yeroo ammaa kana sababoota adda addaarraa kan ka’e iddoo fi yeroo isaarraa maqaa haalli hirmaannaa isaa walaalamaa walumaagala duudhaan isaa manca’ee walaloon isaa gosoota afoolaa biroo waliin wal makaa ,walaaloon isaallee galmaa’ee (barreeffamee) waan hin jirreef namootaan dagatamaa ,dhaloota haaraa biratti wal’aalamaa jira.

(Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii Aanaa Boojji Dirmajii ,2011 )

Hidda Latiinsa qomoowwan Oromoo Maccaa Aanaa  Boojji Dirmajii buufatanii jiran caaseffama armaan oliin ilaallee jirra .Isaan olitti tarreeffaman ilmaan Abbaadhoo 18n keessaa Boojjiin kan buufatan warra Amuumaa ,Baabboo ,Giddaa ,Kutaallaa ,Innimaayii ,Gomboodha. Kan biroo hedduun immoo hidda latiinsa olitti ibsame keessa hin galle jiru.Isaan keessaa muraasa yoon caqasuu yaale Igguu ,Dar’oo  ,Hidhabuu ,Mucucoo ,Gidaanoon isaan jalqabaati .Walumaa galatti

qomoo (warraawwan) aanaa Boojjiin buufatan kan olitti tarreeffamanfi maqaan gandeen baadiyyaa aanichaa bakka hedduutti kan wal simuudha.

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojji Dirmajii keessa jiru xiinxaluu irratti kan  xiyyeeffateedha. Adeemsa qorannoo kanaa keessatti rakkooleen qorattuu mudatan ; Geerarsi uummata Oromoo Maccaa Aanaa Boojji Dirmajii sadarkaa dagatamuu irra jira waan ta'eef namoota fedhaan ragaa gahaa ta'e  kennaniif dhabdee hedduun rakkachaa turete.Haa ta'u malee namoota amantii koon sodaadha hin geeraru  jedhan hamma danda'ametti waa'ee aadaa barsiisuufi amansiiuun  ragaa amansiisaa fi quubsaa ta'e irraa argachuu dandeesseetti .

## 1.8 Qindoomina qorannichaa

Qorannichi boqonnaawwan gurguddoo shanitti qoodame jira .Boqonnaan tokko  seen-duubee qorannichaa waliigalaan ibsa .Kunis seenduubee qorannichaa,ka'umsi qorannichaa,kaayyoon qorannichaa ,barbaachisummaan qorannichaa,daangaan qorannichaa,hanqinni qorannichaafi qindoomina qorannichaa fa'i; Boqonnaa lama  sakkatta'a barruuti. Boqonnaa kana keessatti barruulee,yaaxxinaafi barruu walfakkiitu dhihaate.Boqonnaan sadii mala qorannichaati.Mata duree kana jalattatti ,irraawwatama qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoo,meeshaalee funaansa ragaa,   mala xiinxala ragaaleefaatu dhihaate , Boqonnaan afur ragaa  xiinxaluufi hiikuudha.Kutaa kana keessatti ragaalee af-gaaffii , marii gareenfi daawwannaan funaanamantu xiinxalamuun ibsamee jira,Boqonnaa shan keessatti gudunfaa,argannoofi yaboo qorannichaati.Mata duree kana jalatti xiinxalaa fi qaaccessa ragaalee irraa argannoowwan argaman duraa duubaan erga dhihaatanii booda argannoowwan kanneen irratti hundaa'uun qorattuun hanqinoota jiran furuuf wantoota furmaata jettee yaadde kutaa kana keessatti dhiheessitee jirti.

## BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU

Qorannoo tokko geggeessuuf yaada hayyootaa mata duree qorannichaa waliin walitti dhufeenya qaban sakkatta'uun barbaachisaa dha.Sababni isaas dhimma qorannicha irratti geggeeffamu sana ilaalchisee beektonni dursanii maal akka jedhan sakkatta'uun qorannichaaf kallattii agarsiisuu danda'a waan ta'eef .Akka Berg B .(2001:19 ) ibsetti barreeffamoota armaan dura kan mata duree qorannichaan hidhata qaban sakkatta'uun faayidaa inni qabu keessaa tokko argannoowwan hojii qorannootiif barbaachisan gabbifachuudha .Haaluma kanaan boqonnaa kana keessatti sakkatta'a barruuwwanii qabiyyee af-walaloo geerarsaa waliin walitti dhufeenya qaban ,yaaxxina qorannichi bu'uureffateef qorannoowwan mata duree kanaan walitti dhufeenya qaban akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru .

### 2.1 Afoola

Afoolajechuun muuxxannoo hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti isa mudatu akkasumas wantoota adda addaa kan isaan kalaqan kan hammatu jechuudha. Dhimmoonni kunis dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin darbaa kan dhufe ammas darbaa kan jiruudha .Maalummaa afoolaa irratti hayyoonni hiika garaagaraa kennaniijiru.Addunyaan (2014:166) haala kanaa gadiitiin ibsa.

> "Afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbuudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa,uumama, beekumsa, naatoofi baranee ittiin hubatuufi ibsu jechuun ni danda'ama.Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godheemiidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiheessu sammuu kan dammaqsu , miira kakaasee kan sissi'eessu ,hojii uumee ta'uun isaas ifa "jechuun barreesseera.

Yaada barreeffama kanaarraa wanti hubatamu ,afoolli dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin darbaa kan dhufe ta'uusaa hubatama .Kanmalees,afoolli jiruufi jireenya hawaasaa keessatti wantoota darbe kuusaa hawaasaa keessaa baasuun isaa ammam kan waliin kan madaalchisuf ooluudha .Gama biraan immoo wantoota sammuu dhala namaa gammachiisuu danda'an akkasumas ,miidhagina addaa gonfachuun kan sammuu ilma namaa sissi'eessu akka ta'e kan hubatamuudha.Kanaafuu afoolli faayidaa adda addaa qaba jechuudha.

Afoolli gooroowwan waan gareen hawaasaa tokko waliin qooddatan kanneen akka ,aadaa,amantaa siyaasa,dinagdee guddina ,qaroommina afaanii,safuu,duudhaafi kkf of keessatti hammata.Yaada kanaan walqabsiisee ,Berhanu (2009:13) yoo ibsu " As its name suggests the term oral literature refers to verbal art or traditional cultures usually composed oral and trasmited from one generation to generation by word of mouth," jedha Akka yaada kanaatti ,afoolli aadaa fi duudhaa hawaasaa kan of keessatti hammatu ta'ee ,himiinsa afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti kan darbu akka ta'e nu hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Afoolli dhimmoota hawaasummaan walqabatan irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, afaanessa bu'uura godhachuun sammuutti qabachuufi yaadachuun dhalootaa-dhalootatti kan darbu dame fooklooriiti .Finnegan (1970:14).

### 2.1.1. Faayidaa Afoolaa

Afoolli guddina ,dandeettii sammuu hojiifi kaka'umsa namaa cimsuun ,miseensa hawaasaa keessatti jaallataman nama taasisuufi jireenya mijaawaa akka jiraatan nama gochuu keessatti iddoo olaanaa qaba .Kana ilaalchisuun ,Andzejekwski (1985:38) yoo ibsu ,"Oral literature perform a wide varity of social functions,"jedha .Akka yaada kanaatti ,afoolli tajaajila hawaasummaa adda addaa bal'aa kan kennuudha..Haaluma kanaan , Alammaayyoo fi kanneen biroo (2006 : xxii ), Harmer(1980 ) waabeffachuun " Oral litereature is necessary to resort to the oral traditions and genealogies…in order to reconstruct the broad out lines of their origins and early existence ," jechuun ibsaniijiru. Barruun kun ammo,qorannoo seenaa keessatti gaheen afoolli qabu olaanaa ta'uu agarsiisa.Kanaafuu,seenaa uummataa bifa barreeffamaan hin jirre tokko duubatti deebi'anii ijaaruuf maddaafi jireenya isaanii mirkaneeffachuuf afoolliifi hiddi latiinsaa bakka guddaa of keessaa qabaachuu isaa mul'isa.

### 2.1.2 Gosoota Afoolaa

Afoolli bal'ina isaarraa kan ka'e takkaattuu qoratanii waliin ga'uun nama dhiba.Kanaafuu namni afoola qorachuu barbaade tokko dameewwan kanneen sirrriitti hubachuun dhaggeeffatee hin ka'u taanaan,akka nama maraataa galaanatti haxxissoo bu'ee karaa ba'umsaa dhabee ta'a.Kanaafuu,waa'ee afoolaa qorachuun hunda dura gosoota afoolaa beekuun murteessaadha.( Fedhasaa,2013 ).

Kunis ,gosa afoola hawaasaa qoratanii bira ga'uudhaaf gosa gosaan kaa'uun barbaachisaa ta'uu agarsiisa.Kanaan walqabsiisee, Okpewho (1992) afoola iddoowwan sadiitti qoode. raagoo,af-walaloo fi himmoota gaggabaaboo yookiin qareeyyii dha.Ulaagaa hayyuun kun fayyadames seenaa qabaachuu,walaleeffamuufi unka gaggabaaboo qabaachuudha.yaaduma hayyootaa kana bu'uura godhachoodhaan gosoota afoolaa sadeen Okpewho (1992) qoodaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

### 2.1.2.1 Raagoo

Raagoon akaakuuwwan afoolaa keessaa tokko ta'ee ,dandeettii sammuun waa yaadachuu bu'uureffachuun waggoota dheeraaf darbaa dhufuun dhaloota har'aa bira kan ga'eedha.Ogumni kun dhalli namaa dhaloota irraa kaasee hanga du'utti adeemsa jireenyaa kan ibsu waan ta'eef ,saba kam keessatti iyyuu kan argamuudha.Kana malees raagoowwan ta'iinsota adda addaa duraa duuba isaa eeguudhaan hawaasichi jiruu fi jireenya guyyuu keessatti wantoota addatti muudatan irratti hordoftoota bashanansiisuu ,barsiisuufi ergaa kaayyeffate haala dabarsuun dhiyaate.Oring (1986) raagamtaa,afseenaafi durdurii jechuun raagoo iddoowwan sadiitti qoode.

### 2.1.2.2 Af- walaloo

Af-walaloon bifa walaloon kan dhiyaatuufi dhimmoota hawaas-dinagdee,hawaasummaan ,siyaasaan,akkasumas gama seenaatiin gumaacha guddaa kan taasisu dame afoolaati.Af-walaloon Oromoos akkuma afoola isaan biroo afaanomaan kan dhaloota lufurraa dhaloota dhufutti darbu yoo ta'u ,yeedaloo qabaachuu isaatiin afoolaawwan kaan irraa adda ta'a. Hayyuun Dorson ( 1972 ) afwalaloo akka ibsutti "Af-walaloon unka isaa qofaan osoo hin taane ,haalli darbiinsa isaa adda isa taasisa.Af-walaloon kan dhalootarraa dhalootatti darbu barreeffamaan osoo hin taane himiimsa afaaniitiin yookaan dalagaan bifa sirbaan,geerarsaan,faaruudhaan darba,"jedha.Unkaan walaloo barreeffamaa waliin tokko ta'ee walaloon barreeffamaa dhalootaa dhalootatti kan darbu barreeffamaan yoo ta'u af-walaloon immoo afaaniin kan darbu ta'uu yaadni armaan olii ni hubachiisa.Haaluma kanaan wantoota hawaasaa jireenya guyyuu keessatti mudatan,wantoota uumamaan walqabatanii mudatan ,falaasama hawaasichi qabu,beekumsa ,ilaalchaafi kkf .afwalaloo bu'uureffachuun dhalootaa dhalootatti darba.Finnegan (1970:109 )

Af-walaloo Oromoo af-walaloo jaalalaa ,faaruu gootummaa,af-walaloo seenaa, faaruu tiksee ,faaruu ayyaaneffannaa amantaa,af walaloo qeeqaa,faaruu nama beekamaa fi afwalaloo dhimma

hawaasaadha, ( Sumner ,1996 ) yaada hayyuukanarraa wanti hubatamu hawaasni kamiyyuu afwalaloo mataasaa kan qabaatu yoo ta'u ,hawaasni Oromoos akkuma hawaasa kanneen biroo afwalaloowwan dhimma garaagaraaf itti gargaaraman qabaachuu isaati.

### 2.1.2.3 Qareeyyii

Qoqqooddiin kun bifa (unka) irratti kan hundaa'ee yoo ta'u ,isaan kana keessaa adda durummaan kan ka'an kanneen akka :mammaaksaa,hibboo , af-walaloo geerarsaa kkf of keessatti hammata.Yaadrimeen 'Qareeyyii' jedhu kana Fedhasaan (2013) yoo ibsu," Qareeyyiin gosa afoolaa bifa gabaabinaan qindaa'ee sammuu qaruuf fayyaduudha.Yaadrimeen jechichaas ,wantoota bifaan gabaabbatanii samuu namaa qaran of keessaa qaba." jechuun lafa kaa'eera.Akka yaada kanaatti ,qareeyyiin bifaan gaggabaabbatanii kan dhiyaatan yoo ta'an jijjiirama amalaa sammuu dhala namaarratti fiduudhaaf gaheen isaan qaban olaanaadha.Akkasumas ,qalbii dhala namaa mo'achuufi suura waan tokkoo sammuu dhala namaa keessatti kaasuuf humni isaan qaban daran olaanaadha. Jechoota muraasaan ergaa bal'aa dabarsu.

### 2.1.3 Af-walaloo Geerarsaa

Af-walaloon Geerarsaa gosoota af-walaloo Oromoo keessaa isa tokkoodha. Af-walaloon kun dur kan namoonni gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala ,rakkina , quuqama ,muuxxannoofi mudannoo akkasumas gootummaafi jabinaa ofii kan ittiin calaqqisiifataniidha. Finnegan (1977:11) yoo ibsitu ,''Oral poetry is one type of war song. It is a means of expressing feelings.'' jetti.Akka ibsa kanaatti af-walaloon geerarsaa gosa faarsaa lolaa keessaa isa tokkoodha. Kunis, karaa namni tokko miira isaa ittiin ibsatu dha.jetti.

Haaluma walfakkaatuun Hinseenee (2010:56) yaaduma kana yeroo cimsu " Af-walaloon geerarsaa madaa keessa ofii qaban ittiin bulgaafatuu,dhiphinaa fi roorroo ofiis ittiin dubbatuu.Geerarsi human nama onnachiisuufi kakaasu qaba.Xiiqiin akka nama qabu gochuullee danda'aa,gosa sirbaati. Garuu sirba callisanii dhiichisan mitii.'jedha.Yaada barreessaa kanaarraa af-walaloon geerarsaa dame afoolaa amala walaloo qabuufi gootummaa waliin walqabate ta'uu hubanna.

Akkaata raawwiin isaaniifi haala jireenyasaanii kanaan wal qabatu ittiin geeraranii ibsatan ture. Haala kana Ben-Amos (1992 :111) yoo ibsu ,” Heroic poetry is associated with worrior life”.jedha. Yaadni kun af-walaloon geerarsaa kan gootummaan ittin ibsamu ,kan haala jireenya yeroo gocha raawwii gootummaa waliin wal qabatu ibsu ta’uu isaa agarsiisa. Raawwiiwwan yeroo duulaan wal qabatan ammo mudannoowwan bifa adda addaa kan qophaatti yookaan namoota biratti ta’an qabu. Namoonni mudannowwan ofii kanneen irraa ka’uun ni gaddu; ni gammadu; ofjaju; offaarsu; abbaa, haadhaafi firoottan ofii darbees lammii ofii …kkf ittiin faarsu .kana ammo geerarsaan ibsatu .kana jechun af-walaloo geerarsa Oromoo kun kan geeraraan qoomniitti yookaan jamaa biratti ittin geeraruun miira isaa ibsatuudha.Af-walaloon geerarsaa goorowwan og -afaanii keessaa tokko ta’ee bifa, walaloon kan dhiyaatuudha. (Hinseenen ,2010:56) yaaduma kana yoo cimsu” Geerarsi madaa keessa ofii qaban ittiin bulgaafatu ,dhiphinaafi roorroo ofiis ittiin dubbatu ,geerarsi human nama onnachiisuufi kakaasu qaba .xiiqiin akka nama qabu gochuullee danda’a, .Gosa sirbaa ti.Garuu sirba callisanii dhichisan miti.Kanarraaaf-walaloon geerarsaa gooroo afoolaa amala walaloo qabanfi gootummaa (cimina) waliin wal qabate ta’uu hubannaa. ( Addisuun ,1999) yoo ibsu immoo”Geerarsa has been the domain of men until recently,but wioth emergence of the Oromo national movement has begun to perform it as well.” jechuun ibsee jira Kana jechuun hamma yeroo dhiyootti geerarsa kan geeraru dhiira qofa ture.Haata’u malee eega qabsoon biliisummaa uummata Oromoo jalqabame as dubartoonnis geeraruu jalqabaniiru.Toorri interneetii http://Waaqeffannaa .Org/geerarsa / jedhu maalummaa geerarsaa akkas jechuun ibsa .Geerarsi ogummaafi dandeettii uumamaan argatan kan ittiin gammachuufi gadda ,quuqqaafi seenaa akkasumas didhaafi booree ofii ittiin ibsataniidha. Geerarsi gosa wallee ykn sirba aadaa Oromoo ta’us kan geerarsa danda’u hunda miti.Akka ibsa kanaatti geerarsi gosa sirba aadaa Oromoo keessaa isa tokko ta’ee kan ittiin gaddaafi gammachuu, quuqqaafi booree akkasumas seenaa ofii ittiin ibsataniidha. Geerarsi uummata Oromoo keessatti kabajaafi bakka guddaa akka qabus toorri interneetii kun ifa godha.(Asafaan,1997) akka ibsutti ,”Geerarsi kan namoonni waan jabduu hojjetanii ittiin baannatan ,aarii isaanii ibsatan,kan ittiin dhaadatan ,goota waan gaarii dalage tokko maqaa dhahanii geerarsaan ibsatu. Kunis geerarsi tokko kan namoonni lolaan ykn hojiin ,cimina isaanii ittiin himatan yoo ta’u ,kan lammaffaa immoo namoota waan gaarii hojjetan ykn gosa ofii kan ittiin ibsatan ta’uu isaatii jedha .Af-walaloon geerarsaa aadaa Oromoo keessatti baay’ee beekamaadha .Sababni isaas namoonni dhageettii keessoo isaanii, aarii ,gaddaafi gammachuu

qaban ittiin ibsatu”.(Fedhasaa,2013:51) Geerarsi gosa afoolaa keessaa tokko ta’ee uummanni bakka adda addaatti dhimma kan itti ba’uudha.

**2.1 3.1 Haala Caasaa af-walaloo Geerarsaa**

Raawwii af-walaloo geerarsaa haala geerarsi aadaa, duudhaa falaasamaafi eenyummaa hawaasa tokkoo agarsiisu keessatti haalanni ittiin dhiyaatuun walqabata .Kun immoo, geerarsi muuxannoo fi beekumsa hawaasaa duriifi ammaa ta’ee, akkaataan hawwasichi itti gargaaramu bifa kamiin akka ta’e xiyyeeffata. Caasaa (raawwii) geerarsaa ilaalchisuun Fedhasaan (2010 ) yoo ibsu “Qorannoo afoolaa keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan argachuu qabu caasaa afoola sanaati, “jedha Akka yaada kanaatti caasaan akkaataa ittiin dhiheenya ( haala ittiin hojiirra oolmaa ) og-afaaniifi wantoota keessoo barreeffamaa isaanii kan ilaallatu .Unki immoo bifa og-afaan sun ittiin barreeffamu ykn ittiin adda bahee beekamudha.Haala kana Biraanuun (1997) caasaa fi unka (bifa) walaloo yoo ibsu, ”Walaloon qindaa’ina sagaleeleefi jechoota miiraafi yaada hedduu keessa ofii baasanii ibsaniin, kan tartiiba isaanii maluun ogummaan kaa’aman ,kan sagaleefi jechoota tartiiba taa’een qindaa’ina sadarkaalee adda addaan taa’anii mul’atan,” jedha.

Bifiyyee walaloo ilaalchisee Level ,C (2002 ) yoo ibsu “A poetic form is a special way of arranging the lines and stanzas of a poem .” Af-walaloo geerarsaa keessatti qindaa’inni sagalee fi jechoota isaa akkasumas taa’umsi isaanii murteessaa ta’uu isaati.

**2.1.3.2 Yoomessa Geerarsaa**

Gooroowwan afoolaa baay’een isaan kan yeroofi bakkaan murtaa’aniidha kana jechuunis kan isaan hojiirra oolan yeroo beekamaa ta’e tokko keessatti. Fakkeenyaaf hibboo yoo fudhannee kan ijoolleen hibbifachuun taphatan galgala waan ta’eef. Kana ilaalchisuun hayyoonni garaagaraa yaada garaagaraa kennu.Geerarsi (afoolli ) tokko yoom,eessattiifi maaliif akka geeraramu addaan baasanii beekuun ni danda’ama .( Addunyaa,2014:214 ) jedha. Melakneh,( 2006:76 ) og-afaan keessa yoomessi bakka yeroofi haala ta’iinsi tokko itti raawwate kan agarsiisuudha.Kunis ogafaan tokko yeroo ,bakkafi haala itti hurrubamu qaba jedha .

**2.1.3.3 Qabiyyee Af- Walaloo Geerarsaa**

Qindaa’inni sagaleefi jechoonni walaloo geerarsaa muraasni ergaa bal’aa qabiyyee isaa ibsufi human guddaa qaba.Haala kana Sumner C.(1996 :68) yoo ibsu ,” Two words express the content

of war and hunting songs .praise for the hero,contempt for the coward .” jechuun ibsa yaadni kun jechoonniaf- walaloo geerarsaa muraasni yaada geerarsaa bal’aa ibsuuf akka human qabeessa ta’an nama hubachiisa .Dubbii ibsuuf geerarsi muuxxannoo namoonni bara dheeraadhaaf qaban gaddas ta’e gammachuu ,hadhaawaas ta’e mi’aawaa ,ibsuuf,,calaqqisiisuuf gahee olaanaa qaba.gabaabummatti geerarsi jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti haala dhuftee seenaa,mudannoo,muuxxannoo,falaasama beekumsaa,gufuufi gufaata hawaasa tokkoo haala hubatamuu danda’uun ibsuuf human guddaa ofkeessaa qaba.Safuu eegsisuuf sabni tokko duudhaa mataa isaa ni qabaata.Kanaafuu ,aadaa amantaafi barsiifata itti jiraatu kan dhalootaa gara dhalootaatti darbee hojiirra akka oolu barbaada.Waanta Oromoon itti gammadu kan cabse,kan dabse,kan hanqisefi safuu kan wallaale ammo hawaasa Oromoo maal jedhuu hin beektu jechuun qeeqa,dheekkama,gorsa, barsiisas.

**2.1.3.4 Maalummaa Malleen dubbii**

Malleen dubbii jechuun gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta’ee barreeffamni tokko yookiin haasofni tokko sammuu dhala namaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hin irraanfatamin akka turuuf kan gargaaruudha.Hiika malleen dubbii irratti Isaaq (2003:5) Zarihuuniin (1995: 105 ) waabeffachuun akkasitti ibsa.Malleen dubbii dhimma tokko kan ibsu haala galusaafi hiika jechootaa yookaan gaaleewwanii kan barataman irraa bifa adda ta’een yookiin yaada addaafi filatamaa ta’een cimsee kan ibsuudha.Sadoommiin kan uumamu amala,miira,,gochaafi haala wajjin wal-dorgomsiisuun ,fakkeessuun amala isa tokkoo kan biroof kennuun yookiin jijjiiruufi bakka buusuudhaan jechuun addeesse.Yaada kanarraa wanti hubatamu malleen dubbii haala adda addaa keessatti kan itti gargaaramnuufi faayidaa akka qabu hubachuun ni danda’amaa.Kunis hiika jechootaa barreeffama keessattis ta’e dubbii keessatti haala duraan beeknu sanarraa bifa adda ta’een kan itti gargaaramnu waan ta’ eef akkaataa malleen dubbii sun hiika itti argachuu qabaniin kan hiikamu waan ta’eef ,malleen dubbii faayidaa adda addaa akka qabu hubachuun ni danda’ama. Hiikni jechootaa achi keessatti argamanii hiika kallattii osoo hin taane alkallattiidhaani.

### 2.2 Yaaxxina Qoranichaa

Qorataan afoolaa tokko qorannoo yeroo geggeessu yaaxxina isa kamirratti hundaa'uun akka qorannoo geggeessu itti yaaduu qaba.

#### 2.2.1 Yaaxxina Foormulaa Afaanii (Oral-Formulalic Theory)

Akka Yaaxxina kanaatti caasaa,sirba gootaa,sirba jaalalaa ,sirba seenaafi durduriif akka bu'uuraatti kan ilaalamuu qabu nama afoola sana seenessuufi hurrubuudha .Leellistoonni yaaxxina kanaa beektota kanneen akka Milman parry,Albert Lord and David Bynum fa'i.Beektonni kun qu'annoo garaagaraa kanneen afoolarratti geggeessan yommuu ta'an ,ergaa afoola tokkoo hubachuuf adeemsa seenessaan itti gargaaramu ,walqabatiinsa yaadaa, seenaa garaagaraa gidduu jiru dubbii seenessaa keessaan arguun barbaachisaadha. Akkasumas, hurrubaan akkaataatti hurrubu ,duraa duuba qindoomina gochaa gargaaramuu , qindoomina raawwii itti fayyadamu walumaagalatti ,gama seenessaatiinis ta,e hurrubbaatiin tartiibni hojiirra oolmaa gochaa itti gargaaramanii xiyyeeffannoo kan barbaaduufi qo'annoo afoolaafis bakka guddaa kan qabuudha.Akka yaada yaaxxina kanaatti ergaan afoola tokkoo kan argamu akkaataa seenessaafi hurrubbaarraa ka'uuni.Kanaafuu afoola garaagaraa keessatti nama seenessaafi hurrubu qaamaan argachuun murteessaadha.

#### 2.2.2 Yaaxxina Faayidaa

Yaaxxinni fayyidaa uummata yookaan gartuu fook (Folk group) keessatti looriiwwan garaagaraa argaman uummaticha yookaan garee fookiitiif faayidaa inni kennuuf hawaasicha keessatti hiika akkamii akka qabu agarsiisuuf xiyyeeffannoo kan taasisuudha.Yaaxxinni kun durduriiwwan ,raagamtaawwan ,mammaaksota ,amantiiwwan fi looriiwwan biroo hawwaasummaan ,dinagdeen ,siyaasaan, aaddaadhaafi faayidaawwan biroo kennuuf hawaasicha biratti hiika akkamii akka qabaatu xiyyeeffachuun yaaxxina dhimmoota fookloorii xiinxaluudha.Yaaxxinuma kana ilaalchisuun Simsfi Stephens (2oo5) yommuu ibsan :

> "Folklore communicates : it is an on going process of experessing information and beliefs with in folk group when we talk about interpreting folk lore , many times people ask ,*'What does this folklore communicates to member of the group who are sharing it* ? one of the ways folklorists

consider meaning to examine the way falk lore functions in the community."

Akkuma yaada kanarraa hubatamu ,fookplooriin odeeffannoo waa'ee waan gareen hawaasa tokko irra jiru itti amanuun ni ibsa.Waa'ee hiika fookloorii yoo dubbannu yeroo baay'ee uummanni kan gaafatu ,fooklooriin kun waa'ee garee hawaasaa beekumsa waliin qoodatee maal dubbata? Karaalee hayyoonni fookloorii hiika ittiin xiinxalan keessaa tokko haala itti hawaasa keessatti tajaajiluudha..

**2.3 Sakkatta'a Barruu wal fakkii**

Kutaa kana keessatti qorannoowwan garaagaraa armaan dura qoratamanii kallattiinis ta'e alkallattiidhaan qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban sakatta'amuun dhiyaataniiru. Kanaafuu, hanga dubbisetti qorannoon kallattiidhaan mata duree qorannoo kanaan wal fakkaatu akka hin geggeeffamne mirkanaa'eera.Haa ta'u malee qorannoowwan lama alkallattiidhaan kan mata duree qoranno kana waliin hariiroo qabaniif qorannoo kanaaf gumaacha godhan waan jiraniif.,qorannoowwan kanneen walitti dhufeenyaafi garaagarummaa isaan qorannoo kana waliin qaban ilaaluun amanamummaafi gabbina yaada qorannoo kanaa ni cimsa.

Kanaafuu, barattoota muummee Afaan Oromoo sadarkaa digirii jalqabaa barataniin geerarsa Oromoo irratti qorannoon adda addaa mata duree adda addaa irratti godhamee jira.Kanneen keessaa Biqilaa Baayisaa (2008) mata duree, Qaaccessa geerarsa ajjeesaa Oromoo haala Aanaa Boojji Coqorsaatiin.jedhu irratti waraqaa qorannoo digirii 1ffaa qorateera. Kaayyoon qorannoon isaas geerarsa ajjeesaa Oromoo qaaccessuudha.Geerarsa Oromoo ajjeesaa ibsan qaaccessuu kan ilaallatuudha.

Kanaafuu, Kaayyoo isaa kanarratti hundaa'uun geerarsa ajjeesaa garee adda addaati qooduun qaaccesseera. Argannoo isaa keessattis ,geerarsa garee adda addaatti qooduun qorachuun bu'aa akka qabu ibseera. Dabalataanis, Kitaaba barataa keessatti geerarsa hammachiisuun maxxansiisuun barbaachisaa ta'uu isaa yaada argannoo isaa keessatti kaaseera. Mata dureefi kaayyoon qorannoo kanaas kan wal simateedha. Kana malees ,kaayyoo isaarratti hundaa'uun ragaalee isaa qaacesseera. Haata'u malee ,mala qorannoo isaa qabxiin kaase hin jiru.

Waraqaa qorannoon geerarsa irratti qoratame inni biroon Tolasaa Baayisaa (2007 ) mata duree "Qaaccessa qabiyyee geerarsa diddaa rakkoo siyaasaa " kan jedhuudha.Xiyyeeffannoon isaas ,

qaaccessa qabiyyee geerarsa Oromoo diddaa rakkoo siyaasaan wal qabatan ilaallata.Kaayyoon qorannichaa geerarsi Oromoo siyaasa keessatti gahee inni taphatu xiinxaluudha.Afoola Oromoo ,keessumaa geerarsa diddaa siyaasaa adda baasuun ibsuufi geerarsoota Oromoo diddaa rakkoo siyaasaa calaqqisiisuuf geeraraman funaanuun gama ergaa isaaniin irratti hundaa'uun qaaccessuu irratti kan xiyyeeffateedha.Argannoo isaa keessatti geerarsi Oromoo ergaa adda addaa akka qabu,kanneen akka mormii, balaaleffannaa ,qeeqa faarsaa akka calaqqisiisan ibseera. Kanaafuu, geerarsoonni kanneen jajjabaachuu akka qabaniifi dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachisaa ta'uusaa mirkaneeseera.Akkasumas dhibbaan ilaalca akka geerarsa gosa kanaarra jirus bira ga'eera .Sababa, kanaaf ilaalchi kun fooyya'uu akka qabaniifi akka jijjiiraman jechuun yaboo isaa keessatti ibseera. Qorannoon kunis mata dureefi kaayyoon isaa kan wal simateedha. Kana malees, mala qorannoo kan qabuufi haala gaarii ta'een qaacceffameera.

Qorannoon armaan olitti sakkatta'aman malaawwan qorannoo walfakkaatuun fayyadamanii jiru. Kunis, qorannoon isaanii akaakuu qorannoo akkamtaa ta'uu maddi ragaa jaarsoliifi namoonni geerarsa gadi fageenyaan beekan irraaa walitti qabuufi tooftaa ragaan ittiin funaaname afgaaffiin akka ta'uun qorannoowwan kanneen walfakkeessa.Haa ta'u malee, malli iddattoon ittiin funaanaman kanneen muraasa keessatti garaagarummaa qabu.

Tokkummaafi garaagarummaa qorannoo kana waliin qaban : Qorannoowwan armaan olitti sakkatta'aman kallattiinis ta'uu baatu alkallattiin qorannoo kana waliin walitti dhufeenya ni qabaatu .Walfakkeenyi isaaniis madda ragaan, akaakuu qorannoon ,tooftaa ragaan ittiin funaanameefi malli ragaan ittiin xiinxalame walfakkeessa .Haata'u malee, mata duree qorannoo, kaayyoo qorannoofi daangaa (bakka qorannoon) itti geggeeffame sanaan garaagarummaa ni qabu.

# BOQONNAA SADII : MALLEEN QORANNOO

Malleen qorannoo keessatti wantoonni yookiin mata dureewwwan haammataman kanneen akka malleen qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu,meeshaalee odeeffannoon ittiin funaannaman, qindeeffamaafi malleen qaaccessa ragaa kan ofkeessatti haammatudha.

Kaayyoon qorannoo kanaa akkuma duraan ibsame qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa Xiinxaluu kan jedhurratti adeemsifamuuf kan deemudha. Kaayyoo kana galmaan gahuufis qorannoon kun malleen qorannoon tokko itti gargaaramu fayyadamuun kan adeemsifamedha. Kana gochuufis qorattuun gosa qorannoo akkamtaa (qualitative research) fayyadamtee qorannoo kana gaggeessuuf jirti. Sababiin isaas qorannoo kana keessatti odeeffannoon guuraman lakkoofsaan osoo hin taane mala ibsaan hiika kan argate waan ta'eefidha. Dabalataan, Dastaa (2002:20) "Qorannoon mala kanaan yookiin akkamtaan gaggeeffamu odeeffanno argate mala addeessatiin yookaan mala ibsaatiin dhiheessa." jedha.Qorannoo kana keessatti qorattuun kanumatti dhimma baateetti.

Addunyaa (2011:12) yaada kana yoo cimsu,"Qorannoon akkamtaa gaaffiwwan akkam? Maalif? jedhan kaasuun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati"jedha.Yaada kanarraa malli kun gadi fageenyaan xiinxaluurrattti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa xiinxaluudha. Qorattuun mala kanatti dhimma baateeti qorannooshii gaggeessiteetti.

## 3.1 Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Wallagga Lixaa keessatti aanaalee argaman keessaa aanaa Boojji Dirmajii filachuun, Qabiyyee geerarsa Oromoo Maccaa xiinxaluurratti xiyyeeffata.Sababni aanaan kun filatamteefis ,aanaan kun bakka jireenya qorattuu waan ta'eefi qorattuun osoo lafa fagoo hindeemin aanaa dhuma ishee keessatti naannoftee ragaa argachuu dandeessi jedhamee waan yaadameefidha.

### 3.2 Madda Odeeffannoo

Akkasumas,maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa ti. Maddi ragaa tokkoffaan qorannoo kana keessatti hojiirra oole,namoota kaayyoo qorannichaa galmaan gahu jedhamaniifi kallattiidhaan waa'ee geerarsarratti muuxannoofi beekumsa qabaniidha.Isaanis maanguddootaafi barsiisota aanaa Boojji Dirmajii keessaa jiraataniidha.

### 3.3 Iddettoo

Qorataan odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuun hin oolu.Iddattoon bakka qorataan odeeffannoo irraa walitti qabatuudha.Dastaan(2013:132) Trochim wabeeffachuun hiika iddattoo yoo lafa kaa'u, "Sampling is the process of selecting units (e.g people,organization) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our result back to the population from which they were choose." Akka yaada kanaatti iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota yookiin qaamota jamaa sana fudhatanii itti fayyadamuudha.

Iddattoo filachuun kan barbaachiseef, yeroo, maallaqa, humna namaafi kkf qusachuuf yaaddameeti. Haaluma kanaan namni qorannoo gaggeessu tokko tooftaalee adda addaatti gargaaramuu danda'a. Tooftaalee kunniinis akkaataa qorannicha waliin deemuu danda'anitti ilaallamanii kan qoratuun filatamaniidha. Maloota kana keessatti iddattoo hedduu fayyadamuurra iddattoo dhimma qorannoon irratti gaggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban muraasarraa odeeffannoo gahaa ta'e funaanuu irratti xiyyeeffata. Kanaafuu qorattuun kunis mala akkayyoo (purposive sammpling) fayyadamteetti.

Akkayyoo (purposive sammpling) malli kun mala iddattoon ittiin filatamu keessaa isa tokko yoo ta'uu; namoota dhimmicha beekan jedhamanii yaadaman xiyyeeffannoon yookiin itti yaaduudhaan filatamaniiru. Kunis namoonni kan kallatti gara garaatiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya waan qabaniif odeeffannoo gaarii ta'e argachuuf nama dandeessisa. Odeefkennitonni mala akkayyootiin argamanis maanguddootaafi barsiisota haalaan beekan irraa odeeffannoo funaannachun gaggeeffame.

### 3.4 Meeshaalee Funaansa ragaalee

Qorannoo tokko geggeessuuf ragaa funaanuun murteessaadha.Ragaan kun immoo meeshaalee ittiin funaanaman garaagaraa qabu.Qorattuun qorannoo kanaas meeshaalee funaansa ragaa jiran keessaa ,af-gaaffii , marii garee xiyyeeffannoofi daawwannaa gargaaramte..

#### 3.4.1 Af-gaaffii

Af- gaaffiin ,gaaffii banaa qorataan odimtoota filataman afaaniin gaafatuudha. Waa'ee meeshaa ragaan akkamtaa funaanuuf gargaaru . kana ilaalchisee ,Dastaa (2013: 111) yoo ibsu :

> "Af-gaaffiin meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee ,kan qorataafi odeef-kennaan fuulleetti walarganii odeeffannoo waliif kennani. Odeeffannoon af-gaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeeffataa gaaffachuu danda'uu isaati."

Sababni af-gaaffiin manguddoota kanaaf dhihaateef ammoo ,yaada maanguddoonni kennan ragaalee sadan walbira qabuun ragaa gabbataafi qabatamaa ta'e argachuufiidha.Af-gaaffiin dhihaate kun maanguddoonni af- walaloo geerarsa Oromoo maal akka ta'e ,akka jechaan ibsaniif karoorfame.Baay'inni gaaffii dhihaatanii 3 yommuu ta'an ; isaanis gaaffilee banaa ta'anii kan wal qabataa deemaniidha. Ragaa gahaa argachuuf gaaffilee kunneen gahaadha.Sababni isaa gaaffilee 3 kunneen raga bal'aa waan ofkeessaa qabaniif. Ragaa gahaa argachuuf qorattuun gaaffilee banaa qofaatti dhimma bahuun ishee immoo , maanguddoonni kunneen rakkoolee af-walaloo geerarsa Oromoon walqabatee jiru osoo hin daangeffamin rakkoolee jiran gaaffilee 3 saaniin akka ifa baasaniifiidha.Kana malees ,rakkoowwan kanneen akkamitti akka furaa jiranfi gara fuula duraattis dhimma walaloo geerarsa Oromoo kanaa maal ta'uu akka qabu waan ibsaniif .Gaaffileen dhihaatan kunis osoo hojiirra hin oolin dura qorattuun hiriyyoota ishee fi gorsaa ishee ilaalchisuun mirkaneessiteetti.

#### 3.4.2 Marii Garee

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshaalee funaansa ragaa tokko qofaan argachuun rakkisaadha. Kana waan ta'eef af-gaaffii gareedhaaf mijataa ta'efi kaayyoo qorannichaa bu'uura godhate qopheessuun barbaachisaadha. Kana ilaalchisee Neuman (2007:88)

akka ibsetti “ Isa namni tokko beekuu namni biraan hinbeeku,kan tokko dagate inni biraan itti dabaluun ni danda’a, “ jedha.Kanaafuu raga gahaafi amansiisaa ta’e argachuuf mala kanaan qorattuun raga kenname dhaggeeffattee yaadannoo qabachuun ragaa funaannatteetti. Kanaafuu, qorattuun maanguddoota raawwii walii gala geerarsa Oromoo irratti beekumsa fi muuxxannoo gahaa qabu jedhamee yaadame maanguddoota 4 qindeessuun af-gaaffiiwwan gartokkeen banaa ta’an dhiyaatanii akkaataa hubannoo irratti qabaniin odimtoota kanneeniin deebiin itti kennamee jira.

Dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennuudhaan maanguddootni filataman waliin mari’atanii gaaffii qorattuun dhiyeessiteef irratti walfamuun yaada tokkorratti walii galanii odeeffannoo kennaniiru .Qorattuunis odeeffannoo isaan irraa argatte yaadannoo qabachuun sassaabatteetti.

### 3.4.3 Daawwannaa

Daawwannaan meeshaa ragaan jalqabaa funaanuuf oolan keessaa tokko akka ta’eef karaa gochaan tokko ittiin daawwachuun ykn dhaggeeffachuun ragaa funaanamu ta’uu, Kumar ( 2005) yoo ibsu “ Obsevation is one way to collect primary data.It is a purpose ful , systematic and selective way of watching and listening to interaction or phenomenon as it takes place .” jedha. Kanaafuu ,meeshaalee kanatti fayyadamuun qorattuun xiinxala qabiyyee a geerarsaf-walaloo Oromoo irratti qorannoo geggeessuuf ragaalee barbaachisu ittiin walitti qabachuuf gargaaramteetti. “ Qorataan iddoo qorannichaa itti geggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti geggeessu sana hordofa .Warri qorannoon irratti geggeeffamu sunniin kaayyoo qoratichaa beekanis beekuu baatanis qoratichi waan isaan dalagan ,akkaataa isaan dalagan ,haasawaa isaanii ,dhaggeeffachuudhaan galmeeffata”. jedha.Dastaa Dassaalany ,(2013:118) .

Akkaataa kanaan qorattuun lafa ragaa gahaafi amansiisaaan af-gaaffii dhuunfaafi marii gareetiin argachuun rakkisaa ta’etti haaluma karoorfatteen yoomessa uumamaa argachuu waan hindandeenyeef Bitootessa 12/2011 ganda Amuumaa Agaloo mana obbo Abarraa Abdiisaatti yoomessa uumte ,manguddoota shan irraa caasaa ittiin hojiirra oolmaa geerarsaa ,duudhaa geeraraan yeroo geerarsa geeraru hordofu ,qooda jamaan geerarsa keessatti qabu ,gosoota afoolaa geerarsa waliin dhiyaatan si’a tokko daawwatteetti.Odeeffannoo dhaggeeffatte sagalee

waraabbachuufi yaadannoo qabachuun ragaalee barbaachisoo ta'an qabatamaatti walitti qabamaniiru.

### 3.5 Mala xiinxala ragaalee

Qorannoo kana keessatti ragaan daawwannaafi afgaaffii odeefkenntootarraa argame marii gareetiin walitti qabamee jira. Ragaan argamu kunis qindaa'ee mala ibsaatiin gargaaramuun xiinxalameera. Ragaan xiinxalame kunis akka armaan gadiitti boqonnaa itti aanuu keessaa taa'ee jira.

# BOQONNAA AFUR: RAGAA XIINXALUUFI HIIKUU

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko keessatti ka'aniif deebii argachuuf kaayyoo qorannichaa mirkaneessuuf ragaalee odimtootarraa af-gaaffii,marii garee fi daawwannaan funaanaman wal duraa duubaan mala akkamtaa gargaaramuun xiinxalamanii jiru . Akkaataan , itti xiinxalame qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa bu'uureffachuun yommuu ta'u ragaaleen meeshaalee funaanaansa ragaa armaan olitti eeramaniin funaanaman qoqqoodamanii duraa duuba isaanii eeggachuun akka armaan gadiitti xiinxalamanii ibsamaniiru.

## 4.1 Maalummaa af-walaloo geerarsaa

Odeeffannoo gama kanaan jiru beekuuf qorattuun kun af-gaaffii hin caaseffamneen gaaffii fi deebii namoota haala raawwii waliigalaa geerarsaa beekaniif taasifteefi marii garee namoota duudhaa geerarsaa beekan waliin taasisterraa ragaalee adda addaa argatte akka itti aanutti gargar qooddee ibsa itti kennitee jirt. Haaluma kanaan gaaffileen qorattuu kananan mata dure kana irratti kaafaman gaaffilee hin caasseffamne yoo ta'an ,jalqaba irratti kan haala waliigalaa af-walaloo geerarsaa adda baaffachuuf dhiyaataniidha. Gaaffileen kunis sadarkaa sadarkaan qoqqoodamanii tartiibaan wal irratti rarra'anii namoota madda odeeffannoo qorannoo kanaaf dhiyaataniiru . Gaaffileen dhimma kanarratti dhiyaatanis : Af-walaloon geerarsa maali? Kan jedhu yoo ta'u odeef-kennitoota gaafataman akka armaan gadiitti yaada isaanii laatu.

Obbo Dabalii Dhaabaa jedhamuu jiraataa ganda Innimaayii Bolliiti .af-gaaffii (gaafa 12/07/2011) dhiyaateef irratti hirmaatan himanitti,af-walaloon geerarsaa afoola kan dur warri dhiiraa duulanii bineensota ykn diina ajjeesuun abbaa mirgaa ta'anii ,haala waliigala jireenya isaanii duulaan walqabatu akkasumas haala ciminaafi dadhabina , gaddaafi gammachuu , xiiqachuufi mo'amu kkf ofii yookaan kan fira ofii ykn kan lammii ofii ittiin ibsataniidhaa jedhu.Maanguddoon madda ragaa qorannoo kanaa "Dubartiin duultee waan booree kana hin baaneef hin geerartuu, " jedhu.

Akka ragaan odeef- kennaa kanarraa argame ibsutti goonni dhiira isa bineensota gurguddoo ajjeese yookaan isa diina ajjeeseedha .Yookaan kan lachuu ajjeeseedha.Gocha kan ammoo dhiironni duulanii (qe'eerraa fagaatanii deemanii) kan raawwataniidha.Geerarsi raawwii kanaan kan wal qabatee dhiyaatuudha.kana ammoo dubartoonni duulanii (qe'eerraa fagaatanii) deemanii,bineensota gurguddoo akkasumas gocha diina ajjeesuu waan hin raawwaneef hin

geeraranii ,yaadni kun akka waliigalaatti dur geerarsa kan geeraru nama ajjeesee abbaa mirgaa ta’e (kan mirga qabu) qofa akka ta’e nama hubachiisa.Fakkeenya isaan kennan akka itti fufutti xiinxalameera.

**Fkn: 1A .** Innibbaa leencaas laali,
Abbaa gafarsaa laalii,
Innibbaa arbaas laali ,
Yeeyyiin hoomaa sagali,
Namni yeeyyii koo arge,
Hin dubbatu halkanii !
Hin dubbatu halkanii! *( marmaartuu*

**B.** Yeeyyii qarriffaa dhiigaa,
Na nyaachuuf natti fiiga,
Inni akka bubbee kaatu,
Kan leenca kutee nyaatu,
Yeeyyiin qaama dabbasaa,
Qabeet nama darbataa,
Guyyaa gaafa sanbataa,
Qaxaleen abbaa kootii,
Maskeettootti xaaxesseen,
Daggalarraan qaarsise,
Qarriffaan facaasise!
Qarriffaan facaasise! (*marmaartuu)*

**C.** Mirgi koo butataa dhaa,
Anisoo kutataa dhaa,
Eenyuut naan qixxaataree,
Birbirsa mootii malee ,
Yoo mootii biyyaa malee!
Yoo mootii biyyaa male! ( *marmaartuu*)

D. Ilaalaa yaa riyyee koo,
Barittii bara sanaa,
Sareen na nyaachuuf duttii,
Na nyaachuuf nattas yaatii,
Tokkon keessaa rukutee ,
Miqirqiriittan kutee,
Daggalarran qaarsisee,
Qaxaleen abbaa kootii,
Qarriffaan facaasisee!

**E**. Bineensi tarreen jigduu,
Kan akka yeeyyiin jirtu,
Yeeyyiin hangafa gurraa ,
Dhaqanii dhabuun farra.
Dhaqanii dhabuun farraa! ( Obbo Dabalii Dhaabaa )

Af-walaloo geerarsa namni yeeyyii ajjeese ittiin geeraru kan armaan olitti dhiyaate kun aangii walaloo shan (a,b.c.d.e) qaba.Aangiiwwan kunneenis bu'uura yaada ka'umsa ibsaafi golaaba yaa'a yaadaa dhiyeessaniin dhuka adda addaa qabu.Haaluma kanaan walaloon geerarsaa fkn : 1A jalatti aangii tokkoofi dhuka (bakka itti cabsata yaadaa) lama of irraa qaba.Dhuka tokkoffaa isaatiin geeraraan kun inni leenca ajjeestes,inni arba ajjeestes akeekadhuu (hubadhu);yeeyyiin akka isa kan keessanii kan qophaa deemtu mitii. (kan hoomaadhaan sagal taatee yaatu) jedhe.kana jechuun isaa ammo mirga kootu kan keessan caalaa jechuu isaati .Dhuka lammaffaan isaatiin dhayinoo isaa fiixee dhayinoon (buufanni) isaa kaan irraa adda ta'een ammoo ,akka yaadni xiyyeeffatamu taasise. Haala kanas namni haala cimina (karaa isheen dhuftee nama miitu) ishee kan beeku jechuu isaati .Dayinoo isa" Hin dubbatu halkanii" jedhuun ammoo halkan waan tokko bifa dhoksaatiin (karaa dhufee) miidhaa namarraan gahu adda baafachuun ( halaalarraan beekuun) waan nama hin dandeessifneef yookaan dhiyootti argamee yoo hamatan illee nama dhaga'uu waan danda'uuf waa'ee wayii dubbachuun sodaachisaadha.Akka yaada geeraraa kanaatti namni yeeyyii bineensa hamtuu ta'uu ishee bare kan waa'ee ishee ifatti dubbatu haaturuu dhoksaattiyyuu hin kaasuu jechuu isaati. kana jechuun isaas eenyuyyuu kan jalaa hin dubbanne sodaachistuu (kabaja kan qabdu) ta'uu ishee eeguun akka isheetti isa ilaalanii kabaja

akka kennaniif kan ittiin ibsateedha.Aangii b (lammaffaan ) isaa ammo dhuka lama qaba .Inni tokkoffaan yeeyyiin akka nyaachuuf itti kaatefi maalummaa yeeyyii sanaa kan ittiin addeessedha.Aangii **"**c**"** keessatti ammo ,geeraraan kun abbaa mirgaa isa hundaa ol cimaa ta'uu isaa (bineensa hundaa ol cimaa ta'e yeeyyii kan ajjeese ta'uusaa) ibsate.Yaaduma kana Obbo Immiruu Uggaa jiraataa ganda Kutaallaa Bildiimmaa (Bitootessa 12 /2011) af-gaaffii dhiyaateef hirmaatan akka itti aanutti ibsu.Hawaasni Oromoo Maccaa Aanaa Boojji Dirmajii geerarsa diddaa cunqursaa sirnoota adda addaa darban keessatti roorroo sanaaf bitamuu diduun geerarsaan ibsataa ture. Haaluma kanaan jiruufi jireenya isaa keessatti waan hedduutu mudata .kunis gaariis ta'e yaraas ta'u danda'e ;waan isaanitti dhaga'ame geerarsaan ergaa isaanii dabarfachaa akka turanii jedhu. .Dabalataanis geerarsi diddaa kun hawaasa Oromoo birratti kabaja kan qabu yoo ta'u, jireenya hawaasaa keessatti waan hawwaasni jibbu akkasumas dhiibbaawwan addaa yoo isaanirra ga'e ittiin balaaleffatu yookaan mormu,kunis geerarsaan akka ta'e dubbatuu. Bu'uura yaada odeef- kennaa kanarraa argameen,geerarsa diddaa cunqursaa jechuun hawaasni Oromoo rakkoo isaan mudate jalaa bahuuf ykn ofirraa faccisuuf kan geeraruudha.Akkasumas geerarsi diddaa cunqursaa hawaasa biratti iddoo guddaa kan qabuufi hawaasni naannoo sanaa aadaa geerarsa isaatii fayyadamuun quuqqaa isaa akkasumas taatewwan hawaasicha keessatti balaaleffannaafi jibbamuun geerarsa kanatti fayyadamuun quuqqaa isaanii akkaataa kanatti ibsachaa akka turan fi hawaasni Oromoo rakkoolee gama aadaa,afaan ,siyaasaafi dinagdee hubachuun danda'ameera. Fakkeenya geerarsa diddaa cunqursaas armaan gadiitti isaan kennan akka armaan gadiitti xiinxalameera..

**Fkn : 2** A**.** Lakkii lakkii ya eeboo,
Balaq balaq hinjedhinii,
Gonfoo jalatti cittee,
Haaduu goommanaa taataa!

B**.** Lakkii lakkii ya qawwee,
kak kak hin jedhinii,
Kaataa jalatti cittee,
Maarashaafi qonyee taataa!

C. Lakkii lakkii yaa abbaa lafaa,
Gabbal gabbal hinjedhinii,
Hiyyeessa biyyaa baaftee,
Ofii dureessa taataa ! ( Obbo Fiqiruu Qana’aa )

Geerarsi armaan olii kun abbaa lafaaf bitamuu diduufi akeekkachiisa of keessaa qaba.Lakkii lakkii keeyyattoota sadanuu keessa jiran nu dhiisaa,nuti akkasumatti bulla jechuu yoo ta’u ; buuffattoonni lamaffaan keeyyattoota sadanuu irra jiran “ balaq balaq”,”kak kak”,”gabbal gabbal” jechuun ammo kan hafetu hafa malee nutti hin roorrisinaa jechuu isaaniiti .Yaadonni buuffattoota sadaffaairraafi arfaffaa irratti ibsaman ammo bu’aan balaq balaqii ,kak kakii,fi gabbal gabbalii maal ta’uu akka danda’u ibsuun akeekkachiisa.Geerarsi kun kan geerarame bara abbaan lafaa hawaasicha irratti dhiibbaa geessisaa turedha jedhu odeef kennaan kun .Geerarsi sirna mootummaa Haayile Sillaasee kaasee mootummichi hanga aangoo irraa bu’utti uummanni Oromoo Maccaa aanaa Boojji Dirmajii quuqqaa isatti dhaga’ame ittiin ibsachaa akka ture mul’isa .Walumaagalatti uummanni aanaa kanaa yeroo sirna abbaa lafaa sana keessatti hacuuccaa abbaan lafaa irraan gahaa ture mormuudhaan namaaf hiruu jechuudhaan geerarsaan akka ibsachaa turan ragaan argame ni mirkaneessa.

Gaaffiidhuma armaan oliitti dhiyaaterratti barsiisaa Taaggasuu Gabbisaa jiraataa ganda Amuumaa Agaloo kan ta’an af-gaaffii (Bitootessa 12/2011) dhiyaateef irratti hirmaatan immoo geerarsi kun afoolaa yeroo sirni biyya bulchuu cunqursaa namoota ykn hawaasarraan ga’u geerarama jechuun yaada isaanii itti dabalanii ibsaniijiru ,kunis haala hojii hammeenyaa sirnichi hawaasarratti raawwachaa jiru ittiin ibsachuuf hawaasichi itti dhimma bahaa jedhu .Fakkeenyaaf yeroo Haayile Sillaasee waa’ee sirna gabbarsuu lafaa kan geerarsaan balaaleffatan yoo ta’e jabana dargii ammoo waa’ee duulaaf jedhee isa dargiin dargaggoota waraanatti guuree fixe balaaleffachuu akka itti fayyadamaa turanii.Yeroo kana kan quuqama qabu hunduu dabaree isaatti geeraree rakkoo isaa himachuun hawaasa garaaraasa.jedhu. Akka odeefkennaan kun jedhanitti ;geerarsi diddaa gabrummaa kun gosoota geerarsaa biroorraa waan adda taasisu keessaa akka geerarsa kaanii inni kun namoota abbaa mirgaa ta’an qofaaf kan daangeffame miti. Namni kamuu geeraree quuqama isaa ibsachuu ni danda’a. Kana malees qabiyyee geerarsa kanaa inni guddaan akka geerarsa ajjeesaafaa geeraranii gootummaa ofiitiin dhaadachuufi namni hamma koo geessu hin jirtu jechuu miti. Inni kun qabiyyeen isaa kan gaddaan guuteedha.Akka

deebii odeef kennaa kanaatti ,namni geerarsa diddaa cunqursaa kana geeraru irra caalaa nama firri isaa sirna mootummaa biyya bulchuun ajjeeffame,nama mana hidhaatti dararamaa ture ,nama ilmi isaa mootummaadhaan dirqisiifamee adda waraanaatti ergameefi nama sirni gabbarsuu abbaa lafaa iyyoomsee ta'uun isaa hubatameera.

### 4.2 Caasaalee af-walaloo geerarsaa

Hawaasni Oromoo aadaa, duudhaa, amantaa , haala jireenya hawaasichaa akka tikfataniif dhalootaa dhalootatti akkaataa itti dabarsaa ture qaba.Bu'uuruma kanaan qorattuun akkaataa itti geerarsi raawwatamu irratti gaaffilee ,Caasaa af-walaloon geerarsaa ittiin raawwatamu akkamii? Duudhaan yeroo geerarsaa hedatamu maalii? jechuun af-gaaffii odeef-kennitoota gaafa 12/7/2011 yoomessa uumame irratti hirmaataniif dhiyeessite bu'uura godhachuun odeef-kennitoonni kun mari'atanii.Geeraraan akkaataa ittiin geerarsa eegalu, waan ibsatuufi akka itti geeraree yaada isaa xumuratu beeka. jedhu. Akka ragaan argame ibsutti Caasaan geerarsaa adeemsa geeraraan ittiin yaada dhiyeessu kan agarsiisuudha. Kunis akkuma barreeffamni tokko seensa, qaamaafi golaaba qabu geerarsis caasaa ittiin geeraruuf oolu seensa, dhimma dhiyaatuufi golaaba of keessaa akka qabu bira ga'ameera..

#### 4.2.1 Seensa af-walaloo geerarsaa

Adeemsi raawwii seensa geerarsaa haala (akkaataa) geeraraan irraa ka'ee geeraruu eegalu irratti hundaa'a. Seensi dhageessisus akeeka,fedhii,hubannoo,kabaja,xiiqii ,aarii geeraraan ittiin lafaa ka'e kan calaqqisuudha. jedhu odeefkennitoonni kun.

Namni kaka'umsa mataa isaan hunda dura geerarsa eegalu seensa armaan gadiitti fayyadama jedhu.

**Fkn: 3** A. Yaajoollee biyya keenyaa ,

Maaliif cal-jennee teenyaa,

Maaliif cal-jennee teenyaa,

Akka qabee qammanee,

Akka gowwaa dallanee,

Akkarooressa cabee,

Akka namarkaa dhabee!

Akkanamarkaa dhabee!

B. Weenniin mukarrararee,

Eegeen bissii fakkaataa,

Dura geeraran malee,

Booddeen machii fakkaataa !

Booddeen machii fakkaataa ! (Obbo Immiruu Uggaa)

Dhaggeeffattoonni ammo “Ishoo –o – o “ jechuun jala qabu jedhu. Fakkeeny walaloo seensa geerarsaa 3a armaan olii yoo xiinxalamu geeraraan jamaan faarse geerarsatti akka fidu eegee dhabuu isaarraan kan ka’e (waan jamaan faaruu geerarsa duraa jechuu tureef) akkanatti geeraree dhayinoo walaloo jalqabaatiin “yaa ijoollee biyya keenyaa “jechuun isaa yaa namoota as jirtanii! jedhee isaan waamuu isaa yookaan akka waa isaanitti himuu ka’e agarsiisa.Dhayinoo 2ffaafi 3ffaa yaaduma tokko ibsu yaada dhayinoo lammaffaa waan akka xiyyeeffatamuu barbaada. Dhayinoo sadaffaan irra deebi’ee ibse ergaan isaas maaliifan callisee taa’a ! jechuusaati malee waluma faana maaliif callisne jechuusaa miti .kana jechuun isin na faarsuu callistaniif ani geerarsa hin dhiisuu jechuuaa dhayinoolee itti aanan keessatti ibsatae.kunis:- “Akka qabee qammanee “yoo jedhu akka aadaatti qabee qammane (uke) jibbisiisaadha fooliin tolu kanaaf namni hin leellisu ,-“Akka gowwaa dallanee “ yoo jedhu ammo ,gowwaan dallannaan waan keessa hin deebineef namni sossobuu isaa hin dhama’u;akkuma gowwaa dallaneeti nu daggatanii jechuusaati. “Akkarooressa cabee “jechuun harooressi muka uleef (siiqqeef) oolu jaallatamaadha; yoo cabe garuu ,namni achi gata malee akka isa yeroo inni tajaajilarra jiruutti hin mararfatuu .haaluma kanaan geeraraan kunis achi nu gattanii jechuu isaati.“Akkanamarkaa dhabee “jechuunsaa ammo nama deegaa namni kabaja hin laatuufii ;akka deegaatti nutuffattanii jechuun komee jamaa irraa qabu kan ittiin ibsateedha. Fkn **:** 3b keessatti weenniin mukarra jiru ,waan baay’atee wal bira taa’ee argamuuf eegeen isaa wal duukaa rarra’uun naannoo sana miidhagina kenna.Akkuma kana geeraraanis yoo dura geerare waan miira sirriin (otoo hin machaa’in) geeraruuf jamaa dhaggeeffatutti akka tolu , boodarra yoo erga dhugee booda geeraru nama dhugaatiin sissi’eesse malee kan yaadni isa kakaase miti jedhamuun tuffatamuuf duran geerara jechuun ibsate. Maanguddoonni yoomessa

uumame kana irratti hirmaatan naamni akka geeraruuf tuttuqamee lafaa ka'e immoo geerarsa isaaf kanneen armaan gadii seensa godhata jedhu.

**Fkn:4** A. Geerar-geerari jedhuu,
Geerarii maal na gorsu,
Dhiira garaanuun obsu !
Dhiira garaanuun obsuu! Jedha; jamaan isaa ammo ,"Ishoo - o – o!" jechuun jalaa qaba .

B . Rasaasa tuqaa kaasaa,
Dhiira tuttuqaa kaasa a,
Barittii barasanaa,
Tuqanii nu kaasanii ,
Biyyaa nu calaasanii!
Biyyaa nu calaasanii! (Obbo Lataa Bantii )

Fkn**:** 4a jalatti geeraraan kun geerarsa geerari jedhanii maal natti himuu anaanuu onneen koo na obsisiise na hin teessisuutii jechuu isaati.Walaloo geerarsa Fkn**:** 4b jalatti ammo , dhayinoo tokkoffaan rasaasa yoo cancalaan tuqan ni futta'a jechuudha;dhayinoo lammaffaan ammo dhiira yoo tuqan aareetu lafaa ka'a jechuudha. Yaadni kun akkuma rasaasni yoo tuqan dhuka'u; dhiirris tuqaa hin jaallatu ;yoo tuqan ni dallana jechuusaa ta'a .dhayinoo sadaffaan barasana na tuqnaan an ka'e biyyaaf duulee jechuun na hin tuqinaa jechuusaati.

### 4.2.2 Geerarsa wal hrkaa fuudhuun geeraruu

Odeef kennittoonni kun geerarsa nama dura geeraraa jiru harkaa fuudhanii geeraruunis duudhaa geerarsaa keessaa isa tokkoo dha jedhu. Geeraraan nama isa dura geeraraa jiru harkaa fuudhee geeraruuf mallattoolee kabajaa isaa geeraraajiru calaqqisiisuf seensa armaan gadii dhageessisa jedhu.

**Fkn:5** A. Naadhiisdabareekootii ,
Anaafis abbaa kootii! jedheet seensa itti fufa

B. Simuruureyaqobboo,
Ya qobboo ko afaan karraa,

Sifuruure ya obboo?
Ya obboo koofaan dammaa,
Obboo ko obboleessa koo,
Yaqooqa toleessa koo!
Yaqooqa toleessa koo! ( Obbo Abarraa Abdiisaa )

Jedheet geerarsa isaa dhageessisuutti ce'a;jamaan ammo ,"Ishoo – o – o!" jechuun akka jalaa qabu yookaan jalaa cookuus ibsu .

C . Takkaa wal harkaa fuuna,
Akka jaallee abbaa duulaa,
Maal gochaa kophaa duuna ! jechuun itti fufuu danda'a.

D. Ani karra keen cufne ,
Danqaraan buusee darbe,
Ani cabsa keen dhufne ,
Dadhabuu keetan arge!
Dadhabuu keetan argee! ( Obbo Lataa Bantii )

Namni geerarsa nama harkaa fuudhee geeraruuf ka'u tokko hunda dura seensa geerarsa isaatiin kan harkaa fuudhee geeraruuf fedhe ta'uu isaa bifa (haala) kabajaa namicha geeraraa jiru eeguun gaafatee (addaan kuchisiisee ) geerarsaasaa itti fufuu akka qabu,nama hubachiisa. Odeefkennitoon "Duudhaan kun yoomiyyuu kan kabajamuu dha."jechuu ibsu. Akkasumas haala ittiin itti deebi'anii geerarsa geeraran akkam akka ta'e manguddoonni gaafataman yoo deebisan "Namni geerarsa dura geeraree iddoo garaa isaa hin geenye (geeraree hin quufne) yookaan kan jalqabee addaan kute, kaka'umsa mataa isaan yookaan tuttuqaa jamaatiin lammaffaa yookaan isaa olitti deebi'ee geeraruu danda'a jedhu. Seensa itti deebi'ee geeraruu isaa mul'isus dhageessisuu qaba jedhu .

**Fkn:6** A. Geerarsa lammeeffadhaa
Yaariyye dhaggeeffadhaa,
Yaariyyee koo gaajii koo,
Sittiodeessa raajii koo,

Dhukkuubbii koo salaphee,
Quuqqaa koosa cinaachaa,
Ka'ee ka'eet ijaajja !

B, Namni waan canshee dhiphoo,
Dhudhaatuun lammeeffattuu,
Namni sanyiin as dhiyoo,
Geerarsan lammeeffattu !
Geerarsan lammeeffattu ! ( Obbo Mulgeetaa Namarraa )

Ragaa argame kana irraa geeraraan geerarsa itti dedeebi'e kan geerarus , geeraree yoo hin quufne yookaan ,waan tuqameef ,quuqqaa isaa ibsachuufiis seensa akkasii akka dhageessisu,nama hubachiisa.Ragaan daawwannaa irraa argames haaluma kana kan mul'isuudha. Akkasumas fakkeenya **:**'6a' armaan oliin walaloon dhiyaate geeraraan isaa akka geeraree waa himuu barbaade ta'uu mul'isa.; '6 bn' ammo ofii isaatii kan geerareefi nama biroo kan akka isaa itti deebi'ee hin geerarre kan ittiin didheedha. Kanas "Namni sanyiin as dhiyoo geerarsa hin lammeeffatu "jechuun ibse .Kana jechuun isaas ani kan sanyii warra guddaa,sanyiin warra jaboo itti deebi'ee geerareera. Kan sanyiin ishee yartuu (kan lammiin ishee hin beekamne) garuu itti deebitee hin geerartu jechuun didhe .Kan kana dhaga'es itti itti deebi'ee akka geeraru nama hubachiisa.

### 4.2.3 Geerarsa golaabuu

Maanguddoonni marii garee irratti hirmaatan kun namni geerarsa qoomniitti geeraru geeraree yoo isa gahu ofuma isaa itti dhiisa (golaaba) kan jamaa biratti geeraru garuu "Maalan godha guddaasaa na'ga'eera fudhaagaa (egaa)"jechuun golaaba.;yeroo baay'ee garuu kan dabaree eeggatutu otoo inni sadarkaa ofiisaati "naga'eera"jedhu hin ga'in harkaa fuudhu jedhu.Egaa yaadni maanguddta kana irraa argame geerarsi akkuma seensa ittiin geeraruuf lafaa ka'an qabu ,golaabas qabaachuu nama hubachiisa.

### 4.2.4 Gosoota afoolaa,geerarsa jamaa biratti dhiyaatu waliin dhiyaatu

Afoolli af-walaloo geerarsaa waliin dhiyaatu kan akkamii fa'ii ? gaaffii jedhuuf odimtoonni yoommessa uumame irratti argaman duudhaa geerarsaa jamaa biratti dhiyaatu keessaa inni tokko

otoo af-walaloon geerarsa jamaa biratti dhiyaatu hin dhiyaatin dura faaruuwwanii gosa adda addaafi sirboota aadaa gosa adda addaa jamaaf dhiyeessuun duudhaa kabajamuu akka ta'e dubbatu.Akka yaada armaan oliin duudhaa geerarsaa otoo geerarsi jamaa biratti hindhiyaatin dura faaruuwwaniifi sirboota aadaa akka dhageessifaman ,kana jechuunis, afoolli yeroo geerarsaa qophiin dhiyaatuufi kan yeroo geerarsaa qophii malee raawwatamu irratti dura sirboota aadaa gosa adda addaa akka dhiyaatu ta'uufi duudhaa kun duudhaa yoom iyyuu hin cabne duudhaa kabajamaa ta'uu fi.erga kanneen dhiyaatanii booda geeraraan fedhii isaatiin geerarsa dhiyeessuu danda'auu;akkasumas namoota jiran keessaa warra abbaa mirgaa ta'an dursa akka geeraraniifi kanneen didan garuu tutuqanii ittiin kakasuuf jamaan faaruuwwan gootaafi sirboota aadaa gosa adda addaa akka dhageessisu hubatameera.

#### 4.2.5 Raawwii geerarsa jamaa biratti dhiyaatu keessaatti gochaalee eeyyamamoo ta'an

Af-walaloon geerarsaa duudhaa hedatamu maali ? gaaffii jedhuuf akka raga maanguddoota aanaa Boojji Dirmajii irraa argameetti af-walaloon geerarsaa jamaa biratti akkaataa hojiirra oolmaa isaa keessatti duudhaalee hedatamuu qabu qaba .Aadaa Oromoo Maccaa keessatti geerarsi jamaa keessatti dhiyaatu duudhaa yeroo hojiirra oolmaa isaa hedatamuuf ni qaba.Kunis amala inni addatti ittiin beekamuufi duudhaa hunduu kabaje akka ta'e dubbatu.Namni geerarsa kan geeraruu eegalu kaka'umsa mataa isaan ykn ormaan tuttuqamee ta'uu danda'a.Seensi inni ittiin geeraruu eegalus kanneen keessaa kan ittiin lafaa ka'e kan calaqqisiisudha jedhu.Akka yaada armaan oliitti kanneen armaan gadii kun duudhaalee yeroo geerarsaa hedatamuu qabaniidha.

1. Geerarsi dhiyaatu tokko seensa qaba ; qabiyyee irratti xiyyeeffatuufi yaada ittiin golaabaas qaba.
2. Geerarsi dhiyaatu jalaa cookaa qaba; otoo hin dhiyaatin duras faaruleefi sirboota aaddaa ittiin dhiyaatu qaba ; yoo dhiyaatus jalaa cookaa ,sirbootaafi faarulee adda addaa jamaan dhiyeessuun deggeramee hojiirra oola.
3. Nama harkaa fuudhee geeraruufi namoota toosisan yookaan itti jajjabeessan ,warri geeraran dabareen walharkaa fuudhanii akka geeraran taasisan qaba;kan harkaa fuudhee geeraruu barbaades kan harkaa fuudhee geeraru ta'uusaa seensa ittiin geeraree ibsatu qaba.
4. Kanneen geeraran yoo qophii malee ta'e , taa'anii geeraruu ni danda'u ;yoo jamaan tutuqamanii jamaa fuulduratti ba'uun wal jala qaxxamuranii maggaluun geeraru ;yoo

qophiin dhiyaatan ta'e immoo meeshaaleen deggeramanii asiifi achi wal jala qaxxaamuranii maggaluun jamaa fuul duratti geeraru .

5 Geeraraan dura geeraree yoo addaan kute / golaabe/ yoo lammaffaa dee'bi'ee geeraruuffedhe ammas seensa yeroo lammaffaaf deebi'uu isaa ibsu dhageessisuu qaba.

6 Namni ykn namoonni geerarsa dhiyeessaniifi kanneen dhaggeeffatan duudhaafi safuu geerarsaa keessaa tarii yoo wal dhaban jamaan geerarsa keessaa namni geeraruun /faaruu / dhageessisuun ykn sirboota dhageessisuun gidduu galuun araara buusa jechuun yaada qaban ibsaniiru .[18] Akka yaada odeefkennitoota irraa argame ibsutti gochaalee eeyyamaman kan geeraraan akka qajeelfamatti fayyadamee kan geeraru ta'uu isaa nama hubachiisa.

### 4.2.6 Wantoota af-walaloo geerarsa jamaa keessatti dhorkaa ta'a

Akkuma gochaaleen geerarsa jamaa keessatti eeyyamaman jiran gochaaleen dhorkaa ta'anis jiru jedu.

- Waltajjii geerarsaa irratti boo'uun dhorkaadha.
- Waltajjiilee geerarsa jamaa irratti ciisuun dhorkaadha.

sirboonnii fi faaruuwwan waltajjii geerarsa jamaa irratti dhiyaatan marti qabiyyee isaaniin (kan geerarsaan wal qabatan)qofa ta'uu qabu .kan gosa biraa dhageessisuun dhorkaadha**.**

- Walaloo geerarsaa, walaloo sirbaa ykn walaloo ittiin jalaa cookaa taasisanii itti fayyadamuun dhorkaadha.
- Namoonni dura jibbiinsa walirraa qaban waltajjii tokkorratti geerarsa dhiyeessuun dhorkaadha. warra miidhaa irraan ga'etu dheessuu qaba.[14] Yaada kanarraa ammo geeraraan duudhaa hawaasaa kana kabajee geeraruu qabu marii kanaan mirkanaa'eera.

### 4.2.7 Jalaa cookuu geerarsaa

Maanguddoonni gaafa 12/7/2011 ganda Giddaa Boojjii mana obboAbarraa Abdiisaa yoomessa uumame irratti argamuun raga kennan ,jalaa cookaan faayidaa adda addaa qaba,jalaa cookaa kanas jamaan dhimmoota adda addaaf fayyadama.Geeraraan akka geeraruuf ittiin tutuqanii lafaa kaasuu;Geeraraan otoo geeraraa jiru addaan kuchisiisuun akka aarii cabsatu gochuuf fayyadamu; Namni geeraraa jiru akka aara galfatu gochuuf itti gargaaramu; .Nmni Geeraraa jiru geerarsa

addaan kutee akka dabaree nama biraaf dabarsuuf ittiin addaan kuchisiisu;Geerarsa keessa kan wal mufataa jiru yoo argame ittiin gidduu galanii tasgabeessanii geerarsa geeraruu akka itti fufu gochuuf itti fayyadamu jedhu. Jalaa cookaa armaan gadii akka fakkeenyaatti dhageessisanis akka itti aanutti xiinxalameera.

**Fkn: 7** Jiinaabahuu jiinaabahuu,

Haayaatu naggaadeenillee,

Siifaanahuu siifaanahuu,

Ayyaannumtibbaa keetillee,

Mee jedhimee dabalimee ?

Ykn

Egaa booruun baqaqee,

Egaa toluuf kakatee,

Mee jedhimee, dabalimee? ( Obbo Malkaamuu Tolaa )

Jalaa cookaan geerarsaa kun yoo xiinxalamu geeraraan gidduutti aara galfatee akka itti deebi'ee geeraru gochuuf akkasumas akka ittifufee geeraruuf sissi'eessuuf kan jedhamuu akka ta'e nama hubachiisa. Dabalataanis geerarsa jamaa biratti dhiyaatu keessatti jamaan gumaataakka qabu, Geerarsa jamaa biratti dhiyaatu kana keesssatti jamaan geeraraa jalaa qabuun ykn geeraraa jalaa cookuu ykn sirbootaafi faaruwwan adda addaa dhiyeessuun ykn dhageessisuun geerarsa keessatti qooda akka fudhattu hubatama. Maanguddoonni Bitootessa 12/2011 af-gaaffii dhiyaate irratti hirmaatan fakkeenya armaan gadii kennaniiru.

**Fkn : 8** Kanwallisu kan jalaa qabu

A- Iyyoolee yaroobaa B.Iyyoolee yaroobaa!

A-Ennaa waaqni roobuu, B.Dhagaa jalli- addaata

Dhagaa jalli-addaata.

A-Yemmuu goonni cookuu, B.Garaan namammaata,

Garaan namammaata, B.Iyyoolee Yaroobaa ! ( Obbo Taaggasuu Gabbisaa

Akkasumas maanguddoon kun geerarsi jamaa biratti dhiyaatu jalaa qabaa qaba.Jamaan geerarsa dhaggeeffachaa jiru hundi akkuma geeraraan geerarsa aangii tokko dhageessisee sagalee isaa addaan kuteen,walfaana sagalee tokkoon Ishoo – o – o!jechuun jalaa qaba .;duudhaan kun yoomi iyyuu yeroo geerarsi jamaa biratti dhiyaatu kabajamaadha.Ishoo –o –ojedhanii jalaa

qabuun ,geeraraan akkuma walaloo geerarsaa aangii tokko dhageessiseen itti aansuun kan itti fufu ta'a jedhu.

Yaada kennamee kana irraa jalaa cookaan gosa lama akka qabu; kan jamaan waliin sagalee tokkoon ittiin faarsuun dhiyeessanii fi sirboota ittiin goota faarsan akka ta'e,Lachuu geerarsa dura ,gidduutti ykn booda akkuma barbaachisaa isaatti dhiyaachuu akka danda'u ;Jamaan jalqaba irratti kan faaruu dhageessisu yeedaloo geerarsi ittiin dhiyaatee geeraramuufi ergaa geeraraa dhaggeeffachuufi akkasumas kan sirba sirbisiisuun ammo sochii qaamaa do'achuufii akka gargaaru hubatameera.

### 4.3 Yoomessa af-walaloo geerarsaa

Gooroowwan afoolaa baayeen isaan kan yeroo fi bakkaan murtaa'aniidha kana jechuunis kan isaan hojiirra oolan yeroo beekamaa ta'e tokko keessatti. Fakkeenyaaf hibboo yoo fudhannee kan ijoolleen hibbifachuun taphatan galgala waa'eef. Kana ilaalchisuun hayyoonni garaagaraa yaada garaagaraa kennu.Geerarsi (afoolli ) tokko yoom,eessatti fi maaliif akka geeraramu addaann baasanii beekuun ni danda'ama jedha.( Addunyaa,2014: 214).

Melakneh,( 2006:76 ) og-afaan keessa yoomessi bakka yeroo fi haala ta'iinsi tokko itti raawwate kan agarsiisuudha.Kunis ogafaan tokko yeroo ,bakka fi haala itti hurrubamu qaba jedha Geerarsi Oromoo Maccaa yoomessa akkamii keessatti raawwatama ? Gaaffii jedhuuf Odeefkennitoonni yoo ibsan ,Geerarsi jamaa biratti (namoota keessatti ) dhiyaatu,waltajjiilee miir- gammachuu keessummeessan adda addaa qophiin ykn qophii malee dhiyaachuu danda'a jedhu. Akkasumas namni geerarsa jamaa biratti dhiyeessu tokko dursee bu'uura yoomessa uumamaa keessatti muuxannoo qabaachuu qaba .Kunis sochii warra geeraran ilaaluun sagalee isaanii caqasuun akkaataa ittiin maggalan ,akkaataa itiin dhabbatan ,akkaataa ittiin faacha mirmirsan akkaataa eeboo (yeroo eeboon hin jirre ulee qabatanii geeraranfaa) beekuu akka qaban dubbatu. Akka yaada kanaatti geerarsa jamaa irratti qooda fudhachuuf warra muuxxannoo qaban dhaggeeffatanii hordofuun;gochaalee geerarsi ittiin dhiyaatu warra geeraran akkeessanii jedhuun geeraruu baru ;ofiis kalaquun ittiin shaakalu kun immoo duudhaa geerarsaa hedatamuuf bu'uura ta'uu nama hubachiisa.Dabalataanis namni geerarsa jamaa biratti dhiyeessu (geeraru) qophiidhaan ykn qophii malee ta'uu danda'a.kan qaphiidhaan geeraru meeshaalee adda addaa gootummaa geeraraa ibsan ; qabachuun , hidhachuun kaawwachuu,dibachuun (meeshaalee

raawwii qabatamaa geerarsaan deggeramuun) waltajjiilee ayyaana waggaa adda addaa geerarsi irratti dhiyaatu irratti argamee geerara.Fakkeenyaaf namni goonni tokko mataa isaa dhadhaa dibatee ,filatee ,gurra bitaatti lootii kaawwatee ,harka bitaatti eeboofi gaachana ittiin lolan qabatee ,mirgaatti daashee isaa (fiixee eegee isaa) olgalagalchee qabatee dhiyaata akka geeraruu danda,u mirkanaa’eera. .Akkaataa qabannaa faachaa ilaalchisee odimtoonni qorannoo kanaa akka itti aanutti ibsu,.Faachi abbaan irra jiru (hin dune) yoo baatamus yoo kaa’amus daasheen isaan olqabameeti mallattoon isaas abbaan mirgaa lubbuun jira jechudha. Ajjeesaan yommuu geerarus nama akkasaa goota ta’e ,ajjeesaa gosa bineensaa kam iyyuu yookaan nama diina ajjeese goota jedhamee beekamuu wajjin wal jala qaxxaamuruun maggalee geerara. Namni leenca ajjeese ammo rifeensa isaa filatee , dibatee mataatti goofarii kaawwatee ,gateettiitti anfaarroo kaawwatee eeboo ittiin lolan bitaan qabatee dhiyaata;geeraras jedhu.Geerarsi qophii malee garuu meeshaalee kanneeniin deggeramee kan dhiyaatu miti .;taa’anii geeraru.Yoo jamaan tutuqamanii ka’an garuu bakka faachaa ulee sorooroo mirmirsuun wal jala qaxxaamuraa maggalanii geeraru.Akka yaada kanaatti abbaan mirgaa yoo lubbuudhaan jiraate qophiidhaan kan geeraru ta’e ulaagaa armaan olii guuttatee geeraruu akka qabu;yoo qophii malee ta’e immoo kanneen guuttachuuf kan hin dirqisiifamne ta’uu nama hubachiisa.

### 4.4 Qabiyyee af- walaloo geerarsaa

Gaaffii qabiyyeen af-walaloo geerarsaa maal fa’ii ?jedhuuf barsiisaa Taaggasuun Gabbisaa gaafa 12/7 2011 af-gaaffii dhiyaatef irratti hirmaatan yoo ibsan beekumsa aadaa hawaasa afaannicha dubbatu irratti qabaniin daanga’aa,Isaanis hiika argataa kunimmoo dandeetti namoonni waan sana hubachuun ibsan irratti hundaa’a waan ta’eef garaagarummaa qaba jedhu. Biraanuu (1999 :18-19 ) yaaduma kana yoo ibsu “Walaloo qaaccessuufi ajaa’ibsiifachuuf dandeettii namni walalicha dubbisuun qabuufi beekumsi namni aadaa walalichi ittiin dhiyaatu irratti qabu gabbataa ta'uu qaba.”jedha. Yaadni kun hiika qabiyyee walaloo geerarsaa Oromoo beekuuf aadaa hawaasa Oromoo sirriitti beekuu kan gaafatu ta’uu isaa nama hubachiisa .Kana keessatti immoo beekumsi hiika jechootaa aadaa sana keessaa jechamoota yaada aadaa keessatti calaqqisu ifa taasisuuf sadoommii gosa adda addaa beekuu,keessattuu hiika fakkoommiiwwanii beekuun murteessaadha. Hiika jechootaa qabiyyee walaloo ibsan ilaalchisee Biraanuun yoo ibsu,”Ogwalaloon unka irra keessoo isaan jechoota muraasaan yaada bal’aa mudannoowwan hedduu ykn haala wal xaxaa adda addaa ibsuu danda’aa.”jedha.Yaadni kun qabiyyeen walaloo

jechoota muraasaan yaadni bal'aan ibsamu ,kan yoo hololoon ibsamu jechoota hedduun ibsamu akka ta'e agarsiisa.

### 4.4.1 Gosoota af-walaloo geerarsaa

Qorattuun kun geerarsi gosa yoo qabaate adda baafachuuf 'gaaffii "Geerarsi gosa qabaa?"jedhu namoota madda odeeffannoo qorannoo kanaaf kan dhiyeessite yoo ta'u,Maanguddoonni gaafa ( )marii garee irratti hirmaatan bifa walfakkaatuun akkaataatti (haala keessatti)dhiyaatu irratti hundaa'uun geerarsi kan qoomniitti dhiyaatuufi kan jamaa biratti dhiyaatuudha jechuun deebii kennaniijiru.[22] Bu'uuruma yaada armaan olii kanaan geerarsi kan qoomniitti dhiyaatuufi jamaa biratti (keessatti)dhiyaatu jedhamee bakka lamatti qoodama .

#### 4.4.1.1 Geerarsa qoomni

Geerarsa qoomni jechuun geerarsa geeraraan bakka namni isa bira hin jirretti qofaa isaa geeraru jechuudha .Geerarsi kun bakka namoonni wal gahanitti waan hin dhiyaanneef geeraraan nama jalaa qabus nama jalaa cooks hin qabu,kana malees nama harkaa fuudhee geeraru hin qabu.Namoonni halaalaa sagalee nama qoomniitti geeraraa jiru yoo dhaga'anillee jalaa hin qaban ykn jalaa hin cookan ,kun duudhaa beekamoofi kan yeroo geerarsa qoomnii kabajamaa akka ta'e manguddoonni ni ibsu .Geeraraan geerarsa qoomnii bakka duuletti ,bakka hojii adda addaatti ,yeroo karaa adeemu ,yeroo kophaa ta'u ,halkan bakka midhaan eeganitti , bakka loon eegan godoo loonii keessatti ,bakka kkf geeraruu danda'a.

Gama biraan geeraraan qoomniin yoo geeraru,waan qabatamu ,uffannaa aadaa,waan kaawwatamu hin barbaadu kaayyoon isaas mukuu bahuu ykn geerarsa jamaa biratti geeraruuf shaakaluudha.Akka yaada kenname kanaatti geerarsi qoomnii jamaa kan hin hirmaachifne waan ta'eef akka geerarsa isa jamaa biratti dhiyaatuu sochii qaamaa adda addaa ,haala hirmaannaa jamaa ,fakkoommiiwwaniifi afoola gosa adda addaa waliin akka hin dhiyaanne hubatameera.

Geerarsa armaan gadiitti dhiyaate akka itti aanutti xiinxalameera.

**Fkn : 9** Anoo sanyii jaraatii,
Warra ce'ee ceesisu ,
Warra gahee geessisu,
Warrakka biilaa muruu,

Warrakka biilaa muruu !
Qalamaan eegee dheeraa ,
Gilaasaanin bareeddu,
Gilaasaanin bareeddu,
Ilma sanyiin durnamaa,
Ifannaanin bareeddu,
Ifannaanin bareedduu!       ( Obbo Fiqiruu Qana'aa )

Geerarsi kun yoo xiinxalamu namni geerarsa kana geerare haala keessa jiru ittiin ibsate.Rakkoo fi roorroo isa irra jiru mormuuf cimina abbaa isaafi kan lammii isaa boraafachuun jaalalaa fi jibiinsa isarra jiru ittiin ibsate.

#### 4.4.1.2. Geerarsa jamaa biratti (keessatti) dhiyaatu

Akka yaada odimtootarraa argame ibsutti geerarsi jamaa biratti dhiyaatu duudhaalee hedatamuun ittiin dhiyaatuufi waltajjiilee adda addaa irratti dhiyaatu qaba.Geerarsi kunis kan geeraraanhaala jireenya isaan wal qabatu ittiin ibsatuu jedhu.

- Akkaataa namoota madda odeeffannoo qorannoo kanaatti geerarsi kun kan  dhiyaatu yeroo gaddi naannoo waltajjii geerarsi irratti qophaa'uu fi bakka namoonni gaddarra jiran waltajjicha irratti hin argamnetti akka ta'e dubbatu, yaada kanarraa wanti hubatamu geerarsi nama biratti (keessatti)geeraramuu kan hin dandeenye  naannoo sana keessatti yoo namni dhiyootti du'e yoo jiraate (gaddi waan hin baaneef);  itti qophaa'u halaala ta'ee namoonni waltajjicha keessatti argaman kanneen firri jalaa du'e yoo yeroo gadda hin xumurre akka hin dhiyaane hubatama.
- Waltajjiileen geerarsa jamaa irratti dhiyaatu maal fa'i?Gaaffii jedhuuf raga kennitoonni qorannoo kanaa yoo deebisan akka walii galaatti waltajjiilee miirgammachuu qabeessa namoonni irratti walgahan kan akka yeroo ajjeesaan, duulee galu ,yeroo ayyaana waggaa adda addaa, yeroo cidhaa, yeroo daboo ,yeroo maabarii wal waamanii waliinnyaatanfaadha jedhu. Akka yaada armaan olii kanatti geerarsi jamaa biratti dhiyaatu waltajjiilee miir- gammachuu qabeessa ta'an qofa irratti kan dhiyaatajechuudha. yeroo gaddaafi yeroo gaddi dhiyootti jirun ala waltajjiilee add aaddaa kan akka daboo, jigii ,cidha ,  ayyaana waggaa ,kkf irratti ta'uu danda'a.Geerarsa isaan dhiheessa kanas akka armaan gadiitti xiinxalameera.

**Fkn: 10** a. Takka bookkisuu laataa,
Narraan fokkisuu laataa?
Yoon geerare maal qabaa?
Eessa koot mudaa qabaa,
Eessumni koo qeeransaa,
Lammiin koo leenca kormaa,
Eenyubbaasheet namormaa?
Eenyubbaasheet namormaa ? jedha

b. Ka'een irraa jijjigsaa ,
Akka baasaa dinnichaa,
Maafan ukkaamsaan du'aa,
Akkalma sanyiin qabnee ,
Akkalma sanyoon dhalchee!
Akkalma sanyoon dhalchee! jedha.

c. Sanbatan qotin malee
Sanbat duraan maal qabaa?
Hiriyyeen quuqin malee.
Quuqeen geerarin malee
Lammii koon quuqin malee,
Quuqeen geerarin malee,
Yoon geerare maal qabaa? ( Obbo Dhaabaa Silgaa )

Fkn**:** '10a' armaan olitti dhiyaate geeraraan geerarsa geeraruuf barbaade kun nama ofii isaati gahee bahuu qabu kan hin baaneefi geeraruuf immoo cimina firoottan isaa fi falaasama jireenya hawaasichaatti hirkisee raawwachuu fedhuu isaa namatti agarsiisa .dhayinooleen "Eessumni koo qeeransa lammiin kooleencakorma"jechuun isaa akkuma qeerransaafi leencaa firri koo cimoo kanneen namni dura hin dhabane "Eenyutu anaan dura dhaabbataa ?Anoo kan gootaatii geerarsa geeraruun qaba!'jedheeisaaniin dhaadatee geerarsa geeraruu eegaluu hubatama . Fkn**:**10**"**b**"** jalatti ammo geeraraan kun geeraruuf kan mirga hin qabne kan ibsateefi kan namni (firri )isa beeku ilma abbaan beekamaa ta'e akka ta'e ibsata. Gabaabumatti cimina(jabina)abbaasaatiin baannatee geerarsa eegaluu isaa namatti agarsiisa .Fkn **:** **'**10c' Jalatti geeraraan "waan fira(lammii)miidhu ykn waan yartuu hin dhiyeesin maleeyoon geerarsa dhiyeesse maal ta'a

?"jedhee ibsate .Walumaagala haala armaan olitti ibsamerraa wanti hubatamu geeraraan kamiyyuu geerarsa dhiyeessuu keessatti jalqaba geerarsa irratti seensa geerarsaaa isaa dhageessisu kan qabu ta'uu isaati. Seensi geerarsaa geeraraan dhageessisus kan gahee gita hojii hawaasummaa keessatti geeraraan qabu kan ifa godhu;.Jamaan dhaggeeffatus isa irratti hundaa'uun qixa inni miidhagsee dhiyeesseen akka jalaa qabufi;jalaa cooka dhgeessisaa hubatameera.

Akka ragaandaawwannaafi marii garee xiyyeeffannoo irraa argame ibsutti geeraraan jamaa biratti dhiyaatee geeraru gocha(raawwii)yeroo darbee,yeroo ammaafi egeree kan nama kaanii ykn kan maatiisaa ykn kan lammii isaa ibsu dhiyeessa .

Qabiyyee isaatiinis waan ta'e ,waan ta'aa jiru ykn waan ta'uuf jiru ,akkasumas cimina,rakkina ,aarii,gammachuu, fedhii,jaalala,jibbiinsa,mormii…..kkf qabu (ture)ykn jiru ittiin ifa baasee jamaaf seenessa jamaan dhaggeeffataa jirus akka inni waan seenessu jalqabeitti fufee seenessuuf "Ishoo – o – o!"jedhee sagalee walaloon jalaa qaba .Itti sissi'eessuuf (itti jajjabeessuuf)"jalaa cookuun boqochiisee ykn aara galfachiisee geeraraan yaada kuufate akka itti deebi'ee geeraru godha. Ergaa inni geeraruun (seenessuun)waa himuu isaa biratti dandeettii inni sochii qaamaan (sirbaan)qabuufi dandeettii inni yaada isaa meeshaalee ittiin geeraraniin deggeree dhiyeessuun qabu doowwachuu fi immoo ,sirboota goota faarsan dhagessisuun ittiin dhichisu (sirbisiisu).

Akka odeeffannoon daawwannaa yoomessa uumameefi , marii garee xiyyeeffannoo irraa argame ifa godhutti ,geeraraan waa'ee isaa geerarsaan booree bahe (bahaa jiru)ykn bahuuf jiru irratti akeekee dhiyeessa .kun immoo sadarkaa namoonni gita hawaasummaan hawaasa keessatti qaban irratti hundaa'a.;tartiibni ittiin geeraranis isaan murtaa'a. Bu'uura kanaan walaloon namoonni ittiin geerarsa dhiyeessan (ittiin geeraran) garaagarummaa niqabaata

A) Geerarsa nama deegee badhaadhe ittiin tuqan

Akkaataa ragaan Daawwannaa yoomessa uumame irraa argameen ibsutti namoonni nama deegee badhaadhe geerarsaan tuquu danda'u jedhu.

**.Fkn**:**11** Namni beela'ee nyaate ,
Hambaa namaan hanbisu,
Namni deegee badhaadhe,

Sangaa namaanergisu !

Sangaa namaanergisu!      ( Obbo Fiqiruu Qana'aa )

Geerarsi armaan olii kun yoo xiinxalamu nama deegee badhaadhe geerarsa ittiin tuqanii dha.

Ergaan isaa ammoo ceepha'anii akka inni sangaa namaaf ergisuuf didhudha.

Geerarsa ittiin bara komatan

B. Silaa keessa hin dabarruu ,
Barichatu hamaadhaa ,
Dubbannee mirga hin qabnuu ,
Gaafannee deebii hin qabnu ,
Goddaannisa hedduu qabnaa !
Godaannisa hedduu qabnaa !      (*marmaartuu* )
Garaachi birrii bittee ,
Xeeriin alaada baastee ,
Fooniif garaan nacite ,
Lammiin lammii kasasinaan ,
Lammiin lammii dhigsinaan ,
Firaaf garaan na cite ,
Kam himannee kam dhiifnaa ,
Firatu firaaf diinaa !
Firatu firaaf diinaa !      ( Obbo Namarraa Caalii )

Geerarsa kun geerarsa ittiin bara komataniidha.

Ergaan geerarsa kana keessatti garaachii fi xeeriin nama lammii dhigsuu fi lammii isaa kasasuun wal lolchisiistutu mul'ata.Erga gatiin garaachaa fi gatiin xeerii akkas qaala'ee ,fooniif garaan kutadhee.Akkasumas ,erga lammiin lammii dhigsee fi lammii kasasee ,firaaf garaan kutadhee .Haaluma kanaan warri diina jala shiminaniin lammiin isaanii halagaa jalatti akka kufan sababa kan ta'an , lammii isaanii dhigsuun meeshaa halagaa ta'aa tureera.Kana malees kan himannu baay'eetu jira .Garuu kan himannee dhiifnu waan hin qabneef .walumaagalatti firatu firatti diina ta'ee jira jechuudha.

**Fkn: 12** Warri harree kabeelaa,

Daariirra gadaleelaa,

Nuergachuu kajeela!

Nuergachuu kajeelaa! ( Obbo Fiqiruu Qana'aa )

Qabiyyeen geerarsa gosa kanaan geeraraan waa'ee (haala )jiruu fi jireenya ormaa keessaa irratti yaada kan ittiin dhiyeessu (qeequ) dha. Yaada isaa kanaanis ni jaja;ni tuffata; ni abaara ;ni gaafata ; gochaa isaanii irratti mormii ykn deggersa qabu ifa godha …kkf dhimmoota adda addaa irratti qeeqa dhiyeessa.

Ergaan geeraraan kun geerarsa kanaan ormi akka isaan hacuucu ykn dhamaasuu barbaadu kan ittiin ibsateedha. Walaloon kun dhuka lama kan qabu yoo ta'u ,ergaan isaa kanaaf yaad-ka'umsaa of keessaa qaba .kunis" warri harree kabeelaa daariirra gadaleelaa."kan jedhu kun immoo ibsa dhuka lammaffaa isaati ;geeraraanis warra nama hacuucuu fedhu kanneen qeeqaa jira .

**Fkn :13** Boqqolloon birraa dhufaa,

Baaduun arfaasaa dhufaa,

Eessa abbaa kootii fuudheen ,

Walitti nyaadheeilaalaa,

Humni ganama dhufaa,

Qalbiin galgala dhufaa,

Essa abbaakootii fideen,

Walmaddii Kaa'eelaalaa? ( Obbo Abarraa Abdiisaa )

Qabiyyeen geerarsa armaan olii gaabbii agarsiisa.

**Fkn:14** Namni waancaanshee dhiphoo,

Dhudhaatun lammeeffattuu,

Namni sanyiin as dhiyoo,

Geerarsan lammeeffattuu !

Geerarsan lammeeffattuu !

Qabiyyeen geerarsa armaan olii tuffii agarsiisa.

Ergaan isaa ammo ani sanyii warra jaboo,warra guddaa waanan ta'eefan itti deebi'ee geeraree;

Kan sanyiin ishee yartuu garuu itti deebitee hin geerartu jechuun didhe.Kan kana dhaga'es itti deebi'ee geerara malee itti dhiisee hin taa'u.

### 4.4.2 Sadoommiiwwan (dubbiiwwan qoolaa ) walaloo geerarsaa keessaatti

Sadoommiiwwan (dubbiiwwan qoolaa)gosa adda addaa walaloo geerarsaa keessatti argamu danda'u.Bu'uuraraga walaloo geerarsaa madda odeeffannoo adda addaa irraa argame irratti hundaa'uun yoo gosoonni dubbii qoolaa armaan gadii keessatti xiinxalamaniiru.

- **Akkasaa**

Akkasaan sadoommii amala waan tokkoo isa biroon wal madaalchisuun kan dhiyeessa dha.Adeemsa wal madaalchisuu keessatti waloon (geeraraann )amala isa hin beekamin amala isa beekamuun eeruun dubbisaaf ykn dhaggeeffataaf dhiyeessuudha. Kandhaggeeffatan/dubbisan sun ni beeka jedhee yaadu ibsuuf  dursee itti dhiyeessuun (amala isaa himuun)kan inni waan ibsuu barbaade sanaibsuuf jechoota "akka","fakkaata","hin fakkaatu","diimaadha",…kkf jechuun ykn maqdhaal  isa/ishee /isaan /nu/isin…kkf fayyadamuun maqaa wantoota eeruun ittiin wal madaalchisuun kan himuudha.

**Fkn:15** Weenniin mukarra raaree<br>
Eegeen **bissiifakkaatti**<br>
Dura geeraran malee<br>
Booddeen **machiifakkaatti** ( Obbo Namarraa Caalii )

Walaloon geerarsaa kun  yoo xiinxalamu dhuka lama qaba .Dubbiin qoolaa(sadoommiin )dhuka lameenuu keessatti argamu Akkaasaa dha.dhuka tokkoffaa (dhayinoolee lamaan jalqabaarraa)keessatti kan wal madaalchifame eegeefi bissii dha. Dhuka lammaffaa dhayinoolee xumuraa lamaanii keessatti ammo duraa fi booda .Dhukni walaloo tokkoffaan walaloo kanaa ibsa ykn yaad-ka'umsaa dhuka lammaffaa (ergaati).Haala yaada kanaan akkuma yoo weenniin mukarra walitti qabatee tessu eegeen ishii walfaana gumaa'ee bissiifakkaatu bareedee namatti tolu kan dura geeraru nama ergaa dabarfachuuf geeraru .kanaaf, sammuu nagaan waan geeraruuf namatti tola ;dhaggeeffaas qaba.(ni jaallatama)Inni boodarra dhufu (Inni eega dhugee machaa'ee geeraru)garuu sammuu nagaan ,yaada qindaa'een geeraree ergaa sirriitti dabarfachuu waan hin dandeenyeef dhaggeeffataa hin qabaatu.(hin jaallatamu)jechuudha .Kanaafuu, ergaa geerarsaaf kan dura geeraru wayya jechuu isaati.

**Fkn : 16** Halkanii guyyaa joorree,
Waraabessa fakkaannee,
Dheedhii bilchaataa nyaannee ,
Halbaadhessa fakkaannee,
Akaayiin midhaaniiree?
Qoonqoodhaaf nyaannemalee,
Biyyormaa gaarii dhaaree,
Booreedhaaf teeny malee!
Booreedhaaf teeny malee! ( Obbo Malkaamuu Tolaa ).

Walaloon geerarsaa kun yoo xiinxalamu dhuka afur(4)tti qoodamua.Dhuka tokkoffaa fi lammaffaa sadoommii akkaasaan dhiyaatan. Dhuka tokkoffaa keessatti haala jooruu isa fi joora waraabessaan wal dorgomsiisee dhiyeessee.dhuka lammaffaa keessatti ammo haala itti nyaatuufi haala nyaataa albaadhessaa wal madaalchisuun dhiyeesse .(albaadhessa kan nyaatee nagahe hin jenne taanee akkasumas kan deemee hin quufnee hin dhiisnee taane jechuu isaati).Geeraraan kun hedduu kan joore fi rakkina irraan kan ka'e waanuma argate akka nyaateeru himate.

- **Arbeessuu**

Malli dubbii kun amala waanti tokko qabu garmalee olkaasuun yookaan garmalee gadi buusuun ibsuuf kan gargaaruudha.kana jechuuf yaada tokko arbeessuufi kineessuunibsuuf kan tajaajiluudha.Arbeessuun dhugaa jiru tokko irratti garmalee dabaluudha.Malli dubbii kun olkaasanii mul'isuuf yookaan miira dinqisiifannaa nama keessatti uumuuf fayyada.

**Fkn:17** Yaarmee miila gogorrii,
Yaadha ijoollee korommii ! ( Obbo Fiqiruu Qana'aa )

Walaloon geerarsaa armaan olii kun yoo xiinxalamu sadoommii arbeessuun kan dhiyateedha.Haala keessatti mul'atuunis, dhayinoo tokkoffaa keessatti miilli haadha geeraraa kanaa amala miila gogorrii fudhatee jira .Miilli gogorrii qaql'oo kan bareedina qabu dha. Haala kanaan geeraraan kunis, miilli haadha koo miidhagina qaba jechuu barbaade jechuudha. Dhayinoo lammaffaa keessatti ammo ijoolleen haadha isaa korommii (dhiira kanneen ciccimoo) dha jechuun geerarsa isaa ibsate.

**Fkn :18** Yaabbabbaa gooba kormaa,
Kooran beektukka ormaa ! ( Obbo Fiqiruu Qana'aa )

Dhayinoon walaloo geerarsa armaan olii keessatti gosoota sadoommii lamaof keessaa qabu.Inni tokkoffaan arbeessuudha .Achi keessattis gooba kormaatu abbaa geeraraa kanaa bakka bu'ee jira .Gooba kormaa nama beekutu abbaan isaa maal akka ta'e beekaafii jechuudha.Goobni kormaa guddaa,kan halaalaa mul'atu ,kan korma sana miidhagsu ,kan sodaachisudha. Geeraraan kunis abbaan isaa kun kan namni isa beeku (kan namoota keessaa ol ba'ee beekamu ;cimaa kan nama sodaachisu) akka ta'e ibsate.

Dhayinoo lammaffaan garuu "akkaasaan "dhiyaate abbaan isaa akka ormaa kan namatti hin koorreta'uu isaa ibsate .Haalli kun walaloo dhuka tokkoo (aangii tokko )keessa sadoommiin adda addaa akka argamuu danda'u namatti agarsiisa.

- **Nameessa**

Gosni sadoommii (dubbii qoolaa) kun wantoota nama hin ta'in amala namaakennuufiin gochaalee namni raawwatu (waan amala namaan wal qabatu akka mul'isu )gochuudha. Walaloo geerarsaa keessattis haalli kun ni mul'ata.

**Fkn: 19** Maal naan goone miilli koo,
Miilli koo sheen babattee,
Lafan beekneennadhaqxee,
Dubartii na reebsiftee!
Dubartii na reebsiftee! ( Obbo Immiruu Uggaa )

Walaloo geerarsaa armaan olii kana keessatti haala ibsameen ,geeraraan kan miilli isaa fuudhee deemee ,lafa inni hin beekne eega geessisee booda ,dubartii (nama dhiira reebuuf human hin qabdu jedhamtee yaadamtu )reebsisuu ykn dhaansisuu isaa himate .Haala akkasii kana jechuun gochaan nama fuudhanii deemuu,laga ceesisuu nama reebsisuu kun gochaa namni raawwachuu qabuudha.walaloo kana keessatti garuu gochaalee kana miilli geeraraa kanaa akka raawwatetti himame.Kanaafuu miilli geeraraa kun namoomeera jechuudha

Haalli kun sadoommiin ittiin dhiyaate nameessa ta'uu isaa kan agarsiisuudha.

**Fkn : 20** Allaattiillaattiin nyaattee,
Baallsheebuusuu diddee,
Na nyaatte budaan durbaa,
Qooqa koo buusuu diddee!
Qooqa koo buusuu diddee! ( Obbo Immiruu Uggaa )

Walaloo geerarsa armaan olitti dhiyaate dhuka lammaffaa isaa "Na nyaatte budaan durbaa,Qooqa koo buusuu didde !"yoo jedhu" budaa durbaa " waan nama hin taanee tokko akka waan nama taateetti ,akka waan alanfattee nyaatteetti fi qooqa isaas liqmsiteetti waan nama hin ta'in namoomsee himate jechuudha.Haalli kun sadoommii walaloo kanaa keessaa nameessa ta'uu isaa agarsiisa.

- **Nameessuu**

Nameessuun haala dubbii qoolaa (sadoommii) waan nama hin ta'initti akka waan nama ta'etti fudhachuun itti dubbatu dha.haala itti dubbii kana keessatti dhalli namaa wantoota (uumama)nama hin ta'in ni kadhata ni sossobaa,ni wareega,waa itti hima(ta) ,ni komata …kkf raawwata .waan waliin dubbiin raawwatu mara kaaseet itti dubbata ;wanti itti dubbatamu sun garuu namni jalaa hinqabu(deebii hinkennu);waan namni itti dubbatu sun garuu duub-deebii (feedback)hin qabu .Haalli akkasii walaloo geerarsaa keessatti kan calaqqisu ta'uusaa ragaan armaan gadii ni agarsiisa.

**Fkn: 21** Been-ingallaa yagurree,
Biyya baddaa baddaattii,
Biyya sangaa fardaattii,
Biyyandoodee dheedhiittii ,
Biyya kortee teessuttii!
Biyya kortee teessuttii ! ( Obbo Mulgeetaa Namarraa )

Walaloon geerarsaa armaan olii kun gosa sadoommii Ebelummaan dhiyaate walaloo kana keessatti geeraraan dhayinoo yaad- ka'umsaa (seensaa)n gurree(gafarsa)isaan akka waan inni nama ta'etti ka'i ingallaa jedheetu itti himaa jira, itti aansuunis, gurreen isaa kunis eessatti akka waliin galu maal akka soorrattuu fi eessa jiraatu ittihimaa jira. Haala kana itti himee amansiisee

waliigalee fudhatee galuuf kanitti himaa jiru ta'uu isaa kan agarsiisuudha. Geerarsi kun nama duula hin dhaqnetti geeraraan kun geerarsa isaa keessatti qotiyyoo isaa isa gurraacha (yoo moosifataniiwaaman gurraa)fi isa daalacha (yoo moosifatanii waaman daalee) jedhee waamuun qotiisa qonna jechuun sababa qotaniifis itti himee jira. haaluma kanaan geeraraan kun qotiyyoo isa gurraacha qonnee coomsineet oomisha gurgurannaa jechaa jira isa daalachaan ammo kan qotu nama caalee kanaaf qotuu qabnaa jechaanii jira. walumaagala geerarsa kana keessatti geeraraan kun kan wantoota nama hin ta'in akka waan nama ta'anitti kan ittiin itti dubbateedha.

- **Himfaallaa/habalakoo/irony/**

Malli dubbii kun dhaamsa tokko faallaa isaatiin dabarsuuf kan gargaarudha. Kan jechuun himafaallaan /habalakoon/ gosoota sadoommii keessaa tokko yommuu ta'u hima faallaa yaada ergaa dabarsuu barbaadeetiin gargaaramee dhugaa jiru waraabuu barbaade sana kan himuu dha. Fknf dheeraan dekela jechuun gurraachaan faranjii jechuu, dekeleen lookoo jechuu… kkf jechuunyaada faallaan ergaa kan ibsu dha ragaan walaloo geerarsaa warraabbii sagaleen walitti qabamee haalli kun walaloo geerarsaa keessa jiraachuu isaa kan ifa godhu .

**Fkn :22** Achi bu'een as bu'ee,
Miilli koo nadudu'ee,
Akkallaattii waa arge,
Mogoleen wal nadarbee!
Mogaleen wal nadarbee! ( Obbo Lataa Bantii )

Walaloon geerarsaa kana keessatti hima waliif faallaa ta'etu dhayinoolee kana keessa guutee jira dhayinoo tokkoffaa keessatti yaadni achi bu'een as bu'e jedhu himni isaa waliif faallaa ta'uyyuu ergaan isaa garuu baay'een deemee (jooree/dhama'e jechuu ta'a .dhayinoo lammafaan isaa ammo gocha dhayinoo tokkoffaa irra (joorii/dhama'uu)isarraa kan ka'e hedduun dadhabeeraa (miilli koo na dudu'ee) jechuu dha .ergaan dhuka kanaa keessa jirus isa kanaadha jooreen hedduu dadhabeeraa jechuudha dhuka lammaffaan (dhayinoo sadaffaafi arfaffaa )keessatti ammo achi darbeen as darbee jechuun isaa hima faallaati .dhugaan keessoo isaa jiru garuu hedduun deemee jechuu isaa yemmuu ta'u; dhayinoo arfaffaan immoo haala deemichi isaa ibse akka allaattii waa argatee irra marsaa jiruu hedduu marmaaruu isaa ibse kana irraa kan ka'e amma miilli jalatti qal'achuu (miilla lafaa kaasuu dadhabuu isaa) ibsate Walumaagala walaloo kana

keessatti geeraraan kun hima faallaan dhugaa qabatamaa jiru kan ittiin ibsate ta’uu isaa fakkeenya kanarraa hubachuun ni danda’ama.

**Fkn:23** Goromsa looloo binnee,
Aanan shee dhugaa jennee,
Lodobeen obbo jennee ,
Lamallee bulla jennee,
Barittii bara sanaa,
Okkoteen gomboo jennee,
Lodobeen obbo jennee,
Sataatteen waattee jennee ,
Bashqaaxxeen aaddejennee,
Barrittii barasanaa ,
Okkoteen gomboo jennee,
Lodobeen obbo jennee ,
Sataatteen diftii jennee,
Bashqaxxeen giiftii jennee! ( Obbo Dabalii Dhaabaa )

Walaloo geerarsaa armaan olii dhuka tokkoffaa keessatti haalli dubbii ibsame waan faallaa yaadaan dhugaa

jiru ibsuudha.Haaluma kanaan dhuka tokkoffaan Goromsa lookoo binnee,aannanshee dhugna jenne”jedhu irra keessoonsaa yoolaalamu goromsi aannan waan hin qabneef sobadha; garuu egereef yoo geessu waan aanan kennu dandeessuuf dugaa ta,ee argama.Dhuka lammaffaa isaa ammo “lodobeen obbo jenne,lamallee bulla jenne “yoo jedhu ,waan gochuu hin malle nama yartuuf kabaja kennineetu (itti fakkeessineetu”jiraachuu barbaadne.dhugaa hojjechaa hin jirru dhugaa jiruu fi gochaan keenya walii faallaadha jechuu dha.Aangiin lammaffaafi 3ffaa keessatti yaadni ergaa jiru walfakkaataa ta’ullee,geeraraan kun lodobe nama saalaan dhiira ta’e,” Bashaqxeen”kan saalaan dhalaa taateen kanneen kabajamuu hin malleenjiraachuuf jecha ,dhugaa jiru dhiisee gocha itti fakkeessaa (faallaa dhugaa jiru) akka dalagaa ture kan ittiin ibsatee dha.

Walumaagalatti haala aangiiwwan walaloo geerarsaa qoqqoodamaniidhiyaatan kanneen irraa hubatamutti , sadoommiin himfaallaa dhugaa jiru ibsuuf himfaalla dhugaa jiruun kan ibsuu dha.

- **Fakkoommii**

Fakkoommiin wantoota aadaa hawaasaa keessaa bakka bu'uu ibsudha,Haalli ittiin mul'atus, sadarkaa(bifa)adda addaa ni qabaata. Sadoommiin kun walaloo geerarsaa keessatti bifa adda addaan ni mul'ata, Haala kanas raga walaloo geerarsaa irraa argame ni addeessa.

**Fkn:24** Jibittiin qotuu diddee,
Ammas leenjisuu kootii,
**Boorrikoo kufuu diddee,**
**Joorrikoos dhumuu diddee**
Ammas deebi'uu kootii!
Ammas deebi'uu kootii ! ( Obbo Fiqiruu Qana'aa )

Walaloon geerarsaa kun dhuka lama qaba. Dhukni tokkoffaan "jibittiin qotuu diddee ,ammas leenjisuu kootii"isa jedhuudha. Dhukni walaloo kun fakkaattii waan dura dalagan namaaf yoomilkaa'uu dide lammataa irra deebiin yaaluuti. Dhukni lammaffaan walaloo kanaa dhayinoolee sadii of keessaa qaba. Kanneen jalqabaa lamaan fakkoommiin dhiyaatan .Dhayinoo tokkoffaa isaan "Boorri koo kufuu dide "jechuun isa ajjeesee mirga hin qabu …hin ajjeefne jechuu isaati. Dhayinoon lammaffaa fi sadaffaan isaa ammo ajjeessuuf jecha marmaarsi koo addaan hin cinne ,ajjeesee mirga argachuuf ammas deebi'ee duuiuuf murannoo akka qabu kan ittiin ibsatee dha.

**Fkn: 25** Gaafa dubartiin duutu,
Diftiidhaan lafa tuquu,
Qulanxaa boraasisuu;
Gaafa barataan du'u,
Kitaabaan lafa tuquu,
Peennaadhaan dallaa jaaruu;
Gaafa gabareen du'u,
Gindiidhaan lafa tuquu,
Qanbarrii boraasisu,
Babatteen dallaa jaaruu;
Gaafa gootichi du'u,
Qawweedhaan lafa tuquu,

Zinnaara boraasisu,
Rasaasaandallaajaaruu;
Mucaan zinnaara raara,
Tokkaashii namararaa !
Tokkaashii namararaa !       ( Obbo Immiruu Uggaa )

Walaloon armaan olii kun ergaasaa kanneen ifa taasisan dhuka shan ofirraa qaba.Dhukni arfan hundinuu wa'ee du'aa odeessu; kanneen keessattis waantoonni yeroo du'an lafaan tuqaman, kanneen boraafachiifaman, kanneen dallaa ta'anii ijaaramaniif, qixa tokko-tokkoo namoota du'aniin tarreeffamaniiru.Wantoonni kunniin ogummaa tokko-tokkoon namootaa gatanii (dhiisanii) du'anittfakkeeffamanii kan dhiyaatani**.**

**Fkn:26** Somba lallaafaa foonii ,
Haaduun ittuma gamti ,
Somboo lallaafaa mukaa ,
Qottoon ittuma gamti ,
Nuunoo lallaafaa miti ,
Yartuun maa nutty gamti ?
Yartuun maa nuti gamti?       ( Obbo Ayyaanaa Biraanuu )

Walaloon armaan olii kun yoo xiinxalamu,Walaloon kun sadoommii fakkoommiin dhiyaate .Kana malees gaaf ibsa fayyada. Haaluma kanaan geeraraan kun akkuma somba isa lallaafaa,isa salphaatti muramuu danda'uhaduun muruuf itti gamut ,muka somboo jedhamtu kan salphaatti muramu ,muruuf qottoon itti gamti jedhee dhiyeesse .As keessatti sombii fi haaduun ,somboofi qottoon waan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti fakkeeffamanii dhiyaatan qabu. Sombiifi somboon wantoota cimina hin qabne kanneen salphumatti hubamuu danda'an ,kanneen akkuma tarii ittiin maqaa dhahamaniin haaduun somba muruun ,qottoon somboomuruun warra salphumatti injifatamankanmuruujaallatanta'uu isaaniitti fakkeeffamanii kan dhiyaatan; "Unoo lallaafoo miti ,yartuun maa nutty gamti?"jechuun isaa gaaffii isaaf deebii barbaaduuf kan gaafate otoo hin taane ,"Nuti laaftuu(dadhabaa)kan waa of irraa hindhorkanne akka hin taane ibsachuuf kan dhiyeesse dha .Kana jechuun isaas nuun yartuu (nama of irraa waa hin ittifne ) seetanii nutti hin dhiyaatinaa !jedhee of eeggannoo kennuu isaati.

- **Anyarsuu**

Gosni sadoommii kun kan namoonni haala jireenya nama dhuunfaa keessattis ta'ee, jireenya hawaasumaa keesatti dogoggora adda addaa mul'atan kan ittiin qeeqanii dhiyeessanii dha. Haalli akkasii geerarsaan (keessatti) akka calaqqisuu danda'u ragaan kana itti aanee jiru kun ifa godha.Fakkeenyaa haala sadoommii Anyarsuu walaloo geerarsaa keessaa agarsiisu

**Fkn: 27** Namni beela'ee nyaate,
Hambaa namaan hanbisuu,
Namni deegee badhadhe,
Sangaa namaan ergisuu!
Sangaa namaan ergisuu! (Obbo Aagaa Lamuu)

Aadaa Oromoo keessatti duudhaalee beekamaa ittiin walgargaaran keessa tokko gochaasangaa/qotiyyoo/waliif ergisuu .nana duudhaa kana cabse ammo gochaanisaa sirrii akka hin taane itti himuuni gorsu;ni qeequs Walaloon armaan olitti dhiyaate kun duudhaa hawaasummaa keessatti namni sangaa walii ergisu ittiin walgargaaru nama diige /cabse/ittiin qeequuf kan geerarame ,Adeemsa raawwii geerarsa kanaa keessatti namoonni dhaggeeffatoo ta'an haala kana dhaggeeffatanii kan nama duudhaa sangaa walii ergisuu /cabse/akka sirreessaniif jecha kan geeraran.

**Fkn: 28** Barittii bararsana,
Sanyiin haadha cabaqee,
Bataskaanaan nadhaqxee,
Bishaan natti xammaqxee,
Waaroon lafarra butte,
Haadhoo koorr nakute !
Haadhoo koorraa nakutte ! ( Obbo Malkaamuu Tolaa )

walaloon geerarsaa armaan olii kun yeroo(bara)inni maqaa dha'e sanatti namni qomoo isaatiin ala kan ta'e akka isa dirqisiise amantii isaa isa jijjiirsise obboleessa(obboleettii)isaarraa addaan kutuu isaa kan itti himate. Geeraraan kun ormaan (jireenya ormaatti madaquu keessa )akkaataainni ittiin haadhoosaa irraa addaan bahee jiru kun sirrii akka hin taane kan ittiin qeequuf geeraree dha .

## 4.5. Unka (bifa) af- walaloo geerarsaa

Unki (bifti) af- walaloo geerarsaa, haala qindaa'ina sagaleelee geeraraan ittiin geeraruun (yeedaloosaa hedatee dhiyeessuu) irratti hundaa'a. Geeraraanis, yeedaloo af-walaloon geerarsaa qabu sagaleen dhageessisa; Kanas, sochii qaamaan deggeramuu ni danda'a. Unki af-walaloo geerarsaa (ogafaan) kun yemmuu barreeffamaan (qubeen) waraqaarratti katabamee mul'ifamutti ,akkaataa asilummaa(its originality) isaa eeguun (mul'isuun) ta'uu qaba. Kana ta'uu baanaan, akkaataan yeedaloofi sochiin qaamaa sana deggeru iddoo irraa maquun haala dhiyaannaa ( isaa simboo miidhagina dhorkata;miira dhgeeffattootaa isaatti dhangaggeessa ;dhaggeeffattoonni isaas naatoo ittiin simatanii fudhatan,darbees dhaloota haaraatti ittiin dabarsan dhabu. Bu'uura sagaleelee ittiin geeraramuun walaloon geerarsaa kun kanbarreeffamaa afaanessaa gaggabaaboo dhikkisaafi luuccessa wal simuun walcina yaa'u .Kunneenis walitti qindaa'ina waliin yaa'a jechootaa waan uumaniif dhayinoo yaadaa ta'u .Kanaafuu dhayinoon waliin yaa'a yaadaa jechoota toora tokkooti.

### 4.5.1 Walunannaa unka sagaleelee walaloo geerarsaa

Walaloon geerarsaa wal unannaa sagaleelee isarraa uumamuun yeedaloo ittiin beekamu qaba.:Isaan dhiyaatas .Yeedaloo ittiin dhiyaatuun miira namaa tuqe ,qalbii namaa rarraasee ittiin ofitti nama hawwata.Yeedaloon wal unannaa sagaleelee irraa maddu kunis ergaan darbu cululuqee akka mul'atu godha.Haala kana Level,C(2002: IN8)Yoo ibsu , "poem uses sounds and regular rhythms tomake story memorable."jedha. Yaadni kun ergaa walaloon geerarsaa dabarsu cululuqee akka sirriitti hubatamu kan taasisu ,qindaa'ina yeedaloo wal unannaa sagaleelee jechootaa dhayinooleesaa keessaa geeraraan itti dhimma bahuun akka ta'e ifa godha .Qindaa'inni yeedaloo kun ammo wal unannaa sagaleelee dhayinoolee keessaa irraa kan madduudha . Haala kana Biraanuun (1999:205 )yoo ibsu ," yeedaloon qindaa'ina yaa'a wal unannaa sagaleelee jechootarraa kan uumamuudha."jedha .Akka yaada kanaatti yeedaloon kan uumamu jechoota qindoomina wal unannaa sagaleelee qaban irraa ta'uu isaa agrsiisa .Kun immoounka jechoonni ittiin wal itti qindaa'an barreeffamanii ittiin mul'ifaman irratti hundaa'a

Bifiyyeen ( unki)af- walaloo geerarsaa maal fakkaata ? gaaffii jedhuuf barsiisaa Taaggasuu Gabbisaa af-gaaffii gaafa 12/7/2011 af- walaloo geerarsa armaan gadii naaf kennaniiru . , Fakkeenya kenname irratti hundaa'uun,bifiyyeen bifa ittiin barreeffamaa fi haala taa'umsa

barreeffamaa walaloo geerarsaa kan ilaallatuudha'walaloon geerarsaa ammo gosoota walaloo keessaa tokko waan ta'eef unka (bifa)ittiin barreeffamu ,kan hololoo irraa adda ta'ee ittiin beekamu ,kan qindaa,ina addaa qabu qabaa jedhu. Haala qindaa'ina addaa unka (bifa)walaloo ilaalchisee Level,C(2002 :IN8) Yoo Ibsu A Poetic form is a special way of arranging the lines and stanzas of a poetic ," jedha. Yaadni kun walaloon unka ittiin barreeffamu (ittiin dhiyaatu) kan unka hololoo irraa adda ta'eefi qindoomina adda kan dhayinooleefi aangiiwwan qabu ta'uu isaa nama hubachiisa .Qindaa'inni kun immoo qindaa'ina haala taa'umsa dhayinoolee ,haala qindaa'ina keessoo dhayinooleefi haala ittiin qindaa'ina angii walalooti .Walaloon geerarsaa (Af –walaloon)haala qindaa'ina qabuun kan namoonni haala gootummaa isaanii ittiin ibsan ,Af-walaloo durii kaasee jiru ,kan namoonni barumsa ammayyaa hin qabnellee itti tajaajilaman ta'uu mul'isa .

**Fkn :29** A. Tuqi-tuqiin qotiisaa ,
Bungulloo lafaa kaasa ,
Tuqi- tuqiin geerarsaa ,
Aarii nama itti kaasaa ! ( maanguddoota af-gaaffii hirmaatanirraa)

Walaloon armaan olii kun dhayinoo afur qaba.Dhayinooleen tokkoffaa,lammaffaafi, sadaffaan unka walaloo hedatanii waan barreeffamaniif qixxummaa qabu .Dhayinoon arfaffaan garuu unka hololoon waan barreeffameef ,isaan kaanii wajjin qixxummaa hin qabu .Waan ta'eefuu ,unki barreeffama isaa kununka walaloon dhiyaachuu qaba. Haaluma kanaan dhayinoon arfaffaa "Aarii nama itti kaasaa"jedhu kan birsagoota saddeeti qabu kun "Aarii namatti kaasa"jedhamee katabamuu qaba.Bu'uruma kanaan walaloon kun hundinuu qixxummaa qabaachuu danda'u.Kanas baay'ina birsagootaa tokko tokkoo isaanii keessaa lakkaa'uun beekuun ni danda'ama**.**kunis haala armaan gadiin ta'a.

Tu- qi- tu- qiin qo- tii- saa =7
Bun- gul-loo-la- faa kaa- saa=7
Tu- qi- tu-qiin gee-rar-saa=7

B. Yaharmeeluuccaadaggalaa =8

Akkamuujjaabalbala =7

Yaaobbleettiieessumaa=8

A ti caalikeessumaa=7 ( Obbo Dabalii Dhaabaa)

Unka walaloo kanneen armaan olii keessaa unki barreeffama dhayinoo tokkoffaafi sadaffaan unka walalootiin hin dhiyaanne ,kana jechuun unka yaa'a sagalee geeraraan yeroo geeraru dhageessisuun barreeffamee hin jiru. Dhayinoo tokkoffaa keessatti "yaa harmee"kan jedhu kana geeraraan "yarmee"jedhe waama.Dhayinoo sadaffaa keessatti kan argamu "yaa obboleettii"isa jedhu ammo "yaabboleettii"jedhe waama .Walaloon armaan olii barreeffame kunis qindaa'inni (akkaataa geeraraan ittiin sagalee dhageessisee geeraruun )yoo barreeffamee,dhayinooleekaan waliin qixxummaa ni qabaatu kana jechuunis baay'inni birsagoota isaanii torba –torba ta'uun qixxummaa qabaatu haaluma kanaan unki walaloo kanaa

Yarmeeluuccaa daggalaa=7

Akkamuujjaabalbalaa =7

Yaabboleettii eessumaa =7

Aticaali keessumaa =7 ta'u jechuu dha

C. Yaa gurraacha akka rabbi=8

Yaa burraaqaa akka jabbii=8

Dur ennaa jabana kee =7

Balbalaan si waamanii =7

Boroodhaan si itti himatu=9

Yaaqaqabsiisaa jedhu=7

Amma ennaa jabana koo =8

Altakkaa na waamanii=7

Lammataan na ifatuu=7

Yaadadhabsiisaa jedhu=7 ( Obbo Dhaabaa Silgaa)

Walaloon geerarsaa Angii (stanza ) tokko armaan olii kun dhayinoolee kudhan of keessaa qaba .Adeemsa waliin yaa'a isaanii keessatti bakka cabsata yaadaa kan ta'e dhuka sadii qaba.

**Dhukni tokkoffaan :**

Yaa gurraacha akka rabbi =8

Yaa burraaqaa akka jabbii =8 kan jedhuu dha .

Dhukni kun ibsa yaadaa (ka'umsa ) yaada ergaa ta'ee dhufee dha .

**Dhukni lammaffaan Isaa:**

Dur ennaa jabana kee =7

Balbalaan si waamanii =7

Boroodhaan si itti himatuu =9

Yaaqaqabsiisa jedhu=7

**Dhukni sadaffaan :**

Amma ennaa jabana koo =8

Altakkaan na waamanii =7

Lammataan na ifatuu =7

Yaadadhabsiisaa jedhu=7

Unki ittiin barreeffama dhayinoolee dhuka tokkoffaa keessaa unka hololoon kan dhiyaatan .Unki barreeffama isaa kun akkaataa sagaleelee geeraraan dhageessisee geeraruun akka armaan gadiin barreeffamuu qaba .Haaluma kanaan jechoonni tokko tokkoo dhayinoolee dhuka kana keessaa ,jechoota garee miira tokkoo uumuun walfaana lola'anii yaa'uun yeedalummaa geerarsaa eegu.

Yaa yaagurraachakkarabbii=7

Yaa burraaqaakka jabbii=7

Haaluma kanaan jechoonni tokko tokko dhayinoolee dhuka kana keessaa,jechoota garee miira tokkouumuun wal faana lola'anii yaa'uun yeedalummaa geerarsaa tiksu.Dhuka lammaffaa keessatti ammo dhayinoo sadaffaan "Boroodhaan si itti himatu"jedhu kan birsagoota sagal of keessaa qabu kun unka hololoon kan barreeffamee jiru dha .kanaaf kaan irraa adda ta'ee birsagoota sagal qabatee .Unki ittiin barreeffama isaa kun akka itti aanutti yoo barreeffame (bu'uura geeraraan dubbatuun yoo barreeffame)dhayinoolee dhuka tokko keessa jiran waliin qixxummaa qabaachuu danda'a.

Durennaajabanakee=7

Balbalaansiwaamanii =7

Boroodhaansittimatuu=7

Yaaqaqabsiisaa jedhu=7

Dhuka sadaffaa keessatti dhayinoon tokkoffaa unka hololoon waan barreeffamee jiruuf dhayinoolee dhuka kana keessaa warra kaan irraa adda ta’ee(birsaga saddeet qabaate) argame .innis bu’uruma geeraraan sagalee dhageessisee geeraruun otoo barreeffamee dhayinoolee kaan waliin qixxummaa ni qabaata.Haaluma kanaan :

Ammannaa jabana koo=7

Altakkaa na waamanii=7

Lammataan na ifatu=7

Yaadadhabsiisaa jedhu=7

Walumaagala walaloon aangii(keeyyata)tokko keessaa kun haala armaan gadiin unka walaloon yoo barreeffame qixxummaa qabaata.

Yaa gurraachakka rabbi=7

Yaa burraaqaakka jabbii=7

Duren naajabanakee=7

Balbalaansi waamanii=7

Boroodhaansittimatu=7

Yaaqaqqabsiisaajedhu=7

Ammannaa jabana koo=7

Altakkaa na waamanii=7

Lammataan na ifatu =7

Yaadadhabsiisaa jedhu=7 ta’uun hundinuu qixxummaa ni qabaatu.

**Fkn: 30 Yeroo unka ‘hin” dura dubbachiiftuun galtu**

Gibeen silaa **hin** ceesisuu=8

Xiixaan naana’uu kootii=7

Qarshii qabaadhee **hin** fuudhuu=8

Durba ta’ee **hin** heerumuu=8

Qeerrummaan hafuu kootii=7[51]

Walaloo armaan olii kana keessatti “hin”unka hololootiin barreeffamtee argamti kunimmoo qixxummaa dhayinoolee fi dhikkisa ittiin dubbisan dabsuun yeedaloo walalichaa (geerarsichaa) gara dabarsa.

Haala fakkeenya armaan oliirraa ka’uun kan hubatamu ,dubbachiiftuu yemmuu fuul-dura isheetti argamtutti unka “hin”keessaa “hi”qofti ni haqamti .Birsagni kun keessaa haqamuunis qixxummaa dhayinoolee argamsiisa ;garuu jijjiirama hiikaa hin uumu. Haalli kunis akka armaan gadii ta’a

Gibeen silaa**n**cee sisuu=7
Xiixaan naanna’uu kooti =7
Qarshii qabaadhee**n** fuudhuu=7
Durba ta’ee**n** heeumuu=7
Qeerummaan hafuu kootii=7

. **B**. Birbirsa mootii mukaa =7
Riqaa malee **hin** yaabanii=8
Riqaa malee yaabuuree ?=7
Abbaan ofii mootiidhaa=7
Isa malee **hin** waamanii=8
Isa malee **hin** waamanii=8 ( Obbo Dhaabaa Silgaa )

Akkaataa unka ittiin barreeffama irraan kan ka’e (unka hololoo ta’uuisaarraan kan ka’e)dhayinooleen walaloo armaan olii kun qixxummaa hin qaban .Unka “hin”isaan keessatti argamu dubbachiiftuu isa fuuldura buutee argamutti qindeessuuf birsagni “hi”yoo haqamte garuu qixxummaan isaanii kan eegamu ta’a. Haalli isaas akka kanatti aanu ta’a.

**Fkn:31** Birbirsa mootii mukaa=7
Riqaa malee**n** yaabanii=7
Riqaa malee yaabuuree ?=7
Abbaan ofii mootiidhaa =7
Isa malee**n** waamanii=7
Isa malee**n** waamuuree ? =7

Haala armaan oliitti mul’atuun unki “hin” qindaa’uun jijjiirama hiikaa hin fidne.

### 4.5.2 Qindaa'ina sagalee yeroo dubbifamaan unka "hin" dura galu.

Unka walaloo geerarsaa keessatti dubbiffamaan (jecha dubbifamaa xumura irraa qabu)yoo dura bu'u ,ukni"hin"keessaa dhamsagni (h)qofti haqamuun kan hafe (-in)jechicha ishee fuulduratti qindaa'uun jecha garee miira tokkoo uumti.

**Fkn:32** Haala qindaa'ina unka "hin"yeroo dubbifamaan (jechi dubbifamaa xumura irraa qabu)dura buutee dhuftu agarsiisu.

Qalaamaan eegee dheeraa=7

Gilaasaan **hin** bareeddu=7

Ilmi sanyiin dur namaa=7

Ifannaan **hin** bareeddu=7 ( Obbo Namarraa Caalii )

Walaloo armaan olii kana keessatti baay'inni birsagoota wal qixa ta'ee walaloon kun qixxummaa qabaatullee,unka walaloon,akkaataa qindaa'ina sagalee geeraraan baasee ittiin geeraruun , (haala yeedaloo geerarsaa eeguu maluun) barreeffamee unka walaloon taa'ee hinjiru. Walaloon kun unka walaloo hedatee akkaataa geeraraan ittiin geeraraan yoo taa'e unka armaan gadii qabaata.

Qalaamaan eegee dheeraa=7

Gilaasaan**in** bareeddu=7

Ilma sanyi**in** dur namaa=7

Ifannaan**in** bareeddu=7

Unka walaloo armaan olii keessatti unki "hin"unka (-in)ta'ee jecha ishee fuulduraatti qindaa'uun jijjiirama unkaa malee jijjiirama hiikaa hin fidne.

. Hattuu dallaan **hin** dhowwuu=7

Haxxissoo seerri **hin** dhowwuu =8

Ilma abbaan isaa durgootaa =9

Lakkii dhiisiin**hin** dhowwuu =7 ( Obbo Aagaa Lamuu )

Walaloon armaan olii kun unka hololoon barreeffameet argama. Kanaaf qixxummaa dhabe .Unka ittiin barreeffama isaa keessatti kanneen akka qixxummaa hin qabaanne taasisan keessaa tokko haala qindaa'ina unka "hin" jechoota xumura irraa dubbifamaa itti aantee galtee argamti .Yeroo kanatti bu'uura qindaa'ina sagalee geeraraan ittiin geeraruun unka kana keessatti /h / ni haqamti .kan hafe /-in/ jechicha isa fuulduraaxumura isaarraa dubbifamaa qabu irratti

qindeeffamti .Haaluma kanaan dhayinoo tokkoffaa keessatti “hattuu dallaan**in**dhowwuu “ta’ee barreeffamuun unka walaloo qabaata. Dhayinoo arfaffaa keessatti “ Lakkii dhiisiin**in** dhowwuu”ta’ee yoo barreeffame unka walaloo qabaata . Dhayinoo sadaffaa keessatti garuu dubbachiiftuun dura buutee waan unka kana duratti argamtuuf unka “hin”keessaa birsagni /hi /n haqamteet “Haxxisoo seerr**in** dhowwuu “ta’a .Haalli qindaa’ina unka dhayinoo keessaa garuu haala kanarraa adda .

**4.5.3 Haalaqindaa’ina sagalee dubbachiiftotaa dhayinoolee af- walaloo geerarsaa keessaa**

Unnka barreeffama geerarsaa keessatti dubbachiiftonni gosa tokko ykn gosa adda addaa yemmuu walitti qindaa’anitti jecha garee miira tokkoo uumuuf dubbachiiftuun inni karaa mirgaa dhufu ykn inni karaa bitaa dhufu ni haqama.

**Fkn :33** A. Anoo sanyii jaraatii=7

Warra ce’ee ceesisu=7

Warra gahee geessisu=7

Warra **a**kka**i**biddaa gubu= 9

Warra **a**kka biilaa muruu! =8 ( Obbo Mulgeetaa Namarraa)

Unka barreeffama dhayinoolee walaloo armaan olii keessatti dhayinooleen arfaffaafishanaffaan unka hololoon barreeffamanii jiru. Kanaafuu dhayinoolee warra kaanwajjin qixxummaa hin qaban.kana jechuun dhayinooleen kun lamaan akkaataa sagalee geeraraan dhageessisee geeraru irratti hundaa’uun kan barreeffame miti jechudha.Unka ittiin barreeffamadhayinoolee kanneenii keessatti qindaa’inni dubbachiiftotaa waan hin taasifamneef dhayinooleen kunneen qixxummaa dhaban.

Dhayinoolee kanneen keessatti qindoominni dubbachiiftotaa ta’uu malu dhayinoo arfaffaa keessatti jechoota “warra”, ”akka”fi “ibiddaa”irratti dubbachiiftonni walitti qindaa’uun jechoota garee miira tokkoo uumuu qabu .Adeemsa kana keessatti dubbachiiftuun gama mirgaan jiru (utubaan birsagaa)haqamuun jechoonni walitti qindaa’u .

Walumaagala walaloon armaan olii kun dubbachiiftonni isaanii walitti qindaa’anii unka sirriin yoobarreeffaman (unka walaloon yoo barreeffaman )qixxummaa dhayinoolee ni uumama.

Anoo sanyii jaraatii=7

Warra ce'ee ceesisuu=7

Warra gahee geessisu=7

Warrakkabiddaa gubuu=7

Warrakka biilaa muruu=7

Walaloo armaan olii kana keessatti dhayinooleen isaa inni arfaffaa fi inni shanaffaanqindaa'ina dubbachiistotaa qabu.Kana qabaachuun jechootas jecha garee miira tokko uume malee jijjiirama hiikaa hinfinne.

**Fkn:34** Ya isa baaqqee**n** uffannee=8

Kumala dacha malee=7

Ya isa yaraa**n** dubbannee=

Dhugaa dhugaasaa malee=8 ( Obbo Fiqiruu Qana'aa )

Walaloon kun qindoomina unka "hin" unka walaloo hedate of keessaa qaba ,Garuu qindaa 'ina dubbachiiftotaa waan hin qabneef qixxummaa hin qabu .Dubbachiiftonni dhayinoolee isaa keessaa daangaa jechootaa irratti argaman yoo walitti qindaa'an qixxummaa qabaatu .Adeemsa walitti qindaa'ina isaanii kana keessas inni gama mirgaa jiru ni haqamaWalaloonarmaanoliikunis unka walaloon barreeffamee taa'e akka armaan gadii ta'a.

Yasa baaqqee**n** uffannee=7

Kumal dacha malee=7

Yasa yaraa**n** dubbannee=7

Dhugaa dhugaas**aa** malee=7

Walumaagala yemmuu akkasii kana qindaa'inni jechootaa daangaa jechootaa cabsuun jechoota garee miira tokkoo uuma

**4.5.4 Haala qindaa'ina unka "in"walaloo geerarsaa keessaa**

**Fkn** :**35** Rakkadee booreef kaannaan=7

Injoora naan jedhanii=7

Haguuggadhee dhaabbannaan =7

Inkoora naan jedhanii=7 ( Dhaabaa Silgaa )

Walaloo geerarsaa armaan olii keessatti akka unka dhayinoo lammaffaafi arfaffaa keessatti mul'atutti ,geerarsi dhiyaate unka "in" jedhudha.kun immoo unka "ni"waliin hiikaan tokkumaadha .Afaan Oromoo keessatti unki"in"fi"ni"bakka walii bu'uun hiika wal gituuf dhabbatu.walumaagalatti unki"ni"n yeroo geerarsa keessatti galteeargamtutti unka "in"ta'uun mul'atti Haaluma kanaan unki"in"unka walaloo yoo ta'u unki"ni"ammo unka hololooti kana taatee argamuun isheen garuu garaagarummaa hiikaa hin mul'atu.

### 4.5.5 Haala qindaa'ina sagalee dubbachiiftuu fi dubbifamaa jechoota daangaatokkoo (walaloo geerarsaa) keessaa

Walaloo geerarsaa keessatti jechoota dhayinoo tokkoo daangaa waliin qabankeessatti jechi duraa yemmuu dubbachiiftuu xumura irraa qabaatee jechi inni lammataa ammo kan dubbifamaan eegalu ykn faallaa kanaan yoo ergamutti akkaataa ittiin qindaa'ina adda addaatu mul'ata.

### 4.5.6 Haala qindaa'ina sagalee dubbachiiftuu xumura jechaafi dhamsaga"H"

Walaloo geerarsaa keessatti jechi xumurarraan sagalee dubbachiiftuu qabu fi jechi dhamsaga"h"n eegalu yoo daangaa tokko keessatti walitti dhufan ,dhasagna"h"ykn birsagni isaa ni haqama.

**Fkn: 36** Haala qindoomina dubbachiiftuu xumura jechaarraafi dhamsaga "h"

Ya harmee miila gogorrii=8
Yaa haadha ijoollee korommii =9

Walaloon kun unka walaloon barreeffamee hin jiru .Kanaaf qixxummaa hin qabu. Kana jechuun ammo qindoominni sagaleelee dhayinoolee keessaa akkaataa sagalee geeraraan dhageessisee geeraru hedatamee kan katabame miti jechuu dha .Haala geeraraan ittiin geeraruun yoota,e garuu unki dhayinoolee isaa keessaa qindaa'ina armaan gadii qabaata.

Yarmee miilagogorrii=7
Yaadhajoollee korommii=7 ( Obbo Fiqiruu Qana'aa )

### 4.5.7 Haala qindaa'ina dhamjecha (-tu)walaloo geerarsaa keessaa

**Fkn: 37** A. Odolcha garbutu baasaa =8
Bulloo sogiddatu baasaa=8
Maqaa abbaa mana turee=8

Ilma dhalatetu baasaa=8

Ilma dhalate mitii=7

Kan garaa qabutu baasaa=8 ( Obbo Immiruu Uggaa )

Walaloo armaan olii keessatti jechoonni dhayinoo shanaffaatiin ala hundinuu unka

holoootiin barreeffamanii jiru .Dhayinoolee tokkoffaa,lammaffaafi arfaffaa keessatti kan akkaataa ittn geeraramuun hintaa'in unka dhamjecha ( -tu) dha .Dhamjechi kun jechoota itti maxxantee jirturraa yoo"-u"n qofti haqamte jijjirama hiikaa darbees jijjiirama yeedaloo geerarsi ittiin geeraramu irratti fidu hin qabu .Kanaafuu unki barreeffama walaloo geerarsaa kanaa bifa lama qabaachuu danda'a.

1.Haala(t)fi(b)walitti firoommii gutummaa guutuu uumaniin

Odaalcha garbuubbaasaa =7

Bulloo sogiddabbaasaa=7

Maqaabbaa mana turee=7

Ilma dhalatebbaasa=7

Kan garaaqabubbaasa=7

2. Akkuma jiruun /t/n yoo mul'attu

Odolcha garbuut baasa=7

Bulloo soogiddat baasa=7

Maqaabbaa manaturee=7

Ilma dhalatet baasa=7

Ilma dhalate mitii=7

Kan garaaqabubbaasa=7

Haala armaan oliin lamaaniinuu yoo barreeffame argame jijjiirama hiikaas ta'e kan yeedaloonirratti mul'atu hin qabu.Haalli qindaa'ina armaan olii kun isaa kan mul'achuu danda'u antimatti aanee yemmuu galuudha Yemmuu matimatti aanee dhufu garuu hin tuqamu.

**Fkn:38** Fardatu garbuu lixee=7

Achumaan gangalatee=7

Baratu darbuu didee=7

Achumaan wasallatee=7 ( Obbo Abarraa Abdiisaa )

Dhayinoo tokkoffaafi sadaffaan keessatti dhamjechi “–tu “matimootatti maxxanuun unka walaloo uumtee jirti.

Walumaagalatti ragaalee fakkeenyaawwan adda addaa jalatti dhiyaatan irraa kan hubatamu qindaa’inni sagaleelee dhayinoolee walaloo geerarsaa kan uumamuu danda’u dhamsagoota haquun, birsagoota haquun akkasumas dhamjechoota haquun ta’a. Adeemsa qindaa’ina sagalee jechootadhayinoolee keessaa ammo jechoonni garee miira tokkoo (gaalee ykn ciroo), jechamaoonni akkasumas jechoonni tishoo kan hammate dha.

### 4.5.8. Qindaaina dhayinoolee, dhuka fi angii af-walaloo geerarsa

Uumaman ta’uu (uumamuu danda’u).Kanneenis qixxummaa dhayinoolee ,yeedalummaa walaloo keessaa fibirsaga mul’isu ykn uumamuun gahee guddaa qabaatu.

Haalli kun taa’umsa dhayinoolee walaloo kan ilaallatu dha Kun immoo haala walitti qindaa’uu jechootaa irratti hundaa’uun kan mul’atu .Walaloon dhayinoo tokkoo waan hinjirreef wal cina hiriiruu,toora galma jechootaa kan buufata –buufata gahanii ergaa ykn yaada ibsaniiti.Walitti qindaainni walaloo geerarsaa yeedaloo geeraraan ittiin geeraru irratti hundaa’ee kan uumamuu dha.walcina hiriiruunis dhuka cabsata yaadaa geeraraan uumuun argama.

#### 4.5.8.1 Qindaaina dhuka walaloo geerarsaa keessaa

Dhukni walaloo walfaana lola’ee yaa’uu yaadaa dhayinoolee walaloo keessaa irratti hundaa’a Dhukni yaada dhayinoolee walaloo keessaa irratti hundaa’u kun ,adeemsa waliin yaa’aa yaadaa dhayinoolee keessaa bakka cabsanni yaadaa irratti uumamuudha.Yaa’i cabsanni yaadaa(dhukni)walaloo geerarsaa keessaa kun dhayinoolee lakkuu,cimdii ,sadee,arfee,ta’uun waliin yaa’u dha.

**Fkn:39** Haala qindaa’ina dhuka walaloo geerarsaa agarsiisu

A**.** Nanyaattekaa buuyyaleen =7
Gadigaloon bineensaa=7
Daaraatudduu gatattee=7
Nadhaantekaa quucareen =7
Gadigaloon iyyeessaa=7
Daanyaatudduu gatattee!=7

Daanyaatudduu gatattee!=7 ( Obbo Namarraa Caalii )

B. Mana citaa dulloomee ,=7

Citaa qaban se’anii , =7

Ilma namaa hiyyoome , =7

Fira qaban se’anii ! =7

Fira qaban se’anii !=7 ( Obbo Namarraa Caalii )

Walaloo geerarsaa armaan olii keessatti akkaataa fakkeenya” a,b”n dhiyaateen aangii –aangiin qoqqoodamanii argamu.Angiiwwan kanneen keessatti dhayinooleen argaman hundi dhuka-dhukaan qoodamanii jiru .Qoqqoodamni dhukaa kun ammo dhuka adda addaa keessatti lakkuun ykn cimdiin ykn sadeen mul’ata.

Aangii walaloo”a”armaan olii dhuka lama qaba :

**Dhuknitokkoffaanisaa**

Na nyaate kaa buuyyaleen=7

Gadigaloon bineensaa =7

Daarattudduu gatattee=7kan jedhuudha

.Dhukni kun dhayinoolee waliin sosso’an sadii of keessaa qaba.

**Dhuknilammaffaanisaa**

Nadhaantekaa quucareen=7

Gadigaloon iyyeessaa=7

Daanyaattudduu gatattee=7

Daanyaattudduu gatattee=7

Angii”b”n dhuka lama of keessaa qaba,Dukni tokkoffaan isaa

Mana citaa dulloome=7

Citaaqaban se’anii=7 kan jedhuudha.

Dukni lammaffaan isaas dhayinoolee cimdii ta’an ,

Ilma namaa hiyyoome =7

Fira qaban se’anii=7

Fira qaban se’anii=7 kan jedhu ta’a.

Dhukni kun ammo dhayinoolee cimdiifi dhayinoo marmaartuu golaabaafi ooltu ofirraa qaba.

#### 4.5.8.2. Aangii af-walaloo geerarsaa

Aangiin walitti qindaa’ina yaa’a yaada dhayinoolee dhuka walaloo keessaa dhimma tokkorratti xiyyeeffatuudha. Kan ergaa tokko qofa dabarsuudha.

Dhayinooleen geerarsaa aangii tokko keessaa hundi qixxummaa qabu.Qabaachuu isaanii karaa adda addaan beekuun ni danda’ama Maloonni qixxummaa safaruuf oolan ,mala birsagootaisaanii lakkaa’uun (syllabic) akka ta’e hayyoonni adda addaa ni ibsu.Aangii walaloo geerarsaa keessatti qixxummaa qabaachuun dhayinoolee beekuuf malli birsagoota dhayinoolee keessaa lakkaa’uu,malootа jiran keessaa isa hundaa ol mijataa ta’e .Kana gargaaramuun baay’ina birsagoota tokko-tokkoo dhayinoolee keessa jiranilaalanii adda baasanii himuun ni danda’ama . Haala kana raga warraabbii sagalee geeraraa irraa argame akka inni jedhee /sagaleessee /n kan barreeffaman dhayinoolee walaloo geerarsaa armaan gadii muraasa ilaaluun /lakkaa’uun /adda baasuun ni danda’ameera.

**Fkn: 40**

a. Sangaa fardaa dulloome =7

b. Utaalcha gaafatuuree=7

c. Ilma namaa daafure =7

d. Boo’icha gaafatuuree?=7 ( Obbo Lataa Bantii )

Walaloo armaan olii kun dhuka walaloo lama qaba. Dhuknitokkoffaan isaa dhayinoolee jalqabarraa (a fi b)dha. Lachan isaanii iyyuu birsagoota torba-torba ofirraa qabu.Kanaafuu yeroon isaan dubbisuuf namatti fudhatu walqixa jechuudha .Kanaafuu dhayinooleen kun qixxummaa qabu.

Dhukni lammaffaan isaa ammo dhayinoolee (c fi d)dha.Tokko tokkoon dhayinoolee kanneeniis birsagoota torba-torba of keessaa qabu waan ta’eef qixxummaa qabu. Aangiin walaloo armaan olii kun dhayinoolee afur irraa kan hundaa’an ,dhuka lama qaba.Dhukoonni lamaan kunneen (a-b fi c-d)walitti aangii walaloo tokkoodha .Hundi isaanii iyyuu dhayinoolee birsagoota torba –torba qabanirraa waan ijaaramaniif hundinuu qixxummaa qabu. Walumaagalatti haala armaan olii kanaan baay’ina tokko-tokkoo dhayinoolee keessaa lakkaa’uun qixxummaa dhayinoolee adda baasanii beekuun ni danda’ama.

### 4.5.8.3 Haala wal unannaa sagaleelee dhayinooleeaf- walaloo geerarsaakeessaa

Walaloo geerarsaa keessatti wal unannaa sagaleelee dhayinoolee dhuka ykn aangii tokko keessatti kallattii adda addaaniifi sadarkaa adda addaatti uumamuun mul’achuu danda’a.Kunis buufata dhayinooleerratti ,jalqaba dhayinooleerratti jalqabaafi buufata dhayinooleerratti ta’uu danda’a.

#### 4.5.8.3.1. Walunannaa sagaleelee buufata dhayinooleerraa

Walunannaan sagaleelee buufata dhayinooleerraa/rhyme scheme/ buufata dhayinooleerratti sagaleeleen dhayinoolee lama ykn lamaa olwal cina hiriiruunsagalee wal fakkaataa /yeedaloo/buufata irratti jechoonni(sagaleeleen)qabaatan ykn uumanidha.Sagaleen buufata dhayinooleerratti dubbachiiftuun ,birsagni,jechaan ykn gaaleen walfakkaachuun walunachuu danda’u .Kana jechuun waamicha dhayinoo tokkoffaa keessa yeroo dhayinoo lammaffaan waamamu waan irra deebi’amee dhaga’amu (jedhamu)jira jechuudha.Haaluma kanaan dhayinoolee lama ykn isaa ol keessatti sagaleen irra deebi’amee dhaga’amuun inni boodarra dhaga’ame isa duraa wajjin walunata(wal unannaa uuma)jechuudha.

Fakkeenya 20 (1 fi 2)
Haala wal unannaa sagaleelee walaloo geerarsaa buufata dhayinooleerraa agarsiisu .

**Fkn: 41**

a. Ado olless**in** bubbisuu=7
b. Birraa fakkeessee darbaa=7
c. Dhabaa firr**in** dubbisuu=7
d. Ijaan ajjeesee darbaa!=7

Ijaan ajjeesee darba! ( Obbo Dabalii Dhaabaa )

Walaloo armaan olii keessatti walunannaan buufata dhayinooleerraa bifa armaangadiin uumame .Buufanni dhayinoo a=c fi b=d wal unatu .Kana jechuun unki buufata dhayinoolee Adoolessin bubbisuufi Dhabaa firrin dubbisuunwalunatu jechuudha. Kunis akka armaan gadiitti mul’atu ta’a.

a. Adoolessin bubbi**suu**
c. Dhabaa firrin dubi**suu** ta’a jechuudha .

Unki buufata dhayinoo b fi d niswal unata.Haaluma kanaan

b. Birraa fakkeessee dar**baa**

d. Ijaan ajjeesee dar**baa**!

Ijaan ajjeesee dar**baa**!

Armaan olitti sagaleeleen buufatarraa kanneen guracheffaman kan wal unataniidha.

Dhayinoo"b fi d "keessatti ammo jechoonni buufata dhayinoolee kanneen irratti argaman tokkuma .Sagalee walfakkaatu waan qabaniif walunatu jechudha.Walumaagala walaloon kun yaa'a sagalee buufatarraa a- b- a- bqaba.kana jechuun buufanni dhayinoo tokkoffaa fi sadaffaan ,lammaffaa fi arfaffaan wal unatu jechuudha .

**Fkn:42** A . Adeemanii deemanii=7

B. Lafaduun dhiite buluu=7

C. Jooranii jaawwaranii-7

. D Kannamaa hireen buluu=7

kannamaa hireen buluu ( Obbo Malkaamuu Tolaa )

Dhayinoolee walaloo aangii tokko keessaa armaan olii hundi qixxummaa qabu. Buuffanni dhayinoolee a fi c, b fi d walunatu .kana jechuun walunannaan sagaleelee buuffatarreeaa

A=Adeemanii deema**nii**=7

C= Joora jaawwara**nii**=7

Dhuka walaloo kanneen keessatti warri gurraacheffaman buufata dhayinoolee kanneenii irratti birsagoonni xumurarraa fi utubaan birsaga lammaffaarraa isaanii walunatu.kanaafuu dhayinooleen kunneen buufata isaaniirratti unka ittiin walunatan qabu.Dhayinoo "b fi "darmaan oliis buufatasaanii irratti unka walunannaa uumu qabu.

B=Lafaduun dhiite**buluu**.,

D=Kannamaa hireen**buluu**,

Sagaleen dhayinoolee kanneenii buufata isaaniirratti walunatu.kana malees dhayinoolee kanneen keessatti utubaaleen birsagoota jechoota buufatarraa dura galanii jiran walunatu

**4.5.8.3.2 Walunannaa sagaleelee gidduu dhayinoolee keessaafi yaa'awalunannaa sagaleelee bufatarraa.**

Walunannaan sagaleelee gidduu dhayinoolee walaloo geerarsaa keessaa kan jalqabarratti ,giddu lamaan jechoota dhayinoolee keessaarratti ,buuffata dhayinooleerratti akkasumas kan jalqaba dhayinooleerratti fi buuffata dhayinooleerratti kan uumamuudha.

**Fkn:43** ( A) Walunannaa jalqaba dhayinooleerraa

a. Kuti-kutiin handaaqqoo=7
b. Lafa garbuutti yaate =7
c. Kuti-kutiin garaa koo =7
d. Na daddarbuutti kaate=7 ( Obbo Dhaabaa Silgaa )

Aangii walaloo armaan olii dhayinoolee "a" fi"c" keessatti jechoonni jalqabarratti argaman (kuti-kutiin) kanneen dhayinoolee lachuu keessatti argaman .(a fi c)jechuun kanneen dhuka adda addaa gidduutti wal unannaan uumameera jechuudha kanamalees dhayinoolee "b" fi "d"keessatti utubaaleen birsagoota Jechootaafi gaaleewwan jalqabarraakeessa jiran hundi tokkuma. Akkasumasgaaleewwan "lafa g**arbuutti** 'fi 'Nadadd**arbuutti**" jedhan keessatti unki gurracheffaman kun kan bakka lachuuttuu argamu.Haaluma kanaan dhayinoolee kunneen sagaleelee walunatu gidduudha qabu jechudha.walumaagalatti aangiin walaloo kun dhuka isaa adda addaa keessatti unka wal fakkaatu qabaachuun wal unannaa sagaleelee gidduu dhayinooleerraa uume jira. Buufata dhayinoolee isaarrattis walunannaa sagaleelee gidduu dhayinooleerraa kan utubaalee sagaleerraa uumaman qaba .Adeemsi yaa'a sagaleelee buufatasarraas deemsa a-b-a-bkan qabudha.

**4.5.9. Jecha tishoo af- walaloo geerarsaa keessaa**

Qindaa'inni unka ittiin barreeffama dhayinoo walaloo geerarsa keessaa jecha tishoo Afaan Oromoo keessaa karaa adda addaan uumuu danda'a.

**Fkn:44**

A. Aduun **biyyormaa** ndhiituu,
B. Waaqalaaleen dadhabee ,
C. **Haatormaa** namaan naatuu,
D. .Harkalaaleen dadhabe ! ( Obbo Immiruu Uggaa )

Dhuka walaloo tokkoffaa keessatti “Aduun biyya ormaa hin dhiitu ,waaqa ilaalee dadhabe”jedhu keessatti kan gurraacheffame jechoonni “biyyaa”fi”orma”walitti dhufuun biyyormaa ta’e jechuudha.Dhuka lammaffaa keessatti kan gurracheffame (haatormaa)njecha “Haadha”jedhu unka matima of irraa qabu (haati)fi (orma)jedhurraa haatormaa ta’e jechuudha .Haala kanaan qindaa’inni sagaleelee jechootaa dhayinoolee keessaa jecha tishoo uumee jira.**:**

**Fkn: 45**

Shimalli baddaa booraa ,
Maaf baddaa gibeen taanee,
Dubbiin jabana kanaa,
**Bagana** qofaan taane,
Otoo na qofa ta’ee,
Silaa waan kolfaa ta’ee,
Silaa waan kolfaa ta’ee, ( Obbo Malkaamuu Tolaa )

Walaloo armaan olii keessatti kanneen gurraacheffaman jechoota tishoodha kunniinis akkuma jiruun walcina taa’uun kanneen jecha tishoo ta’aniidha Jechamoonni walaloo geerarsaa keessaa dhayinoolee walalookeessattiargamaniif yaada bu’uura ergaa ta’uun tajaajilu.

**Fkn: 46**

Allaatiin bariin buutuu’
**Baalleereebbattimalee**
**Ijoolleenbaqqoonbuutuu**
Bara eeggatti malee
Bara eeggatti malee! ( Obbo Fiqiruu Qana’aa )

Walaloon geerarsaa armaanol keessatti kanneen gurraacheffaman jechamaadha.
jechoota unkaalee adda addaa ofirraa qaban irraa argame Hiikaan walaloo kanaas ijoolleen baqqoo bu’uuf waan guutachuu qabdu kan yeroo dheeraa irrafudhatu dha jechuudha.

**Fkn**:**47**

Muka nuugii taanekaa
Hundatnubobeeffataa
Dhalaluujiitaanekaa,
Hundatnuodeeffata,
Hundatnuodeeffataa ( Obbo Ayyaanaa Biraanuu )

Dhayinoolee walaloo geerarsaa armaan olii keessatti kanneen gurracheffaman jechamoota .Jechamoonni kunniin qindoomina jechoota unka adda addaarraa kan argamanii dha .Hiikaan

walaloo kanaas isaa irratti hundaa’u. Hiikaan isaas nama laayyoo kan nama human hin qabne taateetu hundi nutti roorrisuu fedha jechuu dha. Kana jechuun ijoollee warra ishee ilaalantu kabaja kennuufi,nuun garuu nu gargaaruuf iyyaafatu(dur ormi ijoollee warrishee hin beekne qabatee gurguraa jedhu.)

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA , ARGANNOOFI YABOO

## 5.1 Cuunfaa

Af-walaloon geerarsaa gosa afoolaa unka walaloo qaban keessaa tokko ta'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbaa dhufeedha.Geerarsi kun Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojji Dirmajii keessatti darbee darbee kan adeemsifamuudha.Akkaataa jalqabbii duudhaa kanaa yoo ilaalle ; af-walaloon geerarsaa kun baroota dheeraadhaaf hawaasaa wajjin kan tureedha Aadaa Oromoo Maccaa keessatti dur geerarsa kan geeraru dhiira qofaa dha Sababni isaas haal- duree isaaf barbaachisan keessaa tokko duuluudha . Dubartoonni ammo gocha duuluu/adamoo/irratti hin bobba'an turanii .Haala kanaan dur haal- duree geerarsa geeraruuf barbaachisan keessaa duulanii goota ta'uu ofii beeksifachuu irratti hin bobba'an jechuudha. Kan geerarsa geeraru goota jechuudha..Goota kan jedhamummoo kan duulee bineensota ciccimoo ajjeese ykn kan diina ajjeese ykn nama lachuu ajjeesee mirga qabuudha. Kana jechuun Oromoon Maccaa dur otoo duulatti hin bobba'in dura meeshaalee ittiin duulanii miidhaa geessisaniifi meeshaalee balaa ittiin ofirraa qolatan irratti dursanii leenjii fudhatu .

Geerarsi geerarsa qoomniitti (kophaatti) dhiyaatuu fi kan jamaa keessatti dhiyaatutti qoodama .Geerarsi jamaa biratti dhiyaatu caasaa ittiin dhiyaatu seensa, qabiyyeefi golaabafi jalaa cookaa qaba.Geeraraan kaka'umsa (fedhii mataa isaatiin ) ; jamaadhaan akka geeraruuf tuttuqamee ykn kan isa durse geerareen yoo tuqame jedhe geeraruu eegala.

Geerarsi jamaa keessatti dhiyaatu wal harkaa fuudhanii geeraruufi duudhaan eegamu jira.Tokkffaan afoolli geerarsa dursanii dhiyaatan kanneen akka sirbaa gootaa ykn faaruun erga dhiyaatee booda dhiyaata .Lammaffaan ammo tartii namoonni hawaasa Oromoo sadarkaa qoodamiinsa umurii irratti hundaa'uun namoonni walharkaa fuudhanii geerarsa geeraru.Tartiin ittiin maqaa dha'aman kun yoomiyyuu eegamaadha.Geerarsa jamaa biratti dhiyaatu keessatti jamaan sirba gootaa dhageessisuun ykn faaruu adda addaa dhageessisuun ittiin geeraraa geerarsa jalqabsiisu ;addaan kuchisiisuun ;dabaree akka dabarsu godhu ;kan wal mufate gidduu galu;aariiakka cabsatu godhu ;aara galfachiisu.Geeraraan yemmuu geeraru waa'ee isaa ykn waa'ee ormaa gochaa darbe,kan ammaa ykn waan egeree ittiin seenessa ..Geeraraan gerarsa walkeessa dhiyeessa malee dhimma tokko qofaa adda baasee kan ittiin dhiyeessu miti .kana jechuun geeraraan yemmuu geeraru altakkaatti dhimmoota adda addaa irratti geerara .Geerarsi waltajjiilee mir- gammachuu qaban adda addaa irratti dhiyaata ;fayidaan isaas beekumsa

hawaasaaf ,ijaarsa hawaasummaaf,xiinsammuu hawaasaafi aadaa hawaasaagabbisuu dha.Geerarsi afoola afaaniin (sagaleen) ibsamuufi gochaanis raawwatamuudha. Barreeffama isaan yoo dhiyaatu ammo jechoota al-iddilee fayyadama; jechoota filatamoo ,jechamoota, sadoommii (Dubbii Qoolaa) , masifatamanii waamamaniin dhiyaata .Walaloon geerarsaa unka ittiin barreeffamaa kan barreeffama hololoo irraa adda ittiin ta'u kan mataa isaa qaba.kana jechuun akkaataa taa'umsa dhayinoolee (lines) fi kan akkaataa qindaa'ina sagaleelee ,dham-jechoonni ,jechoonni , gaalewwan, jechoonni tishoo fi dhamsagoonni uuman kan haala yeroo barreeffama hololoo keessaa irraa adda dha.Qindaa'inni barreeffama unki dhayinoolee walaloo keessaa jechoota garee miira tokko uuma ;darbes walunannaa sagaleelee (rhyme) uuma. Kunimmoo, walunannaa buufata dhayinooleerraa (rhymscheme) ,walunannaa gidduu dhayinoolee dhuka dhayinoolee keessaa (inter rhyming) uuma. Qindaa'inni sagaleelee keessaas sagaleelee haquun /Ellips/nijira. Dhayinooleen ittiin barreeffama walaloo geerarsaa yoo safaramu kanneen dhuka tokko keessatti argaman aangii(stanza)tokko keessatti argaman qixxummaa qabu .Tokko –tokkoon dhayinoo walaloo geerarsa Oromoo Maccaa birsaga torba-torba dhayinooleesaa keessaa qaba.;Kanaafuu dhayinooleen isaa hundi qixxummaa qabu.Kana ammo karaa beekuun danda'amu keessaa tokko: Tokko –tokkoon birsagootaa dhayinoolee keessaa lakkaa'uun ta'a. Haalli yaa'i yaadaa dhayinoolee keessaa dhuka walaloo tokko kan uumu dhayinoolee lakkaa'uun ,cimdiin ,sadeen,afuriin,ykn shaneen yaa'uu danda'a..Achi keessatti ammo irra deddeebiin sagaleelee (dubbachiiftuu,dubbifamaa,ykn lachuu)kan birsagaa,kan dham-jechaaakkasumas gaalee fi dhayinoon mul'achuu danda'a. Walaloo geerarsaa keessatti dhayinoon ittiingolaaba geerarsa-geeraraa agarsiisuuf dhayinoo inni xumura aangii(dhuka)irratti argamu irra deebiin jedhama.Kana malees geerarsa keessatti marmaartuun jechootaan ykn sagaleen marmaaruu(refrain ) ta'uun keessatti argamuu danda'u.Qabiyyeen walaloo geerarsaa ifa ta'ee,ergaan isaa akka beekamu kanneen taasisan jechoota filatamoo ,jechamoota ,jechoota tishoo fi sadoommiiwwan (dubbii qoolaa) gosa adda addaa keessatti argamanii dha. Walumaagalatti geerarsa durdhiira qofaatu geerara kan geerarus goota (kan bineensota cimaa ykn kan diina biyyaa ajjeese ykn lachuu ajjeese ) hurrubummaa isaatiin geerarsi kan qoomniitti fi kan jamaa biratti dhiyaatu yemmuu ta'u kan jamaa birati dhiyaatu caasaa ittiin dhiyaatu fi raawwii addaa ittiin dhiyaatee ergaa dabarsu qaba.

### 5.2 Argannoowwan

Akkuma yaada barreeffame kanaafi cuunfaa xiinxala qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa kana irraa hubachuun danda'ametti arganno owwan armaan gadii argamaniiruu.

- ✓ Geerarsi afoola afaaniin (sagaleen ) ibsamuufi gochaanis raawwatuu ta'ee, Aadaa Oromoo keessatti dur geerarsa kan geeraru dhiira qofa akka ture qorannoo kanaan mirkanaa'eera.
- ✓ Geerarsi Oromoo hurrubummaa isaatiin kan qoomniitti (kophaatti )dhiyaatuufi kan jamaa keessatti dhiyaatutti akka qoodamu qorannoo kanaan bira ga'ameera.
- ✓ Geerarsi jamaa birratti dhiyaatu Caasaa ittiin dhiyaatu Seensa,Qabiyyee ibsu,golaaba, jalaa qabaa fi jalaa qooduu akkasumas sirba aadaa qabaachuun isaa qorannoo kanaan mirkanaa'eera.
- ✓ Geerarsi waltajjiilee miir-gammachuu qaban ( ibsan) qofa irratti dhiyaata ;afoolli kun beekumsa hawaasaaf ,ijaarsa hawaasummaaf,xiinsammuu hawaasaa fi aadaa hawaasichaallee ijaaruuf akka faayidaa qabu bira gahameera.
- ✓ Unki ittiin barreeffama walaloo geerarsaa Oromoo akkaataa taa'umsa dhayinoolee fi akkaataa qindaa'ina keessoo dhayinooleetiin ta'uu; Dhayinoolee walaloo geerarsaa yoo safaraman dhayinooleen dhuka tokko keessattis ta'e kanneen aangii tokko keessaa qixxummaa qabaachuu ;Kanas baay'ina birsagoota tokkoo tokkoo dhayinoolee keessaa lakkaa'uun beekuun danda'amuufi dhayinoolee walaloo geerarsa Oromoo Maccaa hundi birsagoota torba- torba of keessaa qabachuu qorannoo kanaan mirkanaa'eera .
- ✓ Geerarsi qabiyyee ibsu adda addaa kan akka cimina,rakkina,roorroo,gammachuu ,jaalala,jibbiinsa,mormii, balaaleffannaa,qeeqa, faarsuu akka ibsu qorannoo kanaan adda baheera.
- ✓ Geerarsi jamaa biratti dhiyaatu keessatti geeraraan sirnoota (waltajjiilee)miirgammachuu qaban irratti dhiyaatee geeraru tokko ,akkaataa duudhaa geerarsaa fi hawaasni dhiyaatu akkasumas sochii qaamaa adda ta'een dhiyaatee geeraruu qabaachuu ; Hiikaawwan wantoonni ittiin dhiyaatus haala sadoommiin (dubbiin qoolaa ), fakkoommiin (symbolism) aadaa keessatti qabaatuun kan hiikamu ta'uu hubatameera.

## 5.3 Yaboo

Adeemsa hojii qorannichaa keessatti qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa haala kamiin akka xiinxalamu ilaaluun danda'ameera.Kunis ,duudhaa kana kunuunsanii tursiisuurratti rakkoowwan adda addaa kan mul'ataniidha.Haaluma kanaan ,argannoowwan qorannichaan bira gahaman kana irratti hundaa'uun haala waliigala duudhaa geerarsaa irratti yaboon qorattuun kennaman kanneen itti aanan kana ta'u.

- ✓ Qorattoonni garaagaraa qabiyyee af- walaloo geerarsaa kanaa karaa garaagaraatiin irratti hojjechuun isa qorannoo kanaan bira hin gahamne osoo dhiheessanii bu'aan barbaadamu ni argama.
- ✓ Namoonni sirna barnootaa qopheessan kitaaba barnoota afaan Oromoofi muuziqaa keessatti af-walaloo geerarsaa akkaataa caasaa inni ittiin dhiyaachuu qabuun kitaabolee barnootaa iddilee keessa otoo galchanii barattoonni (dhaloonni haaraan) duudhaa geerarsaa akka baranii itti tajaajilaman karaa saaqa.
- ✓ Namoonni (artistoonni ) geerarsa waltajjiilee adda addaa irratti dhiheessaa jiran duudhaan geerarsaa akka bakkarraa hinmaqnetti caasaa geerarsi ittiin hojiirra ooluu maluun otoo dhiheessanii jijjiiramni barbaadamu dhufuu danda'a..
- ✓ Waajjirri Aadaa fi Tuurizimii sadarkaa adda addaa ilaalcha amantiin walqabatee aadaarratti mul'atu hawaasaan wal ta'anii haala mijeessuun fooyyessuuf otoo itti adeemamee gaarii ta'a.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa Dhinsaa..2011. .*Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa.

Addunyaa Barkeessaa Dhinsaa.2014 . *Semmoo,Bu'uura Barnoota Afaanii* .mana maxxansaaFar east Trading Plc Oromiyaa,Finfinnee.

Addisuu Tolasaa.1999. *Geerarsa Folk Song as the Oromoo National Liteature Astudy*,*Ethiographyfolklore and folk life in the Context of the Ethiopia Colonization of Oromia* .USA:The EdwinMallen Press.

Alamaayyoo Haayilee fi Kanneen biroo. 2006. *Seenaa Oromoo hanga Jaarraa16*[ffaa] .Finfinnee :Komishinee Aadaa fi Tuuriizimii Oromiyaatiin Kan maxxanfame.

Andrzejewski,B,W. 1985 .*Litreature in Cushitic Languages Other Than Somali .In literature in Africn Language*.Combridge: Combridge University Press.

Berge, B.2001. *QualitativeResearch Methods for the Social Sciences* .California state University Long Beach .Best.J.

Berhanu Mathewos .2009..*Fundamental of literature*:Addis Ababa:Alpha Printers PLC.

Brunvand Methewos .1979 .*Reading in American Folklore*: New York: NewYork University Press.

Ben-Amos .1992 . *Priciples for Oral-Narrative Research*. USAIndiana Univarsity Press.

Dastaa Dassaaleny . 2013 , *Bu'uura Qorannoo*,Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dirribaa Damisee 2012 , *Ilaalcha Oromoo* : Biiroo,Aadaa,seenaafi Amantaa Oromoo :Mana maxxansaa .Finfinnee Printing &Publishing.S.C

Richard, Dorson .1972 . *Folklore and falklife :An introd*uction. Chicago and London :The The Univarsity of Chicago Press.

Fedhasaa Taaddasaa (2013) .Subii:Bu'uura Ogbarruu Oromoo.Finfinnee :Subii printing Price.

Finnegan, Ruth .1970 .*Oral Literature in Africa*.Nairobi :Nairobi Univarsity Press.

Finnegan , Ruth .1977. *Oral Poetry :composition Performance and Context* .Combridge: Combridge University.

Hinseenee Makuriyaa. 2010. *Aartiiwwan keenya quba qabnaa* ? Gumii Paarlaamaa Oromoo.http://www Oromo  Parliamentarians ,Org '---

Isaaq Bariisoo .2003. "*Sakkatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Kumee Kumaatamaa* ."Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsitii Addis Ababaaf kan dhiyaate .(kan hin maxxanfamne)

Kothar,C.R. 2010. *Reaserch Methodology.Methods andTechniques,2ed* NewDellic Newage International Publisher Ltd.

Kumar, R . 2005. *Research Methodology*. London : Thousand Oaks Calf.

Level C . 2002 . *Prentice Hall Literature Timeless Voices .Timeless themes* USA massachusteets.

Melakneh Mengistu .2006 . *Fundamental of lit*erature for colleges third impression *.Departiment of Foreign Languagesand Literature*.Addis Ababa Univarsity.

Misganu Guluma .2011. *Dilbii bu'uura Afoola ,Og-afaaniifi Af-walaloo Oromoo*. Finfinnee subi printing press.

Neuman ,L.W .2007 . *Basic social :Qualitative and Quantitative Approaches (2nd ed).Bost peason Edu*.Cailiral IC.

Okopewho, Isidore ,1992 ..*African Oral Literature* : Bloomington and Indian apolis: Indian Univarsity Press.

Oring , E . 1986. *Fold group and Folk Geners Introduction*. Logan UT: Utah State University Press.

Sims and Stephens .2005. *Living Foklore:An Introduction to the Study of People and their Traditions*. Utahstate :Utah State University Press.

Sumner , Claude, 1996 . Proverbs ,Falktales (an Anthology of Oromo literature ) Gudina Tumsa Foundation AA Centeral Printing Press.

Tafarii Ayyaanaa .1998 . *Afaan Oromoo kutaa 7-10,New systematic Book Series*:Finfinnee.

ብርሃኑገበየሁ( 1999 ) ::የአማርኛ ስነግጥም አድስ አበበ ኢትዮጵያ አሳታሚዎ

Asafaa Tafarraa,1997 , Toora interneetii // http: *Waaqeffannaa. Org /geerarsa/*

# Dabaleewwan

## Dabalee 'A'

**Yuuniversitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa,**

**QorannooAfaanotaa, Joornaaliizimiifi Quunnamtiitti Mmuumee**

**Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

Af-gaaffii odeef kennitoota af-gaaffii irratti hirmaataniif qophaa'e.

K abajamtoota odimtoota af-gaaffii qorannichaa ,qorannoon kun ,mata duree xiinxala caasaa,qabiyyee fi bifiyyee geerarsa Oromoo Maccaa aanaa Boojji Dirmajii jedhurratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannoo kanaas walaloo geerarsa Oromoo Maccaa walitti qabuun caasaa,qabiyyee fi bifiyyee walaloo geerarsa Oromoo Maccaa xiinxaluudha. Kanaafuu, geerarsoota hawaasni Oromoo itti fayyadamaa turee fi ammas itti fayyadamaa jiru sodaa tokko malee ifaa fi bilisaan gaaffiin waa'ee geerarsaa akka naa himtaniifi geerarsa beektan akka naa laatan kabajaan isin gaafadha.Gumaacha naaf gootaniif guddaa galatoomaa!

Maqa_______-Saala_______Umurii_______Ganda_____Gahee hojii__________

Qajeelfama: Afgaaffii armaan gadii dhiyaataniif haala gaafatamterratti hundaa'uun afaaniin deebii keessan kennaa.

1) Af-walaloon geerarsi maalii?

2) Af-walaloon geerarsa gosa qaba?

3) Af –walaloon geerarsaa waltajjii attamii irratti dhiyaatai?

## Dabalee ‘B’

**Yuuniversitii Addis Ababaa, Kolleejjii Namoomaa,**

**Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Quunnamtiitti Muummee**

**Afaan Oromoo ,Ogbarruufi Fookloorii**

Af-gaaffii odimtoota marii garee xiyyeeffataaf qophaa’e agarsiisu.

Jaallatamoo dimtootaa marii garee qorannichaa qorannoon kun mata duree xiinxala caasaa, qabiyyeefi bifiyyee walaloo geerarsa Oromoo Maccaa jedhurratti xiyyeeffata.Kaayyoon qorannoo kanaas caasaa,qabiyyee fi bifiyyee geerarsa Oromoo Maccaa xiinxaluudha. Kanaafuu, geerarsoota hawwsni Oromooitti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru irratti hundaa’uun soda tokko malee ifaafi bilisaan gareen mari’attanii deebii akka naaf laattan kabajaanan isin gaafadha.deggersa naaf gootaniif duraan durseen isin galateeffadha.!

Maqaa______Saala______Umurii______Ganda_______Gahee hojii_________

Qajeelfama: Gaaffiilee armaan gadiitti isiniif dhiyaate irratti gareen erga mari’atanii booda afaaniin deebii keessan kennaa.

1)Caasaa af-walaloon geerarsaa ittiin raawwatamu akkamii?

2) Af-walaloon geerarsaa yoomessa akkamii keessatti raawwatama?

3) Qabiyyeen af-walaloo geerarsaa maal fa’ i ?

**Dabalee 'C'**

**Yuuniversitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa,**

**Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Quunnamtiitti Muummee**

**Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

Af gaaffii odimtoota yoomessa uumame irratti hirmaataniif dhiyaate.(daawwannaa ) .

Kabajamtoota odeef kennitoota afgaaffii qorannichaa qorannoon kun ,mata duree xiinxala caasaa,qabiyyee fi bifiyyee walaloo geerarsa Oromoo Maccaa Aanaa Boojji Dirmajii jedhu irratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannoo kanaas caasaa ,qabiyyee fi bifiyyee walaloo geerarsa Oromoo Maccaa Xiinxaluudha.Kanaafuu, geerarsoota hawaasa Oromoo itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru soda tokko malee ifaafi biliisaan sagaleen geeraruun akka yeedaloo isaa na dhageessiftan dursee kabajaanan isin gaafadha. Gumaacha naaf gootaniif guddaa galatoomaa!

Maqaa_____ Saala________Umurii_______Ganda_________Gahee Hojii__________

1) Bifiyyeen (unki) af-walaloo geerarsaa maal fakkaata ?

2) Af-walaloon geerarsaa duudhaa hedatamu qabaa ?

3) Afoolli geerarsa waliin dhiyaatu kan akkamii fa'ii?

**Dabalee 'D'**

Gabatee odeef kennitoota af-gaaffii,marii gareefi, daawwannaa qorannichaa ibsu.

| T.L | Maqaa odimtootaa | Saala | umurii | Ganda | Gahee hojii | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abarraa Abdiisaa | Dhiira | 70 | Giddaa Boojjii | Qotee bulaa | 12/7/2011 |
| 2 | Aagaa Lamuu | Dhiira | 75 | Baabboo Congee | Qotee bulaa | 5/8/2011 |
| 3 | Ayyaanaa Biraanuu | Dhiira | 63 | Kutaallaa Bildiimmaa | Qotee bulaa | 5/8//2011 |
| 4 | Dhaabaa Silgaa | Dhiira | 67 | Giddaa Boojjii | Qotee bulaa | 5/8/2011 |
| 5 | Dabalii Dhaabaa | Dhiira | 65 | Innimaayii Bollii | Qotee bulaa | 12/7/2011 |
| 6 | Fiqiruu Qana'aa | Dhiira | 50 | Amuumaa Agaloo | Qotee bulaa | 12/7/2011 |
| 7 | Immiruu Uggaa | Dhiira | 62 | Kutaallaa Bildiimmaa | Qotee bulaa | 12/7/2011 |
| 8 | Lataa Bantii | Dhiira | 74 | Amuumaa Agaloo | Qotee bulaa | 12/7/2011 |
| 9 | Mulugeetaa Namarraa | Dhiira | 66 | Baabboo Congee | Barsiisaa | 5/8/2011 |
| 10 | Malkaamuu Tolaa | Dhiira | 58 | Innimaayii Bollii | Qotee bulaa | 12/7/2011 |
| 11 | Namarraa Caalii | Dhiira | 74 | Baaboo Congee | Qotee bulaa | 12/7/2011 |
| 12 | Taaggasuu Gabbisaa | Dhiira | 60 | Amuumaa Agaloo | Barsiisaa | 12/7/2011 |

## Dabalee- "E"

### " A"

**Walaloo  Fakkaruu Geeraraa**

A'addaatuu !

Akka wayyaa daaraa,

Konkolaattuu !

Akka dhagaa gaaraa,

Zarraaf !Zarraaf !

Guggubduu –akka barbaree,

Hiddituu –akka kanniisaa!

Haxa kuttuu-akka qarabaa!

### "  B"

**Ishobbookoo –fo'eelolee !**

**A:kan wallisu    B:kan jalaa qabu**

A:Ishobbookoo-fo'ee lolee!

B:Ishobboo koo –fo'ee lolee !

A:Qotanii –qotanii fo'ee lolee !

B:Ishobbookoo –fo'ee lolee !

A:Gabaa galtu meesu fo'ee lolee !

B:Ishobbookoo –fo'ee lolee !

A:Lolanii lolanii fo'ee lolee !

B:Ishobbookoo –fo'ee lolee !

A:Namaa gamut seesuu fo'ee lolee !

B:Ishobbookoo –fo'ee lolee !

A:Qottan qotaa malee fo'ee lolee !

B:Ishobboo koo –fo'ee lolee !

A:Lafan taraarinaa fo'ee lolee !

B:Ishobboo koo fo'ee lolee !

A: Loltan lolaa malee fo'ee lolee !

B: Ishobboo koo fo’ee lolee !

A: Naman sodaatinaa fo’ee lolee !

B: Ishobboo koo –fo’ee lolee !

A:Nan faarsa – nan faarsa – fo’ee lolee !

B: Ishobboo koo – fo’ee lolee !

A: Nan faarsa Lammii koo fo’ee lolee !

B: Ishobboo koo fo’ee –lolee !

A:Lammii qananii koo fo’ee lolee !

B:Ishobboo koo –fo’ee lolee !jechuun dhichisanii sirbu.

Wal harkaa fuudhanii wallisuu fi kanneen ajjeesaa ta’an maqaa ulfinaan (abbaa abaluu )jedhanii waamanii faarsuunis kanuma jiru nama maqaa ulfinaa maqaa mucaa isaan waaman immoo maasifatanii maqaa dhahu.

**“ C”**

**Sirba Goota Ittiin Faarsan**

**Haleelee…………**

| **A: Kan wallisu** | **B: Kanneen jalaa qaban** |
|---|---|
| A: Haleelee ! | B:Haleelee ! |
| A: Godoo manasheetii, Haleelee ! | B:Haleelee ! |
| A:In ajjeerin kabii , Haleelee ! | B: Haleelee ! |
| A:Hamaa namasheetii, Haleelee ! | B:Haleelee ! |
| A: Hin ajjeesin qabi ,Haleelee ! | B: Haleelee ! |
| A:Silan sobda !sirran dheessa Mooree ! | B: Sirran dheessa mooree ? ! |
| A:Qotanii qotanii, Haleelee ! | B: Haleelee ! |
| A: Caffeetti camaduu, Haleelee ! | B:Haleelee ! |
| A: Lolanii lolanii , Haleelee ! | B: Haleelee ! |
| A: Lapheetti maraguu, Haleelee ! | B:Haleelee ! |
| A: Silan sobdaa ! | B: Sirraan seesa,Sirran dheessamooree ! |
| A: Nasossobdaa ! | B: Sirran seesa Sirran dheessamooree ! |
| A: Lolanii lolanii ,Haleelee | B: Haleelee ! |
| A: Namaa gamtu dheessu ! Haleelee | B: Haleelee ! Sirran dheessamooree ? ! |
| A: Silan sobda ! Na sossobdaa ! | B: Sirran dheessaa,Sirran dheessamooree? ! |

**“ D”**

**4. Sirba ittiin geeraraa (kan geeraru ) toosisan**

| **A- Kan wallisu** | **B-Kanneen jalaa qaban** |
|---|---|
| A: Iyyoolee yarooba! | B: Iyyoolee yarooba ! |
| A: Ennaa waaqni roobu, | B: Dhagaa jalli- addaata |
| Dhagaa jalli –addaata , | |
| A: Yemmuu goonni cookuu , | B: Garaan namammaata, |
| Garaan namammaata , | |
| A: Dhagaan waan ormaatii , | B: Iyyoolee yarooba ! |
| Garaan hammabbaati yarooba ! | |
| A :Iyyoole yarooba ! | B: Ennaa waaqni roobu, |
| A :Dhagaa jalli-addaata , | Dhagaa jalli-addaata , |
| A : Garaan namammaata | B : Yemmuu goonni cookuu , |
| A :Garaan namammaata , | Garaan namammaata , |
| B: Dhagaan waan ormaati , | |
| Garaan hammabbaatii yarooba ! | |

**“ E “**

**5. Jalaa Cookaa Geerarsaa**

Jalaa cookaan geeraraan gidduutti aara galfatee akka itti deebi’ee geeraruuf akkasumas ittiin sissi’eessuuf kan jedhamuu dha.

Jiinaa bahuu jiinaabahuu ,

Haayaatu naggaadeenillee ,

Siifaanahuu ,siifaanahuu,

Ayyaannumtibbaa keetillee ,

Mee jedhi mee dabalimee ?


**Ykn**

Egaa boruun baqaqee ,

Egaa toluuf kakatee,

Mee jedhimee ,dabalimee ?jechuun ittiin toosisuu

# Baafata Suuraawwanii




**Suura 1:** **Kaartaa Aanaa Boojji Dirmajii**

( Waajjira Qonnaa Aanaa Boojji Dirmajii 2010 )



**Suura 2.**

Obbo Dabalii Dhaabaa jiraataa ganda Innimaayii Bollii waa'ee qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa irratti raga kennan . (Bitootessa ,12/2011 )



**Suura 3 .**

Obbo Immiruu Uggaa jiraataa ganda Kutaallaa Bildiimmaa dhimma qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa irratti raga kennan. (Bitootessa ,12/2011)



**Suura 4.**

Maanguddoota Aanaa Boojji Dirmajii qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa ilaalchisuun marii garee xiyyeeffannoo irratti raga kennan . Ebla 5/2011 .



**Suura 5.**

Obbo Taaggasuu Gabbisaa jiraataa ganda Amuumaa Agaloo waa’ee qabiyyee af-walaloo geerarsa Oromoo Maccaa irratti raga kennan.( Bitootessa 12/2011 )



**Suura 6.**

Maanguddoota Yoomessa uumame irratti Walaloo Geerarsa Oromoo Maccaa

Geeraran (Sagaleen dhageessisuun ) raga kennan Bitootessa , 12/2011

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorattuun mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uusaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuuniivarsitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu ----------------------------

Mallattoo--------------------------

Guyyaa ---------------------------